

XIINXALA ERGAA AFWALALOO GEERARSA LAGA DHIDHEESSAA

GODINA BUUNNOO BEDDELLEE

AANAA DHIDHEESSAA

QORATAAN SHAAFII MUKTAAR

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN

OROMOO

FI OG-BARRUU BARSIIISUU FI ITTIIN GUUTACHUUF

QORANNOO MUUMMEE AFAAN

OROMOO FI OG-BARRUU

FI DHIYAATEE

YUUNIVARSITII JIMMA

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA

FI HIYUMAANTII DAMEE BARNOOTA AFAAN

OROMOO FI OG-BARRUU

Amajjii, 2014

Jimmaa

**XIINXALA ERGAA AFWALALOO GEERARSA LAGA DHIDHEESSAA
GODINA BUUNNOO BEDDELLEE**

AANAA DHIDHEESSAA

QORATAAN SHAAFII MUKTAAR

GORSAA TAAYYEE GUDDATA (PHD)

AANTEE GORSAA ALAMAAYYOO FAQQADAA (PHD)

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOO**

FI OG-BARRUU BARSIIISUU FI ITTIIN GUUTACHUUF

QORANNOO MUUMMEE AFAAN

OROMOO FI OG-BARRUU

FI DHIYAATEE

YUUNIVARSITII JIMMA

KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAA

FI HIYUMAANTII DAMEE BARNOOTA AFAAN

OROMOO FI OG-BARRUU

Amajjii, 2014

Jimmaa

YUUNIVARSITII JIMMA

Dhaabata Qorannoo Digirii duraa booda

Waraqaa Qorannoo ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo fi Ogbarruu BarsiisuuItti Guutachuuf Shaafii Muktaariin Qophaa'ee .Mata Duree Xiinxala Erga Af-Walaloo Geerarsa Laga Dhidheessaa Godina Buunoo Beddellee Aanaa Dhidheessaa Sadarkaa Ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'ee guuteera.

Gorsaa:-Taayyee Guddeta (PHD) Mallatto..... Guyyaa.....

Gorsaa: - Alamaayyoo Faqqadaa (PHD) Mallattoo Guyyaa.....

Qoraa keessaa..... Mallattoo Guyyaa

Qoraa alaa Mallattoo Guyyaa

Itti Gaafatamoota Muummee Ykn Qindeessaa Saganta Digirii Lammaffaa (MA)

Axereeraa

Qorannoo tokko yeroo geggeeffamuu ka'umsa qaba. Kunis, af-Walaloo geerarsaa dabo ,af-walaloo geerarsa gooota fi raawwii afwalaloo geerarsa wal-galaaanaa Dhidheessaa irratti qorannoon waan geggeeffameef,geerarsi Laga Dhidheessaa irratti ammoo, qorannoon tasuma akka aanaattis ta'e, akka Oromiyaati, falaasamni Oromoon bishaan qabu argee hin beeku. Kanaaf, geerarsi Laga Dhidheessaa kunis, barreeffamaan dhabamuun wal-nama hin gaafachisu.Kuni ammoo, booda gara baduuti waan deemuuf, kakumsa naa keessatti uumee, akkani qorannoo irratti hojedhu na-taasiisee. Kanaaf, kaayyoon qorannoo kanaas, ergaa af-walaloo geerarsa faayida fi gosota geerarsa Laga Dhidheessaa xiinxaluurratti xiyyeeffate geggeeffame.Barruuleen qorannoo kanaan walitti dhufeenya qabanis sakatta'amaniiru.Malli qorannoo kuni ittiin adeemsiifamesi, mala akkamtaata yoo ta'u, gosti qorannoo kunis qulqulleeffataadha. Iddattoon itti dhimma bahames, iddattoo akkayyooti.Maddi odeeffannoo qorannichaa, manguddoota, af-Walaloo geerarsaa irratti muuxxannoo fi beekumsa qabanu Aanaa Dhidheessaa keessaa jiraataniidha. Meeshaalee funaansa ragaa qorataan itti fayyadame, af-gaaffii, marii garee xiyyeeffaannaa fi daawwannaadha. Ragaalee xiinxalaman kanneen bu'uureeffachuun, ergaa, faayidaa fi gosoota af-walaloo geerarsaaa Laga Dhidheessatu xiinxalamani. Hawaasni tokko akka dhuunfattis ta'e, akka gereetis jechootaa fi jechamoota geerarsa Laga Dhidheessaa kana keessatti falaasama, Oromoon uumama naannoo keessaa bishaan Dhidheessaatiif qabu, ibsuun geerarsa kana gargaaramanii, rakkoo jara muudateef, akkamitti akka wal-kakaasanii, furmaata jaraaf, fala kennaa akka turani, qorannoo kanaan hubatameera.Gosti af-walaloo geerarsaa kunis, yeroon daangahus, yeroo biraas akka geeraramu bira gahameera. Faayidaan geerarsa kuni, rakkoo muudatee hiikuu, rakkoo nama tokko irraa gahee, lamu rakkinchi akka nama biraa hin muudanneef, barsiisuu. gammachuu ,qeequu, jajuu fi faayidaa fayyadamaan wal-qabatee akka leellifamu hubatameera. Adeemsi kuni ammoo,akka deebi'ee dagaaguuf, Biiroo Baranoota Oromiyaa Barnoota kuta Jaha (6)(7) keessaa tokko falaasama uumama naannoo keessaa Laga Dhidheessaa kana ittiin ibsanu irratti kitaaba Afaan Oromoo Biiron ofii qopheessuu dhiisee barsiisoonni aanaa akka qopheessanu godhee, geerarsi uumama naannoo kuni, akka barsiifamu taasiise ,kan irratti aanaa sochii eegalee, barsiisoota mariyachiisee, akka aanaatti kitaabni utuu qopheeffatani , aadaan kuni deebi'ee dagaagu danda'a. Aadaa ykn Af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaaa kana, Biiron barnoota aanaa utuu wal-galanii miinimidiyaa M/B Barumsa aanoota jiraniif kan ofii dabarsu irratti sagantaa adda addaa akka darbu utuu godhan, aadaan kuni akka salphatti guddachuu danda'a.

Galata

Duraan dursee waan hundaati isaa naa-gargaaree Rabbiin isaa fiixaan bahiinsa naa laateefgalanni koo guddaadha! Itti aansuun adeemsa hojii qorannoo koo yeroodhaa yerootti naa-hordofuun, naa-qajeelchuun, naa-sirreessuun, yeroofi beekumsa isaanii osoo hin qusatini ogummaa isaaniitiin naa-gargaaaruun hojii qorannoo kanaa kan naaf milkeessan gorsaa koo Taayyee guddetaa (PHD) naan-galateeffadha! Akkasumas Obbo leessaa koo, Muddin Huseen humnaa fi namoota beekumsa geerarsa Laga Dhidheessaa irratti qabani gandoota adda addaa keessaa iyyaafatee wal naa-qunnamsiisuu irratti gahee guddaa kan taphate baayyee galateeffadha! Dabalatanis, hojii qorannoo irratti yaada tokko-tokko irratti naa-deeggeraa kan turee, Barsiisaa Waandimu Baabuu naan-galateeffadha! Itti aansuun namoota ragaa qorannoo naa-kennaaniifi warreen birasi kan walitti qabuu irratti gargaarsa naa-taasiisaniif galanni koo guddaadha!

Hiika jechootaa

Jechootni tokko tokko haala galumsaa isaanitin hiika garaa garaa qabaachuu danda’u. Kanaaf, jechoonni armaan gadiis qorannoo kana keessatti hiikni kennameef, kan akka qaban tahuu, dubbistoonnii qorataa kanaaf haa hubatanu.

Abaaloo = eeboo

Deebana = qabeenyaa

Dhallaa = wantoota utuu hojjetanuu irraa darbamee .YKN Kani akka ayyaanaa aadaa

Dhimmuu = waan bareechee bilchaate keessattuu baddeessaaf

dhalee = galaa fkn Oromoo keessatti sabni biraa galuu

Eleellaan = wantoota akka masubaa ijoollee, shammarrani miilattikeewwaan

walloo = xobbe citeeykn umurii xiqqaan du'ee ykn midhaan yeroo nalee mure

Faqiira = rakkataa

Gafoo = lafa maashiitti godoo ijaharan achii tahanii qonnaa qotuu

Jiisaa = walaloo kana keessatti ilmaan kanniisa isa dhaabakeessatti duuchame

Hooti = maqaa balleessuu

Hoortoo = nama yeroo hamaamota dura deemuuf hogganu

Hooree = nama asiifachii fiiguu keessattuu dubbii keessatti

Ilmii = beekumsa

Kabiira = beekaa

Kasoo = jireenya badhaadhinaa

Mitii = qabeenya lafa maatii irraa dhaalame

Phiyoo = hidda gaaguraa

Qaanquree = fiiguu ykn halkan nama qabeenya nama adamsu

Qaraan-bullee = doongii

Qicuu = muka foolii hajaa qabu

Qicadhu = buufadhuu waan dhuganuuf ykn dhaggeeffadhu

Qirxinqiisii = borsaa bolaalee (surree) faranka callaan keessa ta'uu

Qoraasomne = rakkanne

Qoraasuma = muka dabaqqaa kan roohoo ykn gaaguraan ulani

Qotaa = akka geerarsaa kanatti daangaa mootoliin durii amma biyya isaanitti naannessanii boolla qotamu

Qissaa = seenaa

Siriira = boonaa ykn bashaanuu

xinbaa = bakka bishaanichi ka'uu

Baafata

Qabiyyee	Fuula
<i>Axereeraa</i>	I
Galata.....	II
BOQOQANNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.2. Seen-duubee Qorannichaa.....	1
1.3 Ka`umsa Qorannichaa.....	3
1.4 Kaayyoo Qorannichaa.....	4
1.4.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa.....	4
1.4.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa.....	4
1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa.....	5
1.6 Daangaa Qorannichaa.....	5
1.7 Hanqina Qorannichaa.....	6
1.8. Haala wal gala Aanaa Dhidheessaa yeroo Amma.....	6
SAKATTA'A BARRUULEE WALFAKKII.....	8
2. Fookloorii.....	8
2.1 Gooroowwan Fookloorii.....	9
<u>2.1.1 Duudhaa Aadaa.....</u>	<u>9</u>
<u>2.1.2 Meeshaalee Aadaa.....</u>	<u>9</u>
<u>2.1.3 Aartii Sochii Qaama.....</u>	<u>9</u>
<u>2.1.4 Afoola (Og-afaan).....</u>	<u>10</u>
<u>2.1.4.1 Gosoota Afoola.....</u>	<u>11</u>
2.1.4.2 Faayidaa Og-afaanii.....	12
2.4.1 Afwalaloo.....	13
2.4.2 Gosoota Af Walaloo.....	14
2.4.1.1. Afwalaloo Geerarsa.....	15
2.4.1.2. Faayidaa Af walaloo Geerarsaa.....	17
2.4.1.3 Qabiyyee Af walaloo Geerarsaa.....	19
2.4.1.4.2 Af walaloo Geerarsa Hojii.....	23
2.4.1.4.3 Af walaloo Geerarsa Siyaasaa.....	23
2.4.1.4.4 Af walaloo Geerarsa Jajuu.....	23
2.4.1.4.5 Af walaloo Geerarsa Gaddaa.....	24
2.4.1.4.6 Af Walaloo Bifaa Faaruun Geeraramu.....	24
2.3.7 Yaaxinnaalee Qorannichaa.....	25
2.4.7.1 Yaaxxina Faayidaa.....	26
2.4.8 Sakatta'aa Barruu wal- fakkii.....	29

BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO.....	32
3.1 Saxaxaa Qorannichaa.....	32
3.2 Gosaa Qorannichaa.....	32
3.3 Iraawwatama Qorannichaa.....	32
3.3.1 Iddattoo fi Malleen Iddatteessuu.....	33
3.4 Meeshaalee Funaansa Ragaalee.....	33
3.4.1 Af-gaaffii.....	33
3.4.3 Marii Garee Xiyyeeffannaa.....	34
3.4.4 Mala Odeeffannoo Xiinxaluufi Hiikuu.....	35
3.4.5 Naamusaa Qorannichaa.....	36
Boqqannaa Afur :Ragaalee Qaacceessuufi Hiikuu.....	36
4. Af- Walaloo Geerarsa Laga Dhideessaa.....	37
4.1 Gosootaa Af-Walaloo Geerarsa Laga Dhideessaa.....	39
4.2 Faayidaa Af-walaloo geerarsaa Laga Dhideessaa.....	40
4.3 Qabiyyeen Af-Walaloo Geerarsa Laga Dhideessaa.....	41
4.3.1 Af-Walaloo Geerarsa Laga Dhideessaa Kallachaa.....	Error! Bookmark not defined.
4.3.2 AfWalaloo Geerarsa Laga Dhideessaa Jajuu.....	49
4.3.3 . Af walaloo geerarsa Laga Dhideessaa Jajuu.....	54
4.3.4 AfWalaloo Geerarsa Laga Dhideessaa Bifaaa Faaruu.....	54
4.3.5 Af-Walaloo Geerarsa Laga Dhideessaa Bashannaanaa.....	60
4.3.6 Af walaloo Geerarsa siyaasaa Laga Dhideessaa.....	61
4.3.7 Af Walaloo Geerarsa Hojii Laga Dhideessaa.....	66
4.3.8 Af - Walaloo Geerarsaa Hojii Laga Dhideessaa.....	68
4.3.9 Af Walaloo Geerarsa Gaddaa Laga Dhideessaa.....	73
4.3.10 Af-Walaloo Geerarsa Qeequu Laga Dhideessaa.....	75
4.3.11 .Af Walaloo Geerarsa Gootummaa Laga Dhideessaa.....	80
4.3.12 Af walaloo Geerarsa Mormii Laga Dhideessaa.....	87
4.3.13 Af-Walaloo Geerarsa Gaabbii Seenooo Seenaa Laga Dhideessaa.....	81
4.3.14 AfWalaloo Geerarsa Rakkinaa Laga Dhideessaa.....	81
Boqqannaa shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo.....	89
5.2.Argannoowwan.....	91
5.3 Yaboo.....	92

BOQOQANNAA TOKKO (1) : SEENSA

Afoolli daawwiiti yookiin calaqqee jiruufi jireenya hawaasa keessaa isa tokko. Kunis, haala ogummaa qabuun, adunyaa keessaa jiraanu, waan barachuu qabnuu wal barsiisuu ,wal irraa barachuun dhaloota itti fufiisuudha. Kunis, dirqamaan yookiin geerarsaan akka jirutti irraa geeraru osoo hin taane, isaa hin mullannee agarsiisuu,dabsuun ibsuudha. Af walaloonn geerarsa Laga Dhidheessaa damee afoola ta'ee gosoota geerarsa Oromoon falaasama uumamaa naannoo keessaa bishaaniif qabu ibsuudha. (dabsanii geeraruun dabaa daba baasuudha).

1.2. Seen-duubee Qorannichaa

Afooli dhimma afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufeedha.Kunis, dubbii afaaniin yeedaloon kennameef yookiin osoo hin kennamiiniif akkaata nama hawwatuun kalqamee ogummaa waayee dhimmaa hawaasumma gara garaa irratti hundaa'uun aadaa ,duudhaa ,seena eenyumma hawaasaa jijjiiruu, falaasama Oromoon uumaamaaf qabu,wal umaagalatti adeemsa jiruufi jireenyaa saba tokko calaqqisiisuu keessatti shoora guddaa taphata .Okpewho,(1972 :3),akkas jedhe ibsa, "It is simply means literature delivered by word of mouth" Afooli ogbarruu afaaniin dhalootaa dhalootaatti darbuudha jedha. Haaluma kanaan, af walaloon geerarsaa damee afoola tahee bakka garaa garaatti qoodamu.Af walaloon akkuma wali galatti maqaa kennameef, kunis, afwalaloo geerarsa hojii afwalaloo geerarsaa marroo , faaruu loonii , afwalaloo geerarsa uumamaa naannoo ,Dechee lageen ,bosona , afwalaloo geerarsa siyaasa , ajeesaa , geerarsa gaddaa fi kkf adha. yaada kana kan deegaru Finnegan, (1970:109 -119) Akkas jehuun ibsiti, ".Gooroowwan af walaloo kan ta'an, amileessa, faarsaa, booyicha , amanti fi af walaloo geerarsa adda adda fi kkf jechuun bakka garaa garaatti qoodi" Adeemsa af walaloo geerarsa Oromoo kana keessa ammoo, kan yeroo daangaheef, kan yeroon hin daangofne yoo ta'uu,afwalaloo geerarsa yeroon hin daangofne afwalaloo amantii ,jaalalaafi kkf yoo ta'uu, Afwalaloo yeroon daangahaan ammoo,faaruu loonii , geerarsa uumamaa keessaa lageen , faaruu booyicha, geerarsa hojii fi kkf .Haaluma kanaan afwalaloon geerarsa Laga Dhidheessaa gosoota afwalaloo geerarsa Oromoo keessa isaa tokko ta'ee duratti Oromoo falaasama uumama naannoo keessaa bishaan kan ittiin ibsatuudha . Akkaataan yaada mul'isan kuni geerarsaan, gammachuu ,gadda jibbaa , faayidaa, eeguu fi kkf ittiin calaqqisiisuun dhufee har'a gaheera harka quucarusi. Geerarsi Laga Dhidheessaa kunis , bifa walaloon yeedaloo fi qabiyyee irratti dhiyaatu qabaa.Yaada koo kan deegaru,Lincon, (2011) .Immoo akkanaa jedha, "Folk song are word

simply songs that are composed by people of a country and pass on orally from one generation to another" (fuula :7) .Kunis afwalaloon jechoota ykn muuziqaa hawaasa tokkoon baafamee afaaniin dhaloota tokkorraa kan itti aanuutti darbuudha. Galmeen jechoota 'Random house unbridged' jedhamu.afwalaloo geerarsa akka kanatti hiika kenneef "Folk song is a traditional or composed song typically characterized by stanzaic form and simplicity of melody .In other word it is a song created by the people of a country or region" (online <http://www.random-house-unbridged.com>). Haaluma kanaan hiikni, afwalaloon geerarsaa amala aadawaa ykn Traditional kan hin barreeffamne, kan unka istaanzaa irraa deddeebii fi yeedaloo salphaa qabaachuun beekama.Kana malees afwalaloon namoota naannoo ykn biyya tokko keessaa jiraataniin kan qooddatamu ta'uu isaa ibsa.Kanaaf,af walaloon geerarsa haala garaa garaan hiikamu danda'a. Kunis, afwalaloo dhangala'oo bifa muuziqaan osoo ogummaa barreeffamaa hin eegalin afaaniin labata tokkoorra labata itti aanutti darbaa dhufee har'a gahee.Af walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa damee afoola tahee gosoota geerarsa Oromoo keessaa tokko waan ta'eef waantoota geerarsi Oromoo qabu hunda ofii jalatti hammachuu danda'a.kunis, yeedaloo,amala muuziqaa qabaachuu, waayee uumama naannoo keessa bishaan falaasama Oromoon ibsuu , dhalootarraa dhalootatti lufuu, fi kkf adha. Kuni ammoo, kan nutti agarsiisuu, aadaan hundeen isaa tokko akkaata ittii fayyadama hawaasatu yoomessa fi haala gargaraa keessatti dhimma itti bahaa.kanasi yaada hayyuu kanaatiin yoo deegaru,Dorson, (1972). akkas jedhe ibsa, gooroowan afoolaa bakka afuritti haa qoodaman malee qooddiin kun barumsaafi qo'annoof akka tolutti jedhameeti malee tokkummaa fi garaa garummaa qaama namaa fudhachuun ilaaluun ni danda'ama.Kanaaf, af walaloo geerarsa Laga Dhidheessaaa damee afoola waan taheef ,diinaan harcaa dhufuun isas hin hafne .Kanaaf, akkaanaa keenyaa keessatti raawwii afwalaloo geerarsa aanaa,geerarsa goota fi geerarsa hojii irratti hanga tokko qorannoon irratti geggeeffameera.Haata'u malee falaasama Oromoon uumaama naannoo keessaa bishaaniif qabu ibsuu irratti akka aanaattis ta'e ,akka Oromiyaatu waan qoratame hin fakkaatu hin arginee. Sababa kanaan kan ka'e , af walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa akkuma afoola warraa kaani quucaruun isaa wali nama hin gaafachisuu, jarri qaama tokko waan tahaniif. kanaaf, Mata dureen kuni, Af Walaloo Geerarsa Laga Dhidheessaa Godina Buunoo Beddellee Aanaa Dhidheessaa xiinxaluudhaa!

1.3 Ka'umsa Qorannichaa

Maalummaa fi eenyummaa saba tokkoo kanneen ibsan keessaa afoolli isa tokko. Afoolli immoo, afaaniin dhalootaa dhalootatti lufaa akka turee dhuftee Oromoo irraa wanti mul'atu hedduun jiraa.

Af-walaloon geerarsa damee afoolaa ta'ee, Oromoon kan yaada isaa ittiin calaqqisiifatu keessaa warreen muraasaa. Kunis, sagalee miidhagaan bifa walalootiin qindaa'ee haala nama hawaatuun geeraraa (gaddaa, gammachuu, jajuu, faaruu, hawwii fi kan kana fakkaatan yaada sammuu isaa keessaa gara gochaatti jijjiiruun maayii itti baha. Kunis, kakaasuu, gammachiisuu, gorsuu, akeekkachiisuu fi bashannansiisuudha. Adeemsa kana keessa Oromoon aadaa isaatiin akka inni wal irraa barataa dhufee hubachuun ni danda'amaa. Haata'u malee, akka hubannoo qorataatti itti dhimma bahuun af-walaloo geerarsaa Laga Dhidheessaa xiqqaachaa dhufeera. Adeemsi kun immoo, aadaa saba tokkoo dhaloota dhufuuf dabarsuu irratti rakkoo uumaa jiraa. Gochi kun itti fufee jennaan mala kanaan wal barsiisuun rakkisaa ta'aa. Kanaafuu, Yaada barreessa kanaan yeroo walqabsiifnu Dirribii, (2014: 12). akkas jechuun ibsa. "Uummatni Oromoo aadaa, amantii seenaa boonsaa fi biyya badhaadhaa qaba. Aadaan Oromoo hir'ina qabaa yoo jedhame aadaa barreeffamaa dhabuu isaati" Akka yaada barreessaa Kanaatti hanqina aadaa Oromoo keessaa tokko barreeffamee ol kaa'amuu dhabuudha. Sababnisas, Oromoon dhiibbaa diinoota isaatiin aadaa isaa akka hin fayyadamnee, hin guddisneef cunqursaan irraa gahaa waan tureef calaqqeen aadaa hawaasa keenyaa yarataa deemeera. Kanaaf, Af-walaloon geerarsaa damee afoola keessa tokko ta'ee, qoodi adda addaa qaba. Jarreen kana keessa Tamanyuu Ahimed (2008) "Qaaccessa afwalaloo geerarsa daboo (BA) guutachuuf Yuunivarsitii Jimmati hojetati, Dammitu Kabbadaa (2011) Xiinxala Qabiyyee af walaloo geerarsa aanaa Dhidheessaa (MA) guutachuuf Yuunivarsitii Finfinneeti aanaa kannattii hojatee ,fi Lalisa Warqina, (2009) Qaaccessaa Qabiyyee af-walaloo geerarsa goota (MA) guutachuuf Yuunivarsitii Finfinneeti aanaa kanatti hojetameera,, Kanaaf, Afwalaloon geerarsaa warra irratti hin hojetamin keessaa afwalaloon geerarsa Laga Dhidheessaa isa tokko waan ta'eef, kakumsana keessatti uumejennaan filadhee. Kunis, falaasama Oromoon uumama qabu keessattu bishaan qabu xiinxaluun hin mul'atuu, sababa kanaaf, booda gara baduutti dhufuu danda'a. Kun immoo, dhalootni haaraan akka aadaa isaa hin

barreeffamnee fi itti hin fayyadamne taasisa. Aadaan immoo daandii sabni tokko ittiin wal-barsiisuu waan ta'eef, aadaan dhabamna hawaasni sun eenyummaa ofii akka hin beekne godhaa. Yaada kana Aaddunyaan, (2014). akkasi jedhe yoo ibsu, "Afoolli daawwiitii jireenyaa waan ta'eef kaleessa mul'atee har'a jiraata, har'a cimatee boruufis suuqqata isatu jireenya, jireenyatu isaa" jedha (fuula, 166). Sababa kanaan kan ka'e, af-walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa harcaa waan dhufef hawaasa keessaa walitti funaanuun qindeessanii barreeffamaan labata itti aanuuf ceesisuun barbaachisaadha. Xiyyeeffannoon qorataas, Af walaloo geerarsaa Laga Dhidheessaa qaacceessuun ibsuudhan falaasamni Oromoon uumamaaf keessumaa moo bishaaniif qabu ifa baasuudha.

Gaaffilee Bu'uuraa Qorannoo kanaan haala armaan gadii kanaan dhiyaata.

- 1, Gosoonni af-walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa maal fa'ii ?
- 2, Af-walaloo geerarsaa Laga Dhidheessaa ergaa akamii qabaa ?
- 3, Faayidaan af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa hawaasa naannichaaf qabu maal fa'ii?

1.4 Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannichaa bakka lamatti qoodama. Isaanis, kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooree jedhamuu.

1.4.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannichaa af walaloo geerarsaa Laga Dhidheessaa Godina Buunoo Beddelleetti kan Aanaa Dhidheessaa xiinxaluun dhiyeessuudha.

1.4.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa

- 1, Gosoota af walaloo geerarsaa Laga Dhidheessa ibsuu.
- 2, Ergaaaf walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa ibsuu.
- 3, Faayidaa af walaloon geerarsaa Laga Dhidheessa ibsuu.

1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo kanaa, Sababa Oromoon jaarraa tokkoo fi walakkaa diinaan cunqurfamaa turee keessatti aadaan isaa quucaree kana hawaasa keessaa walitti funaanuun barreeffamaan qindeessuun faayidaa adda addaaf oolchaa dhaloota itti aanuuti dabarsuuf tattaaffii jalqabame keessaa tokkodha. Gama biraatiin immoo, af-walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa warreen akka aanaattis tahe, akka Oromiyaatti waan qoratame hin fakkaatu. Kanaafuu, qorataan kunis Aanaa Dhidheessaa keessaa kallattii garaa-garaatiin walitti funaanuun ykn coruun ergaa suphamee booda tajaajila adda addaaf oolchuuf carraaqee jira.

Haaluma kanaan barbaachisummaan qorannoo kanaa karaalee armaan gadiitin ilaalamuu danda'a.

* Af-walaloo geerarsaa Laga Dhidheessaa barreeffamaan qopheessanii dhaloota boruuf dabarsuu qaama barbaaduuf gahee ni qaba.

Guddina afaanii fi aadaa Oromoo keessatti gumaacha mataa isaa ni qaba

* Namoota mata duree kana irratti gadi fageenyaan qorannoo geggeessuu barbaadaniif ka'umsaa fi akka maddaatti gargaaruu danda'a.

* Dhaloota amma, Aanaa Dhidheessaa keessaa jiruufi xurree beekumsa aadaa Oromoo waayee Laga kana hubannoo irraa argatu.

1.6 Daangaa Qorannichaa

Afooli Oromoo bal'aa fi damee baay'ee ofjalatti haammate jira. Kunis, Afwalaloo geerarsa damee afoola keessaa damee tokkoo tahe bakka adda addaatti qoodama. Afwalaloo geerarsa hojii, af walaloo geerarsa goota, afwalaloo geerarsa gaddaa, af walaloo geerarsa uumama naannoo keessaa Lageen, faaruu loonii, faaruu Dechee fi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun ni danda'ama. Kana hunda iddoo tokkotti fidanii qaaccessuun rakkisaadha. Sababiin isaa ammoo, Yeroo fi baasii hedduu nama gaafachuun alatti waan sana hubatanii xiinxaluu irratti bal'ina isaa irraa kan ka'e nama danquu danda'a. Kanaafuu, Qorannoo tokko milkeessuuf ka'iinsaafi gahiinsa qabaachuu qaba. kanaaf, qorataan adeemsa qorannoo irratti hundaa'uudhaan qorannoo isaa kan geggeessuu'

Godina Buunnoo Beddeellee Aanaa Dhidheessa irratti yoo tahu, Mata dureenis Qaacceessa Af walaloo Geerarsa Laga Dhidheessaa kan giddu galeeffateedha.

Yaada kana kan deegaru Aaddunyaan, (2011:56).Akkas jechuun gabaaseera. "Qorannoon tokko daangaa qabaachuu qaba.Daangaan kunis, bakkaafi qabiyyeedhaan taa'a" jechuun sirriitti addeessee.Akka yaada hayyuu kanaatti daangaa qorannoo murteessuuf, bakkaafi qabiyyeen iddoo guddaa qaba. Kanaafuu,Yaadni kuni waliin akka deemu hubachuun ni dandaama.

1.7 Hanqina Qorannichaa

Qorannoo yoo geggeeffamu bu'aa bahii gara garaa keessaa darbuun dirqama. Kunis, haala naannoo jiraata qorataa sana irratti hunda'uun, rakkoon qorataa tokkoo muudatee qorataa biraa muudachuu dhiisuu danda'a. Sababni isa ammoo, aanaalee Oromiyaa keessatti bu'uuraalee misoomaa kan akka ibsaa network fi k.k.f jiruu hin jiranuu jechuunis nama rakkisa.Jarreen kuni hojii tokko geggeessuu keessatti gahee mataa jaraa qabu. Inni biraa maddaa odeeffannoo dhabamuu hanqina yerooti. Dabalatanis, maddi odeeffannoo lamaaffaa waan hin argamneef sabiriin barbaaduun magaala networkiin jiru deemuun buufatee piriintii gatii mi'aayan godhate furmata kenneera.Yeroon harka dheeratusi. Kan yeroo hojii idilee ammoo, Haalaan qoqqooduun fala itti laadhee fayyadameera.Kan ibsaa halkan soolaariin barreessuun magaala ibsaan jiruu deddeebi'ee bareessisuun qaawwaa duuchadheera.Kani biraa ammoo, hawaasni waa guddaa namaa irraa eeguudha.Kanasi qaxxisaa qirxiinqiisi buusaa amansiisa gurraa wal buusa waan argachuu barbaade irraa guuree galee gingilchee hanga dandaameen yaada hayyoota giddugaleessaa godhaadhee xiinxaleera.

1.8. Haala Wal-gala Aanaa Dhidheessaa Yeroo Amma

Aanaa Dhidheessaa dur 'Axiba' jedhamuun bulchiinsa guumaya keessatti haammatamtee jiraachaa turtee. Moggasa kan argatte haata'u jedhamee waan maqaan itti kenname osoo hin ta'in sababa mataa ishee qabdi. Akkuma maqaan ishee ibsutti Lagni guddichi Dhidheessaa kibba bahaa fi kaabaan aanaa kanatti akka haati ilmoo ishiitiif waan gaarii tokko sabbata mudhii isheetti guduunfate galtu sana Lagni kunis akka sabbata naannoo kanaatti maramee waan jiruuf maqaan ishii 'Dhidheessaa jedhamuun moggafamte. bara 1958 dura 'Axiba' Jedhamtus akka bulchaaaanaatti kan bulchaa turee

namicha Dajjasmachi Xaasowaallaw jedhamu turee. bal'inniaanaa Dhidheessaa heektaara 73.855 iskuwer km ta'uu kan qabu dha. Olka'iinsa diriiraa garbaa irraa ishee qabdu ol-aanaan meetira 1360 yemmuu ta'u, gadi aanaan immoo, meetira 1340 dha. Aanaa Dhidheessaa kan Daangessan karaa kallattii afraniin karaa kaabaan Godina Buunnoo Beddellee keessatti kan argamtu aanaa Gachii,kibbaan Godina Jimma keessatti kan argamtu Aanaa Guumaya magalaa Toobba,bahaan immoo, Godina Buunnoo Beddellee keessatti kan argamtu Aanaa Boorrachaa fi karaa dhihaatiin Godina Jimmaa Aanaa Saxxammaatiin marfamtee argamti.Haalli teessuma lafa ishee mijataa fi jireenya dhala namaatiif gaarii kan taatee fi haalli qilleenssa ishii immoo, gammoojjii jiidhaan 17.1% , baddaa daree 35% baddaan 47.9% kan keessatti mul'atu dha. Sablammoota Aanaa-Dhidheessaa keessaa jiran Sab-lammooni Aanaa Dhidheessaa hedduudha. Isaanis,Saba-Oromoo, saba-Amhaaraa, Saba-Tigree, saba-Guraagee, saba-Walloo, saba-Kafaa, Hadiiyyaa, Kambaataa, Daawaroo fi Shakkichoodha.

Gosoota amantaa akkaanaatti jiran yoo fudhanne ilaalle namoota akkuma fedhii isaanitti ta'uu amantaa seera qabeessummaan jiran, Amantaa-muslimaa, Amantaa kiristaanaa, (ortodoksii, prootestaantii, kaatoolikii, dhuga-Baatota yihobwaa) fa'adha. Maddi odeeffannoo kanaa cuunfame kan dhihaate kitaaba (Aadaa fi seenaa ummata Oromoo Aanaa Dhidheessaa (2012) Aadaa fi Turiizimii Aanaa Dhidheessaa

Baayyini ummata Aanaa Dhidheessaa keessaa jiraatu daataa kan bara 2013 tiin abbaa warraa kuma kudha saddeetii fi dhibba sadii fi kudha afur (18,314) dabalatee walii galatti akka armaan gadiitti dhihaatu

Baay'ina Lakkofsa Ummata Aanaa Dhisheessaa	Saala		Ida'ama
	Dhiira	Dhalaa	
		71,943	55,012

BOQANNA LAMAA (2)

SAKATTA'A BARRUULEE WALFAKKII

2. Fookloorii

Fooklooriin kan jedhamu sabni tokko aadaa, afaan, amantaa, aartii, meeshaalee, nyaata aadaa, uffannaa aadaa isaa dhaloota dhaalchisudha. Jechi fookloorii jedhu bara 1846 Biyya Ingilizii Wiiliam John Thomson jedhamuun moggaafame. Sana booda fooklooriin ilaalchisee hayyooni adda addaa hiika mataa isaanii itti kennaa turaniiruu, ammas itti kennaa jiru. Isaan keessaa,

Leach, (1996). akkas jette, "Folklore is generic tern to designate the custom, bleifs, traditions, tales mogical ,practics ,proverbs, songs etc in short the accomulated knowledge of homogenous unsophisticated people" (fuula=9). Yaanni kunis, fooklooriin jecha dimshaashaa barsiifataalee, amantiilee, achii as dhuftee, durdurii, gochoota hin amanamne, mammaaksaalee, sirbootaaf kkf of keessaa qaba. Gabaabumatti kuufama beekumsaa hawaasa hin qaroomne tokko bakka bu'aa yaada jedhu kan qabudha. Haaluma walfakkaatuun Dodsworth, (2007). Akkas jedha, "Folklore in broder sens, is a group orientd and traditional based creation of group or individuals reflecting the expectation of the standard and values are transmitted orally by immitation or other means, its from incloude language, literature, music, costums, handicrafts, architectures, and other art," (fuula:4). Akka yaada hayyuu kanaatti, Fooklooriin kalaqa garee hawaasa tokkokan aadaa bu'uureeffatee, aadaa fi eenyummaa hawaasichaa kan calaqqisiisudha. Kana malees, unkaa, fookloorii, afaan, ogbarruu, muuziqaa, duudhaa, ogummaa harkaabobboca fi aartiwwan biroo of keessaa qaba.

Akkasumas, hayyooni Sims fi stephens, (1965:12) ,akkas jedhani, Folklore is informally learned, unofficial knowledge about the world ourselves, our communities, our bleifs, our cultures and our traditions that is expressed creatively through words, music, customs, actions, behaviours and materials. It is also the interactive dynamic process of creating communicating and performing as we share the knowledge with other people.

Akka hiika hayyoota kanaatti immoo, Fooklooriin osoo itti hinyaadamin kan baratamuu, beekumsa dhaabbataa kan hin taane, waa'ee addunyaa, waa'ee keenyaa,

waa'ee hawaasaa, waa'ee amantaa keenyaa, waa'ee aadaa keenyaa fi barsiifaata keenyaa jechaan, muuzziqaadhaan gochaan, amalaafi meeshaaleetti gargaaramuun ogummaa ykn kalaqa hawaasa keenyaa kan ittiin ibsinuudha. Akkasumas, walitti hidhamiinsa hawwiin beekumsa wal jijjiiruu keessaa uumamaa kan deemudha.

2.1 Gooroowwan Fookloorii

Folklorest beekamaa kan ta'e Dorson Fookloorii bakka gurguddaa afuritti qooda, (Dorson, 1972:2).

Isaanis,

A, Barsiifata/Duudhaa hawaasaa (Folk custom)

B, Meeshaalee aadaa (Material culture)

C, Aartii sochii qaamaa (performing folk art)

D, Afoola (oral literature)

Fooklooriin damee adda addaattihaa qoodamu malee gooroowwan arfanuu walitti dhufeenyaa cimaatu gidduu isaanii jira. Faayidaan qoqqooduu ammoo, Qo'annoo fi barumsaaf akka toluuf jedhameeti. Yaada kana kan deeggeran Stephens fi Martine, (2005:12). akkas jedhu, 'Folklore can be categorized in many way based on its particular characteristics and how it are expressed three broad categories often used to describe folklore are verbal, material and customary within these genres, there are numerous types or sub types of lore 'jedhu. Akka yaada hayyoota kanaatti fooklooriin haala ittiin ibsaniif amala murtaa'aa isaa irrattihundaa'uudhaan qooduun ni danda'ama. Dameewwan gurguddoon sadan yeroo baay'ee fooklooriin ittiin ibsamu kanneen akka afoolaa, meeshaalee aadaa fi duudhaa hawaasaati. Kanneen jala qoqqooddiwwan hedduutu jiru.

2.1.1 Duudhaa Hawaasa

Duudhaa hawaasa kan jedhamu amalefannaa gareen hawaasa murtaawwaa an akkasi kun maatii, hawaasafi gochoota raawwiin kan baratamufi kan hojiirra ooluus, akkataa yaadi-rimee hawaasichi sun qabun. Walumaa galatti dhuudhii bartee hawaasaa kan hawaasin sun sirridha, jedhee fudhatee jireenya isaatiif dhimma itti bahu, kana bartee

hawaasa sun hinfudhanne hawaasichi kallattii adda addaatin qeequun akka sirrawwu taasisu.kallattiin biroon ammoo, duudhii hawaasa dirqama warri jedhaman sirna gadaa, fi k.k.f udha.

2.1.2 Meeshaalee Aadaa

Meeshaa Aadaa (Material Culture) namoonni fedhii meeshaafi xinsamuu guuttachuufi dandeettii ogummaa agarsiisuuf.Isaanis meeshaa aadaa jechuu dandeenya. Meeshaan yookiin kan afaaniin dubbatamurra kan ijaan ilaalamuudha. Isaanis aadaa, amantaafi falasama hawaasa tokkoo kan calaqqisuudha.Namoota ilaalchafi barsiifata tokko qabaniin dhaloota tokko irraa kan itti aanutti bifa ilaalamufi harkaan qabamuutiin dha. Akka fakkenyaatti yoo fudhanne ijaarsa manaa, dallaa, kuusaa midhaanii, hojii harkaa, mimmiidhagsa meeshaafi manaa, tuulaa, nyaata horii, kkf gooroo kana jalatti ramadamu.

2.1.3 Aartii sochii Qaamaa

Aartiin sochii qaamaa gosoota fookloorii keessaa isa tokko ta'ee ,akkaataa raawwii isaan sochii qaamaa dabalachuun kangeggeeffamudha. Adeemsa hawaasin fookloorii jiruufi jireenya isaa keessatti faayidaa garaa garaa bifa ogummaa qabuun muuxannoo yeroo dheeraa irraa argateen kan uummate dha. Gosti aartii kun kutaalee qaamaa hanga ta'een, jechuunis harka, miilla,mataa,fuula,mudhii,morma fi kkf sochoosuun kan ibsamu dha.Sochiin qaamaa kunis,dhiichisa,shaggooyyee,ragada,gelloo fi kkf of keessatti hammachuu danda'a. Akkasumas akkaataa uffannaa fi dibata illee of jalatti dabalachuun kan gargaarudha. Kunis,sochii qaamaa dabalachuun jiranitti bifa miira dhaggeeffattoota qirqirsuu danda'uun meeshaalee aadaa addaa addaa fi sochii qaamaa hirmaattootaan hurruubamee, kan dhiyaatu dha. Walumaa galatti aartiin duudhaa ogummaawwan fookloorii human dhageettii keessan amma jechoota hawwato ta'een dhalootaa dhalootatti ittiin dadabarsan kalqaa hawaasati.

2.1.4 Afoola (Og afaan)

Afooli dubbii afaaniin yeedaloon kennameefi yookiin osoo hin kennaminiif kalaqaafi ogummaa waayee dhimma hawaasummaa garaa garaa irratti hundaa'uun aadaa,

duudhaa, seenaa eenyummaa hawaasaa jijjiiruu fi jireenyaa saba tokko calaqqisiisuu keessatti gahee guddaa taphataa.

Uummatni Oromoos muuxannoo adeemsa jireenyaa keessatti yeroo dheeraa kuufate fi gabbifatee ilaalcha hawaasa isaa labata tokko irraa isaa biraatti dabarsee har'as kan gahe. Maddi Og afaanii, mudannoofi muuxannoowwan hawaasaati. Bu'uuruma kanaan hayyotni hedduun dhimma kana deeggeruun barreessani yeroo ilaallu, Finnegan, (1976:24). akkasi jechuun gabaasete." Oral literature is by definition depend on performer who formulates it in words on a specific occasion. There is no other way in which it can be realized as literery product". Ogafaan ogummaa afaanii irratti hundaa'uun, raawwatamuu fi daddarbuudha jetti. Akkasumas, Bukenya, (1994:84). Akkas jechuun gabaase. "Oral literature is the heart of people's way of life it is the very soul of their culture" Waraabbii kana irraa wanti hubannu, ogafaan aadaa fi haala jireenyaa saba tokko kan lubbuu itti horudhaa jetti. Haaluma wal fakkaatuun, George fi Owen ,(1995:175). akkas jedhu, "Folk spoken, song and voised forms of traditional ufferance that shows repetitive patens" jechuun gabaasan. Ogafaan akka maqaa isaa irraa hubatamu barreeffamaan osoo hin ta'in afaaniin dhaloota irraa dhalootatti kan daddabarfamaa dhufee darbaa jiru ykn fuulduraafis kan darbaa deemudha. Okpewho, (1992:3). akkas jedha, "It is simply means litereture deliverd by a word of mouth" Ogafaan ogbarruu afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu ta'uu isaa ibsa. Dabalataanis, Innumti "Og afaan akka waan raawwatan tokko dubbatuuf akkamitti gareenis ta'ee nama lamaan yeroo raawwii sana agarsiisan dubbatan hundumaa hammatu" (fuula 42 -43). Yaaduma kana kani cimsitu Finnegan, (1970:179). akkas jette, "Ogafaan duudhaawwan afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarban keessaa tokko ta'ee, baroota dheeraaf sammuu namootaa keessaa burqee haala miidhagina qabuun dubbatamudha. Kun immoo, yoomessa murtaa'e keessatti qindaa'ee raawwatu akka ta'e" gabaasitetti. "og afaan haala naannoo ofii kan ittiin hubatamu, haala jiruu fi jireenya hawaasaa akkaataa jireenyaa dhala namaa hundaa kan hammatudha." (Dundes,1965). jedhee qabaase. Akka yaada hayyoota armaan oliitti, og afaan adeemsa jiruu fi jireenyaa geggeessuu keessatti mudannoon muuxannoo ta'ee muuxannoon beekumsa hawaasichaa taheefi walirraa barataa dhufee har'a nu gaheedha.

2.1.4.1 Gosoota Afoolaa (Og afaan)

Ulaagaan og-afaan itti qoqqoodamu kanneen walaloodhaan qindaa'eefi afaaniin seeneffaman of jalatti hammata. Ogafaan (Oral litereture) Walaloo geerarsaa, walaloo sirboota aadaa, walaloo faaruu adda addaa, walaloo tapha ijoollee,durdurii, seeneffamoota, af-seenaafi kkf of jalatti qabata.Yaada kana ammoo, Finnegan, (1970:12). akkas jette, "Ogafaan dimshaashumatti karaa lamaan ilaalamuu kan danda'amu yoo ta'u, Inni tokko kan nama hawwatan ta'anii dubbiidhaan yookaan holooloon kan darban, inni lammataa immoo bifa walaloofi yeedaloodhaan dhiyaachuu kan danda'udha" Haluma walfakkaatun,

Encyclopedia of Britannica og afaan yoo ibsu, the genres of oral litereture covers spoken and song expression, they may be further divided in to the two larger grouping of folk narretive including of myth, legend , tales and folk song and such other smaller genres of proverb , ridfle and belief or superstation, talk narretive is a wide range of oral prose traditions(encyclopedia of Birtannica v.1993:308).jedhe gabase.

Akka yaada armaan olii irraa hubatamuu danda'ametti, og afaan gosa gurguddoo lamatti qoodamuu danda'aa. Isaanis, af-walaloo fi af-seenaadhaa. Af-seenaan ,ragamantaa, afseena fi durduriiti. Afwalaloon immoo, bifa muuziqaa qabatee kan afaaniin daddarbudha. Yaada kana irraa kan hubannu, Ogafaan bakka gurguddoo lamatti qoodamuudha. Isaanis, Afwalaloo fi af-seenaadha. Kanaafuu, Afwalaloon geerarsa damee ogafaan tahee afwalaloo jalatti akka hammatamuu fi xurree gola afwalaloo geerarsa geessu waan hedduu yaada hayyootaa kana irraa macahanneera.

2.1.4.2 Faayidaa Og-afaanii

Ogafaan faayidaalee hedduufi hangana hin jedhamne qaba. Isaan keessaas, jajjabeessuu, cimsuu, qeequu, hamilee itti horuu fi kkf dha.Faayidaa. mammaaksa: ibsuu, amansiisuu, beeksisuu fi kkf. Oduun durii: beeksisuu, hubachiisuu.Geerarsi: cimsuu, faarsuu, qeequu, kakaasuu fi bashannansiisuuf tajaajila irraa oola danda'a. Kunis, akkaataa fi haala dhiyaatu yookiin raawwatu ykn tajaajila kennu qaba. Yaada kana ammoo, Birhanuu,(2009).akkasi jedha, "Oral litereture is closely related with actual context of use in other words. Oral litereture forme arise form and are used in the context

of various social occasion" jedha. Yaadichi walaloo sirba aadaa keessaa walaloon sirba cidhaa iddoo cidhaatti malee iddoo hojiitti osoo sirbamee ykn osoo dhihaatee bu'aa qabeessa hin ta'u. Yaada kana irraa wanti hubatamu, Ogafaan kamiyyuu haalli kennuu tajaajila isaa seera mataa isaa qabaachuu mul'isa. Gama biroon immoo, Okpewho, (1992:106). akkas jechuun gabaase. "Ogafaan gammachuufi boqonnaa nama gonfachiisuun dhiphinaaf yaaddoo namni qabu irraa qaamaaf sammuu namaa kan walaboomsudha" Yaadni kun ogafaan bu'aa bahii jireenyaa keessatti faayidaa guddaa hawaasichaaf akka kennu agarsiisa. Beier, (1966). Akkasi jechuun gabaase. "Ogafaan bu'uura godhachuun ogbarruu barreessuun waan baramedha. cigoon, mammaaksa ,weedduun, oduun durii, hibboon ogbarruu keessatti akka mi'eessituutti galee tajaajila. Ogbarruuf akka yaada ka'umsaatti haalli itti gargaaratu jira. Jireenyaa hawaasa Afrikaa keessatti walaloon ogafaan iddoo guddaa akka qaba" jedhe barreesseera. Dabalataanis, Bascom, (1965). akkasi jedha, "Ogafaan faayidaa gurguddoo afur qaba. Isaanis , barsiisuu, cimsuu, miliquu fi to'achuu" jechuun gabaase. Dabalataanis, Finnegan, (1970:16). akkasi jetti, "ogafaan yaaddoo tokko jalaa miliquuf mala taasifamu keessatti tajaajilli inni kennu olaanaa akka ta'e dubbatti." Akkasumas, Ogafaan beekumsa cimsuu, aadaafi afaan guddisuuf, seenaa galmeessuufi jaalala hawaasummaa agarsiisuu nifayyadaa. Ogafaan dhimmoota garaa garaa keessatti gahee ol aanaa qabaachuu isaati. Kunis, barsiisuu, cimsuu, hawaasa gidduutti waliinjireenyaa gaarii uumuu, wantoota raawwatamaa turan deebisee isaan yaadachiisuu, seenaa, aadaa, falaasamaafi safuun hawaasaa eegamee akka turuuf barbaachisaa ta'u isaa hubanneera.

2.4.1 Afwalaloo

Af-walaloon damee ogafaanii keessaa isa tokko ta'ee bifa walaloon qindeeffamee kan afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbudha. Qabeenyummaan isaatis kan hawaasaati. Kana malees, Afwalaloon yoomessa mataa isaa fi dandeettii nama dhiyeessu sanaatiin addaa addummaa agarsiisuu danda'a. Kana ilaalchisee hayyotni waan hedduu jedhaniiru. David, (2004). akkas jedha, "Oral poetry can be define in various ways stric definition would includ only poetry that is composed and transmitted without any old of writting" jedha. Akka ibsa kanaatti, Afwalaloon haala garaagaraan hiikamuu danda'aa. Hiika afwalaloof kennamu tokko, afwalaloon dhangala'oo sagalee muuzziqaa dabalachuu osoo ogummaan barreeffamaa hin eegalin afaaniin darbaa kan tureedha. Haaluma wal-

fakkaatuun Dorson, (1992:85). akkasi jedhe gabaase. Af-walaloon unka isaa qofaan osoo hintaane haalli darbiinsa isaas adda isa taasisaa. Afwalaloon kan dhaloota irraa dhalootatti darbu barreeffamaan osoo hin taane himiinsa afaaniin ykn dalagaan,bifa sirbaan,geerarsaan, faaruudhaan darba" jedha."Af walaloon duudhaa hawaasaa kan ofkeessaa qabu irraa caalaa hawaasa hinbaranneen kan kalaqameedha. "Akkasumas,Afwalaloon umurii kalaqaafi hurruubummaan isaa yeroo jalqabaaf namni walitti dhufee ittiin walboohaarsuu yeroo jalqabee kaasee akka ta'e" ibsameera. (Bergan,1993:fuula 862--863). jedhani gabaasani. Terseglave, (1987). "The authentic role of folk song is not of primary importance much important are its functional elements in the social environments of the songs a kind of social structure of the song in all its instances of aliming context" akkasi jedhe gabaase.Yaadni kun ulaagaan gaheen afwalaloo ittiin murteeffamuu miidhagina isaa osoo hin ta'in faayidaa inni naannoo hawaasichi jiraatu keessattu akaakuu afwalaloo irratti xiyyeeffatuufi galumsa isaati. Lincon, (2011). Immoo akkanaa jedha, 'Folk song are word simply songs that are composed by people of a country and pass on orally from one generation to another" (fuua :7). gabaase. Kunis af-walaloon jechoota ykn muuziqaa hawaasa tokkon baafamee afaaniin dhaloota tokkorraa kan itti aanuuti darbuudha. Galmeen jechoota 'Randam house unbridged' jedhamu Af-walaloo akka kanatti hiika kenneef "Folk song is a traditional or composed song typically characterized by stanzaic form refrain and simplicity of melody .In other word it is a son created by the people of a country or region" (online <http://w.w.w random-house - unbridged .com>). Haaluma kanaan hiika hayyonni afwalaloof kennan olii irraa wanti hubatamu, afwalaloon amala aadawaa ykn traditional kan barreeffamee kan unka istaanzaa irraa deddeebiin fi yeedaloo salphaa qabaachuun beekama.Kana malees, af-walaloon namoota naannoo ykn biyyaa tokko keessaa jiraataniin kan qooddatamu ta'uu isaa akkaataa hayyotni adda addaa afwalaloo ibsaniitti, ergaa afwalaloo kan calaqqisiisuu amala isaa keessatti fi hawaasaan kalaqamee qabeenyummaan isaa kan hawaasaa akka ta'ee afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbaa tajaajilli isaa akka itti fufu godha.

2.4.2 Gosoota Af Walaloo

Af walaloon akkuma walii galaatti maqaa kenname yoo ta'u, dameewwan adda addaatti qoodamuu danda'a. Kanas yaada hayyootaatiin yoo deeggerru Misgaanuu, (2014:14). akkasi jedha, "Af walaloon weedduu jaalalaa,geerarsa hojii, geerarsa marroo,

weedduu ateetee, sirba, faaruu loonii,geerarsa siyaasaa,huruursaa mucaa, geerarsa gootummaa, weedduwan seenaa, tapha ijoollee, faaruu amantii, geerarsa ajjeesaa, hibboo fi mammaaksa fi kkf mul'achuu danda'a" Jarreewwan kunis kan yeroon daangahee fi kanneen yeroo irraa walaba ta'e jechuun qoqqoodee jira.Yaada kanaan kan wal deeggaru Finnegan,(1970:109_119).akkasi jetti,gooroowwan afwalaloo kanneen ta'a mileessaa (patronage) faarsaa (pacorpraisbooyicha, (elegiac), amanti (religious), afwalaloo adda addaa (special purpose) miiroo (lyric), siyaasa fi kkf jechuun bakka garaa garaatti qoodi.Dabalataanis, Andirizeeksi, (1985:fuula:410--414). akkasi jedhe gabaase. Afwalaloon Oromoo " kan yeroon daangaheefi kan yeroon hin daangofne yoo ta'u,afwalaloon yeroon hin daangofne walaloo jaalalaa ,amantii ...yoo ta'u, afwalaloon yeroon daangahaan ammoo, walaloo faaruu loonii, faaruu booyichaa, geerarsa gootichaa,weedduu k.k.f akka tahan tarreessa. Afwalaloon haala garaa garaatiin gosa adda addaatti qoodama.Kanneen keessaa gurguddaan kaayyoo isaa, hurrubumaa isaa, yoomessa isaa,af walaloo isaa irratti hundahee qoodama" (Finnegan ,1977,Barbe, 1997). jedhani gabaasani. Akka hayyootni hedduun gabaasanitti, af-walaloon bakka garaagaraatti akka qooda man fi kan yeroon daangahee fi kan hin daangofne akka ta'e irraa hubachuun ni danda'ama. Dabalataanis, af-walaloon geerarsaa aadaa Oromoo damee af walaloo jala ta'ee qoodiinsa mataa isaa akka qabu xurree nu qabsiisaa.Akka Finnegan, (1992:13). kitaaba ishii keessatti akka gabaastetti "Adentjifies the following genres of oral poetry epic ,ballad,panegyric ,odes and lyric whole idea of genres is relative and amiguous' jetti

2.4.1.1. Af walaloo Geerarsa

Afwalaloo Geerarsa akaakuwwan geerarsa keessaa isa tokko ta'ee, rakkoowwan bu'aa bayii jireenyaa keessatti nama mudatan fi lageen, Tulluu , Daadhii, sana ilaalchisee hundaa kan ittiin ibsataniidha. Bu'aa bayii jireenyaa adeemsa keessaa immoo, gadda gammachuu, jaalalaa, jibbaa, hawwii, fedhii fi kkf dha.Kanaafuu, Afwalaloo geerarsa isaan kana hunda karaa Oromoon ittiin ibsatuudha.

The dynamic between human and nature is embedded in oral pearls of wisdom,and as a result, one may say that interaction is one of the subject sin the indigenous artistic expression of this culture.Oral poetry/songs can generate and convey many more meanings

than those intended for the gracing of the occasion for which they are performed if they are deconstructed , (Monantiet, al, 2013), jedhe gabaase.

Akkaa jarri kuni jedhani gabaasanitti,ilmi namaa uumama naannawa isaafi isa gidduu jiruu, akkamiti aadaa isatti gargaarame, ogummaa isatiin falaasama naannawa isaa geerarsaan ykn sirbaan ibsataa dhalootatti dabarsa dhufee har'a gahee jedhu. Akka yaada jara kanatti hawaasni kamuyyu aadaa isatti gargaaramee falaasama naannawa isa akka ibsatu irraa hubachuun dandaameera.Haaluma walfakkaatun , Bauman, (1992). akkas jedhe, "Oral poetry is a poetry that originally composed and performed orally poem that is unwritten because the culture and in which it occurs in oral culture" Bu'uurri afwalaloo geerarsaa hurruubummaan kan mul'atuufi hin barreeffamne aadaa keessaan kan calaqqisuudha. Akka Finnegan, (1970 :14). akkas jetti, "Oral poetry is a living art it is poetry that lives a mouth of the people and is transmitted verbally from one person to another oral poetry is unwritten poetry " jetti. Afwalaloon geerarsa dhimmoota hawaasummaan wal qabatani irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, afaaniin seenaa bu'uura godhachuun, sammuutti qabachuun fi yaadachuun dhalootaa dhalootatti darba. Kanaaf,afwalaloon geerarsa uumaama damee geerarsa akka taheef qawwaanutti mul'isa. Samuel Akpabot, (1981:7).akkasi jedhe gabaase. "Suggest that oral poetry exist in two major categories in ritual poetry and non ritual poetry. According to him,most example of Efik/ibibio oral poetry are function" akkain gabaasetti, af-walaloon geerarsa aadaa bakka gurguddaa lamatti qoodama. Isaanis, Walaloo fi Hololoo jedhamuun waamamuu.Akka inni jedhutti irraa caalaan afwalaloon aadaa kunis, dubbii halawwan keessatti hojii irraa oola."Oral poetry possesses all the beauty of language contents and style associated with the best of written poetry. The case for the recognition of oral poetry as true poetry has been most successfully made" (Olajubu,1981:7). Jedha gabaase.Gama karaa foddaa interneetiitiin geerarsa yoo gabaasu, "Geerarsi aadaa Oromoo keessatti iddoo guddaa qaba. Geerarsi ogummaa fi dandeettii uumamaan argatani kan ittiin gammachuu, gaddaa,quuqaa,yoomessa fi seenaa akkasumas diddaa fi booree ofiiitti ibsataniidha" (<http://waaqeffannaa.org/geerarsa>). Haaluma wal-fakkaatuun Asafa, (2004).Walaloo Jaarsoo Waaqoo bu'uura godhachuun, "Geerarsi meeshaa Oromooni bu'aa bayii jireenyaa, diddaa gabrummaa ibsachuu akkasumas, booree baafachuu fi dhimma itti bahamu ta'uu, afwalaloo geerarsa Oromoo gootummaa, jaalala, geerarsa seenaa, faaruu

tiksee, faaruu ayyaanefannaa, amantaa, qeeqaa, faaruu namoota beekamoo fi afwalaloo dhimma hawaasaadha" jedhe gabaase.. (Sumner,1996).Ibsa hayyuu kanaa irraa wanti hubatamu, Afwalaloon geerarsa akkamitti Oromoon dhimmoota garaa garaa irratti akkamitti yaada isaa ibsuu, jajuu gadda , haala ilaalchaa uumama naannoo keessaa bishaan ittiin ibsanu , rakkina faaruu, hojii, jaalala „waayee laga kana irratti hundaa'uun falaasama isaan wali barsiisaniidha.Kunis, sagalee mimmiidhagoon deeggaranii adeemsa qalbii namaa hawwatuun karaa fedhii keessaa ofii cululuxsanii calaqqisiisanidha. Kunis, geerarsi karaa miira ofii ittiin jamaa fuula duratti labsanii ta'ee nama dhuunfaatti ykn mootummaatti guruuriyuu faatu keessatti mullachuu danda'aa.Adeemsa raajiin cabsuu keessatti geerarsaan daangati deebiifama.

2.4.1.2. Faayidaa Af walaloo Geerarsaa

Af-walaloo geerarsaa falaasama Oromoon bishaani qabu qaroomina hawaasa tokko keessa jiru hawaasichumatu sammuu keessatti qiqindeessee wal fudhachiisuun sagalee miidhagina qabuun itti bashananuu walii irraa barachaa seenaafi beekumsa labatarraa labatatti daddabarsaa dhufee tursiisuu keessatti geerarsi Oromoo shoora guddaa taphataa tureera. Akkasumas, ogbarruu guddisuu keessatti falaasamni Oromoo bishaan qabu bu'uura godhachuun ogbarruu ammayyoomsa afaan dagaagsuu ni danda'ama.Geerarsa dhimmoota Oromoon falaasama uumama naannoo keessaa bishaan,Dechee, tulluufi k.k.fi ittiin dinqisiifachuun, ibsachuuf kan hawaasni Oromoo itti fayyadamudha.

Bukenya, (1994:85). Akkasi jedha, "Each genre of oral literature has a part to play in the education of particular society while expressing the feeling of a people and playing a therapeutic role. The song African satirises unacceptable behaviour and warns members against mis-demeanour" jedha.Yaadichi akkanni jedhetti, geerarsi gammachiisuu irraa darbee barumsa dandeetti afaan cimsuu, waa'ee hawaasichaafi seenaa isaa hubachiisuu danda'a. Dabalataanis, geerarsa qofa osoo hinta'in, og afaan hunduu itti boohaara barumsa akka dabarsu irraa hubachuun nidanda'ama. Haaluma wal fakkaatuun Andrezewsin, (1985:38).akkas jechuun faayidaa waliin wal qabsiisee,geerarsa faaruuf hiika yoo laatu"Oral literature, like written literature is of education value since being expressed to it enhances the listeners verbal skill enriches their vocabulary and enlarges their knowledge of their own society and its history" jedha. Faaruusi ta'ee,afwalaloon geerarsa

gosoota geerarsa hamma ta'etti dandeettii dubbii fi beekumsa jechoota geerarsi ykn faaruun sun itti dhiyaatu guddifachuufis ta'ee, haala jiruufijireenyaa akkasumas, Seenaa hawaasa tokko akka hubatan kanbarsiisuudha" Jedha. Kanaafuu, Geerarsi adeemsa jiruu fi jireenyaa keessatti bu'aa bahii namamuudate jalaa miliquuf, muuxannoo muuxataa itti fayyadamaa dhufeedha. Jarrii Bukenya et.al, (2008). Jarri kun akkasi jedhu, "Have studied oral literature and they say that there are four main function of oral literature. The four function are as follows: intertainment, awareness, socialaization and practical language skill"" Yaada kana irraa wanti hubatamu faayidaa og-afaan bashannansiisuu, barsiisuu, dandeettii afaanii fooyyessuu fi walitti dhufeenya hawaasummaa cimsuu faadha. Haaluma wal-fakkaatuun Okpewho Yoo gabaasu, "With in the society adittional to the function of intertainment ,oral literature is a way to express certain interests and out looks shared by community or a group with in community" (Okpewho,1992:110). jedhe gabaase. Ogafaan af-walaloo geerarsa hawaasa tokko keessatti bashannansiisuu irraa darbee garee hawaasa sanaa fedhii tokko tokko waliin qooddachuuf ilaalcha jaraa walii ibsuu. Geerarsi ogafaan keessaa isaa tokkofi uumama naannoo faarsuufis kan uummatni dhimma itti bahuudha. Kana jechuun Oromoon wanti inni geerarsaan hin ibsanne ni jiruu. Kanaaf, af-walaloon geerarsaabifa walaloon kan dhiyaatuufi qalbii namaa raasu, kan nama kakaasu, miira uumama naannoo keessaa bishaan, Dechee k.k.f ittiin calaqisiisaniidha. "Geerarsawwan hedduun baroota dheeraaf akka barreeffamnee dhaloota itti aanuuf hin dabarree dhorkamuu qofa osoo hintaane warri hanga tokko beekaniyyuu akka dagataman godhamanii turan" (Misgaanuu, Fuula 73 -74), jedhe gabaase. Gamaa biroon ammoo, Salviac (2005) "In Oromo oral tradition, environmental ideas is share lots of experiences to members of community through different genres of oral literature, particularly folksongs" (f.21-22). Yaada kanarraa kan hubannu, aadaa oromoo keessatti hawaasni yaadni uumama naannoof qabu keessattuu mukkeen gurguddaa hiddi isaa dhiqama biyyoo ittisuua kka danda'uudha. Jiruuf jireenya guyyuu keessatti uummanni uumama naannoo irratti kan hirkateedha. Kanaanis miseensonni hawaasni afoola fayyadamuun muuxannoo hedduu qooddachuu danda'u. Keessattuu sirba ykn geerarsa aadaa akkamitti yaada isa ittiin ibsata, itti fayyadama, eega, itti bashanaanaa, dhalootarra dhufe, akka nu-gahe, beekuu duwwa utuu hin taane, aadaa kana itti fufisiisu yoo hin dandeenye, rokkoon cimaan akka itti fufu wal-nama hin gaafachisu,

2.4.1.3 Qabiyyee Af walaloo Geerarsaa

Qindaa'inni sagalee fi jechoonni walaloo geerarsaa muraasni ergaa bal'aa dabarsuuf humna guddaa qabu. Kunis, qabiyyeen geerarsa uumamaa akkuma geerarsa Oromoo biroo falaasama Oromoon uumama naannawa bishaan, Dechee qabu irratti hundaahuun waayee hawaasa barsiifata , amala, fi k.k.f jechoota muraasatti gargaaramuun haala nama hawaatuun wal barsiisaa, walirraa baraataa muuxxannoo muuxaata dhufee har'a gaheedha. Yaada kana kani cimsuu Sumner, (1996:68). Yoo ibsu "Two words express the content of war and hunting songs praise for the hero contempt for the coward" Ibsa yaada kanaan jechootni walaloo muraasan yaada geerarsaa bal'aa ibsuuf akka humna qabeessa tahan nama hubachiisa. Amare, (1998). Stempel, II, (1981:119). Wabeeffachuun yemmuu gabaasu, qaaccessi qabiyyee "content analysis is a formal system for doing something that we all do informally rather frequently drawing conclusion from observation of content" Yaadni kun, qaaccessi ergaa irraa deddeebiin osoo hin tahin sirna alidileetiin hubannoowwan ergaa barreeffamaa tokko bifa adda addaatiin yaada isaa gudunfanii kaahuudha. Geerarsi tokko akkuma walaloo barreeffama bifeeyyii fi qabiyyee mataa isaa qaba. "Qabiyyeen immoo, dhaamsa namaa dabarsuu agarsiisa" (Finnagen, 1970). jette gabaasite. Yaada armaan olii kana irraa wanti hubatamu, afwalaloo geerarsaa keessatti jechoota muraasaan ergaa baay'ee ykn bal'aa dabarsuun ni danda'ama. kanaaf, walaloo tokko walaloo kani jechisiisu irraa caalaa jechoota muraasan yaada bal'aa dabarsuudha.

2.4.1.4 Gosoota Af walaloo Geerarsaa

Af-walaloo geerarsa Oromoo damee afoola tahuusa wali nama hin gaafaachiisu .Af walaloo geerarsa gosoota geerarsa Oromoo keessaa tokko waan taheef , kan yeroon daangaheef , kan yeroon hin daangoofnedha. Kan yeroon hin daangofne, geerarsa jaalala , amaniti ... yoo ta'u . Kan yeroon daangahan, geerarsa uumama naannoo keessa bishaan, tulluu, geerarsa jajuu ,hojii,geerarsa gaddaa ,geerarsa bifa faaruu fi k.k.f adha. Haaluma kana irratti hundaa'uun falaasama Oromoon uumama naannoo keessaa bishaanii , dechee, tulluu qabu akkamiti akka calaqisiisu qoqqooddi geerarsa kana fayyadame hawaasichi itti gargaarama. Af walaloon geerarsaa gosoota afwalaloo Oromoo keessaa isaa tokko ta'ee duratti Oromoon kan yaada isaa ittiin ibsatudha. Adeemsi yaada ittii mul'isan kuni , muuxannoo, mudannoo nama irraa gahee bifa gadda, gammachuu, jibbaa, mormii, jaalala, rakkina, gootummaa, ciminaa, afwalaloo geerarsa falaasama uumama naannoo ittiin

ibsanii fi kan kana fakkaatu ittiin calaqqisiisuun dhufee har'a gahe. Akka Finnegan, (1977:11). gabaasitetti, "Oral poetry is one types of war song, it is a means of expressing feeling" jechuun ni gabaasete. Akka ibsa kanaatti, Afwalaloon geerarsaa gosa geerarsa lolaa keessaa isa tokkodha. Kana jechuun immoo, karaa hawaasni tokko miira isaa ittiin ibsatudha. Dabalataanis, (ibid) " Oral literature is passed down word from generetion to generetion and thus reproduced verbal in from memory through out the centuries or alternetively, that oral literature is some thing that arises communally, from the people or the folk as a whole ,so that ther can be no question of individual authorship or originality" (Finnegan, 1976 :13), jette qabaasite. Kuni ammoo, af walaloon geerarsa kaayyoo sabni tokko, haala inni itti jiraatu barsiisuudhaan miseensa hawaasa kamiyyuu akka hordofan gochuudha. Kanaaf, afwalaloo geerarsa damee afoola waan taheef ,dawwiitii jiruufi jireenyaa hawaasa fi addunyaa keessaa isa tokko. Kunis, falaasama Oromoon uumamaa qabu irratti bu'uureffatanii addunyaa jireenyaa karaa ogumma geerarsaan ibsuu, akka jirutti calaqqisiisuu osoo hin taane isaa hin mullanne agarsiisuu dabsuun ibsuu dubbachuufi afaan tahuuf , qofa osoo hin taane dubbachiisuu fi akka mul'atu gochuu wal barsiisuudha. Sababni isaa ammoo, afooli beekumsa garee hawaasaa dandeettii, ogummaa, aadaa, qaroomina uummataa, garee hawaasa ta'ee ibsituu jireenyaafi calaqqisiistuu eenyummaati. Kunis, kan hubachiisu, Afwalaloo geerarsa beekuun falaasama Oromoon bishaani qabu beekuudha. Kana beekuun jiruufi jireenyaa dhuunfaafi beekumsa gareen hawaasaa sun walii qoodu beekuu irraa darbee of beekuudha. Geerarsi damee Afoola waan taheef beekumsaa amantaa, aadaa hawaasichaa jecha afaaniifi gochaatiin kan dabarsuudha. Afooli gocha, duudhaa, barsiifata afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufee darbaa kan jiru, fuuldurattis kan darbu damee aadaa saba tokkooti.(Misgaanuu, 2011:6). jedhe gabaase. Aadaa hawaasa tokkoo beekuun eenyummaa hawaasa sanaa beekuudha. Hawaasa beekuun immoo, ofbeekuudha. Kunis, of-beekuun jalqaba seenaa ofii beekudha.Kan ofbeeku immoo, Hawaasa isaa beeka.Kan hawaasa isaa beeku immoo, biyya ofii beeka. Kunis, af-walaloo geerarsa haala kamiin nama akka onnachiisu akkamitti akka jajjabessuu kanneen badii dalagaan dabsan geeraruun gorsuuf , wali barsiisuu, ceepha'uun gara amala gaariiti akkamitti akka deebisuu, Oromoon karaa miiraa isaatiin fedhii bu'uura godhachuu uumama naannoo keesssa Laga , Tulluu fi K.K.f falaasama isaatiin ibsaa dhufee har'a gaheera diinaan harka quucarus. Af walaloo geerarsa

kamiyyuu akkaatuma geerarsi Oromoo dhiyaatuti kaayyoo ,qabiyyee, yoomessa irraatti hundaa'ee dhiyaata. Kunis, .Af walaloon geerarsa uumaamas gosoota geerarsa keessa tokko waan taheef, akkaata isaan uumama naannoo keessa falaasama Oromoon bishaanii, Dechee Tulluufi k.k.f qaban itti ibsaanidha. Kunis, bakka gareen hawaasa walitti dhufeetti yookiin dhuunfaan wal bashaanasiisa waan jedhamu qabu akkaataa jedhamuu qabuun quba itti qabaa daandiitti wal deebisa. Adeemsi kunis, geerarsa jajuu, geerarsa hojii, geerarsa siyaasa, geerarsa bifa faaruun umama itti dinqisiifatanii fi k.k.f falaasama isaanitin irratti hundaa'uun geerarsa finiinsuun walii xuruursa waan quuqaa qabu quuqaa walii barsiisuun dabsee geerara dabaa isaa gorfata. Yaada kana kan deegar, Sumner, (1997:23). Akkasi jedha,

Talking all these principles to consideration. It is possible to classify all the Oromo song that are here collected under following specific literery types which are by order of decreasing frequence love songs. Heroic songs, historical songs pastoral songs, festival and religious song,satirical song, gnostic songs, multiple literary types, satirical love songs,heroic religious songs, gnostic love dong.

Akka hayyuun kun jedhutti, geerarsi Oromoo geerarsa jaalalaa, geerarsa gootaa, geerarsa seenaa, faaruu, loonii,geerarsa ayyaaneffannaa fi amantaa,geerarsa ciigoo, geerarsa faarfannoo fi geerarsa ogum-heddeeti. Kana jechuun Sumner geerarsa Oromoo iddoo garaa garatti qoode keessaa jaalala, gammachuu, jaju, hojiii geerarsa bifa faaruu fi kkf

2.4.1.4.1 Af walaloo geerarsa Gootaa

Af-Walaloo geerarsa goota gosa geerarsa Oromoo keessaa tokko.(Heroic songs) jedhama. Kunis, yeroo gootni adamoodhaaf manaa bahee ajjeesee galu kan geeraramudha.Yoo adamsee osoo hin ajjeesin gale akka dabeessaatti ilaalama. Haata'u malee, gootni tokko waan irratti goota ta'ee sana yeroo geeraru jedhu duraa akka sirna geerarsatti geerarsa uumama naannoo bishaan, dachee fi daadhii biffaa faaruutiin geerara.Gamaa biroon, daaktuu cimaan akka gootatti ilaalama. kanaafu, Af walaloo geerarsa keessatti uumama naannoo kallattii gara garaan calaqisaa. Kanas Claude, (1997:39).akkas jedha, "Two words express the content of war and hunting songs praise

for the hero contempt for the coward" Geerarsi gootaa ykn ajjeesaa kun qabiyyee lama qaba. Innis, tokko goota jajuu ykn faarsuu yoo ta'u, inni biroon immoo, Lugna ykn dabeessa tuffachuuf ykn qeequudha. Misgaanu, (2011).akkas jedha," Heroies song are song that are composed and practiced to intiate the warriors to confront their enemies . This songs can praise the known war leaders the lengendery warriors who have alreedy passed away" jedha. Kunis, faaruu gootaa bifa geerarsaatiin loltoonni diina isaanii irratti moo'icha argatanii jajjabeessuuf kan gargaarudha. Faaruun kun geggeessitoota waraanaa beekamoo fi loltoota kana dura turan kan amma lubbuun hinjirre faarsuufis ni tajaajila. " The aim of heroic or war is initiate thos who are ready to come out for war. Victory and to teach others not be coward" (Gemechu, 2000) jedhe gabaase. Kunis, faaruu gootaa bifa geerarsaa warra lola deemuu qophaahaniif injifannoon akka galanuonnachiisuuf yommuu ta'uu, warri hafan immoo, akka lugna hintaane barsiisuudha. Asefan, (2010:336). Cerulli, (1992). Waabeffachuun, Faaruu bifa geerarsaan "tend to stress familiar forms of a short verses with three to six lines which constitute series of long stanzas memorializing the different events and heroic deeds recounted about an individual hero thus thematically, the focus of the salale faarsa is less on the wider community or close kin than on the individual bandit" jedhe gabaase. Kunis, geerarsi bifa faarsaan unka gabaabaa sarara sadi hanga jaha kan of-keessatti qabu yaadannoo adda addaa fi goota lubbuun darbe seenaa goota dhuunfaa kaasuun faarsuudha. Faarsaan bifa geerarsaa kan Salaalee kan xiyyeeffatu hawaasa hedduu keessatti goota sabaa ykn fira dhihoo ta'an ni leellisu. Geerarsa ajjeesaa ilaalchisee Addunyaan yoo ibsu, geerarsi aadaa Oromoo keessatti bineensota gurguddoo kanneen akka, gafarsaa, qeerransa,,leenca, arbaafi k.k.f ajjeesanii dibachuun beekamaa ture. Kanaafuu, Gootni yeroo ajjeesu ittiin dhaadachuun beekama. (Aaddunyaa, 2010:178). jedhe gabaase. Akka Ayyaanaan, (1991:55), akkas jedha, geerarsi akkasumatti kan geeraramu osoo hin taane gocha qabatamaatti raawwate tokko ibsuudha. Yaada hayyota kanaarra wanti hubatamu, Geerarsi ajjeesaa tokko bineensa gurguddoo ajjeessaani dhaadannoo dhageessisa, gogaa bineensa ajjeesesan faacha, anfaaroo fi kkf argisiisaa kan ittiin geeraramudha. Gama faallaa kanaatiin ammoo,kan adamsee osoo hin ajjeesin gale fala qeeqa jalaa bahuu of sabarsiisuuf tattaaffii godhamu ykn kaayyoo gara fuula duratti adamsee akka ajjeesu labsuuf geeraramudha. Dabalataanis, Geerarsi yaadannoo gootaa kuni gootni sun yoo lubbuun hinjirre hiriyaan gootaa sun iddoo kanaan

dura waliin dabarsanitti hiriyoota isaa keessatti geerarsa bifa faaruutiin hiriya isaa jamaa faarsa dhaadannoo xiriirsaa jamaa dhandhamachiisuun dhaamsa isaa dhaloota gurra buusa. Firoonni isaas haaluma kanaan yaadachuun, yoo illee dabeessa tahan maqaa gootichaatiin dhaadannoo leellisaa,faarsaa geeraruun hirmaattota keessatti bookisu.

2.4.1.4.2 Af walaloo Geerarsa Hojii

Geerarsi hojii yeroo baay'ee bakkeewwan teknooloojiin ammayyaa hin baballatin itti kan geeraramu yoo ta'u, dhuunfaanis ta'ee gareedhaan geeraramuu kan danda'udha. (Leacha, 1996). jette gabaasite.Kanaaf, af-walaloo geerarsa uumaama naannoo Decheen, tulluu,bishaan jallisuun itti fayyadamuu jajuu, qurxummii kiiyyoon qabuu wal qabatee geeraramu danda'a.Gama biraatiin, geerarsi hojii yeroo hundaa bakka hojiitti kan geeraramu ta'ee kan hojjettoota keessatti fedhii oomishaa gaarii akka argataniif jajjabeessuu,abdii keessatti horuuf kan geeraruudha. Akkasumas, "geerarsi kanneen yeroo baay'ee kan namoonni wal-taa'uun sagalee walqixxeeffatani kan jalqabanidha" (<http://www.britanican.com>>att>work..).

2.4.1.4.3 Af walaloo Geerarsa Siyaasaa

Geerarsi siyaasaa dhiibbaa karaa mootummaa ykn kolonii cunqursaa irraa gahu karaa geerarsa sirbaa fa'in mormuuf yaalanidha.Geerarsa uumaama naannoo keessaa bishaaniin, tulluu ,holqa dawoo godhachuun mormiin siyaasa ibsan jiraa.

Yaada kana Finnegan, (1970:270).akkas jetti, "Song can be used to report and comment on current affairs for poletical pressure,for propaganda, and to reflect and mould public openion" jetti. Yaada geerarsaa haala yeroo irratti yaada kennuu dhiibbaa siyaasaa hawaasa dadammaqsuu akkasumas, ilaalcha hawaasaa ibsuu,sirreessuuf gargaara. Kana ilaalchisee, Bukenya, (1994).akkasi jedha,"Each gunre of oral literature as a part to play in the education of a particular society while expressing feelings of people and play other apoetic role the song satirizes unacceptable behaviour and warn members against mis-demeanor" jechuun tokkon tokkon gooreen ogafaan keessatti hawaasa barate biratti shoora qabaachuu ibsa.

2.4.1.4.4 Af walaloo Geerarsa Jajuu

Geerarsi jajumsaa bishaan, Dechee, daadhii fi k.k.f faarsuu, dinqisiifachuu, jajuu sadarkaa adda addaatti mul'achuu danda'a. Innis, sadarkaa nama dhuunfaa,

hawaasa,mootummaatiin ni mul'ata. Kana ilaalchise Finnegan, (1970:111).akkas jetti, "It is true praise (including self praise) also occur among non centralized peoples particularly those who lay on the significant of personal achievement in war or hunting such as the [Oromo] or Tuareg and also the use of praise namesis nearly universa" jetti. Geerarsi jajuu kan agarsiisu kan oggantoota Oromoofi uummata isaa wajjiniin wal qabatee akka jiru walaloon dur uummaticha keessaa jiru kan ragaa qabatamaan ni mirkaneessa. Geerarsi jajumsaa akaakuu afwalaloo Oromoo keessaa tokko ta'ee kan uummanni Oromoo uummata Afrikaa hedduu waliin qooddatu qabudha. Akka isheen jettutti,Akkuma uummata Oromoo namoota waa tokko hojjetan milkaa'ina argatan lolanii injifatan gidduutti beekama.

2.4.1.4.5 Af walaloo Geerarsa Gaddaa

Uummanni Oromoo geerarsatti fayyadamee rakkoo isaamuudate jalaa miliquufi gadda isaa ibsata.Rakkoo uumamaan hawaasichai rraa ga'uu, fakeenyaf,bishaan nyaachuu, dechee midhaan tolchuu dhabuu, qabeenyaa duraa balleessuu,firri sababa sigigaa decheetiin jala du'uu, hongeen cimaa hawaasicha rukutuufi k.kf.. gadda isaa ibsata. Gadda ilaalchisee Asefan, (2010:205).akkas jedha," Funeral song in Salale this genre is performed by men professional". Namootni hiriya baay'ee jaallatamaa ykn jaallatamtuu waliin dabarsan tokko yeroo du'aan ofbira dhaban afwalaloo geerarsaan gaddaa isaanii ibsatanidha.

2.4.1.4.6 Af Walaloo Bifaa Faaruun Geeraramu

Hayyoonni waa'ee faaruu, weedduu fi sirba jedhu gidduu mormii adda addaa balballoomsu haatuuti, Af walaloon geerarsa uumaama tulluu, dechee, bishaanicha bifaa geerarsatiin faarsuu faayidaan wal-qabatee faarsuu, kabajaa bishaan ibsuun geerarama. Misgaanu, (2011:7). Dhimma kana ilaalchisee akkas jedha, "Faaruu, weedduu fi sirba yaadrimee jedhu gidduu falmiitu jira. Yaadni faarsaa jedhu weedduu fi sirba waan of keessatti qabatu fakkaata. Akka yaada kanaatti faarsaadhaan keessoo miira keenyaa yeroo ibsan nutti weedduus, sirbas of keessaa hin dhabuu. Qorannoon akkaataa itti haadhasaa fi abbaasaa, lafasaa ,bishaan faarsuu, biyyasaa, firaafi lammiisaa jedhee faarsu qaba.Haaluma kanaan, weedduun kan safara gabaabaa of keessaa qabu yoo ta'u, faaruun immoo,uummanni miiraafi dhageettii hubannoo yeroo darbee haala yeroo ammaa dhaloota haaraa ittiin barsiisuu kan ooluudha" Zarihun, (1992:46). akkas jedha,'Yeroo baay'ee uummanni baadiyyaa gamtaanis ta'ee dhuunfaan hojii tokko yeroo raawwatanu

hojicha haala siyaayina qabuun hojjechuuf kan gargaaruu walaloo tarreessuun ni faarsa. ykn ni sirba" jedha. Okpewho, (1992:158). akkas jedha, " For whom there is a much deeper feeling of attachment mother than father" jedha. Yaadichi, eenyuyyuu dhalli namaa abbaa caalaa haadha akka caalchifatudha. Sababiin isaas, kununsuufi guddisuu ijoollee keessatti haati gahee guddaa kan qabdu taatee haaluma kanaan immoo,Ijoolleen abbaa caalaa haadha waliin walitti dhiheenyaan kan guddatan ta'uu isaati. Gama biraatiin ammoo,galmeen jechoota afaan Oromoo, (1996).Faaruu yemmuu hiiku "Sirba gaarii isaa kaasanii sirbuuf, daboo, loon faarsuuf, gochaa gaariidhaan maqaa namaa kaasuu, sagalee galataa mararfachuu" akka ta'e ibsa. Misgaanuu Kitaaba, (Encyclopedia. Britannica, vol.4.863), Kana waabeffachuun, faaruu aadaa yemmuu hiiku "Folk song is one of the most enduring forms of folk literature (Oral litereture) typically that lives in oral traditions learned through hearing and performing that reading and disseminated with in families and restricted social network" jedha. Kunis, sirbi aadaa bu'uura Ogafaanii kan addatti afaaniin darbuu ,dhagahamuufi gochaan maatii keessatti agarsiifamudha. Fedhasaa, (2013:52-53). akkasi jedha, jecha "Faaruu" jedhu kan sochii qaamaa akka ta'etti beekamu danda'a . Haata'u malee sochii qaamaa osoo hin taane walaloo fi yeedaloon walaleeffamee hurruubummaan dhugoomudha. Sochiin qaamaa garuu maqaa ittiin beekamu qaba.Kunis,Hurruubbii jedhama" .Akka Finnegan, (1996).akkas jetti, "Heroes are honored because they have make a final effort in courage and endurance and no more can be asked of them. the heroic poetry is essentially a historical narretive and had always been remarkable for its national character" (page, .4).Yaadichi gootummaan kabajaaf cimina mullisa. Sababiin isaas ,humnaafi obsa cimaan dhiibbaa tokko malee walaloon gootummaa namaa seenessuu keessatti himuu barbaachisaa fi yaadannoo biyyoolessummaa calaqqisiisa.

2.3.7 Yaaxinnaalee Qorannichaa

Qorattoonni afoola firiiwwan afoola adda addaa irratti hundaa'uun qorannoo isaanii geggeessuu. Akkasumas, ragaa ittiin qoratan kallattii isaa kaawwachuuf yaaxinaalee addaa addaa itti akka fayyadaman qorannoon isaanii keessatti ni ibsu . kanaafuu, qorataan mata duree kana itti qu'achuuf yaaxxinaalee jiran keessaa kan gargaaramee addaan baasan ibsuun qajeelchuurraa darbee galma deemamuuf nama hubachiisa. Kana ilaalchisee Addunyaan, (2011:58).Hayyuu Zoltan (2005:225). Waabeffachuun akkas

jedha, "Sakatta'a barruu jalatti qabxiin dhihaachuu qaba.Yaaxxina qorannoon sun irratti bu'uurudha. Dhimmi kun karaa biraan qorannichaaf dallaa ijaaruudha" Akka ibsa yaada kanaatti, qorannicha yaaxxina kam irratti daangeffamee akka jiru agarsiisuudha. Haaluma kanaan mata duree qorannoo kanaas, afwalaloo geerarsa Hawaasa Keessaa funaanaman dhiyaatu qorachuu waan taheef, yaaxxinalee qorannoo afoolaa gargaaran keessaa kallattiin hidhata kan qaban tokko irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffamudha. Inis yaaxina faayidaati.

2.4.7.1 Yaaxxina Faayidaa

Yaaxxinni kun, afoolli faayidaa inni ummataaf qabu maali? Isa jedhu ilaaluun barbaachisaadha. Yaada Jedhu bu'uureeffata. Yaaxxinichi bu'uura barata melvile Herskovits kan ta'e nama William Bascom jedhamuun akka yaada isaati akka ijaarsa kalaqatti hawaasa tajaajiluu walitti fiduu aadaan gidduu galeeessummaan ijaaruuf gargaara. Haaluma kanaan, faayidaa afoolli garaa garaa qabu akkasiin ilaala mammaksa murtii seera qabeessa dabarsuu baruuf gargaara. Hibboon dhugaa qara. Durdurii amala sirreessaa. Geerarsi yookiin faaruun onnee gootaa qara. (Bascom, 1965) jedhe gabaase. Dabalataanis, Bascom, faayida akaakuuwwan afoola maal akka ta'an uummata keessaa galee bu'aa qorannoo isaatiin agarsiiseera Isaanis . akaakuu afoola akka siidaa bakka tokko dhaabbatanii kan hafan miti . Akaakuuwwan afoolani guddatu, ni jijjiiramu, ni fooyya'uu. akaakuuwwan afoola aadaa hawaasaa wajjin walitti hidhatiinsa ilaalchaafi falaasama isaa ni ibsa. akka yaada armaan oli irraa hubannutti, Hayyuuwwan yaaxina faayidaa qaama hawaasaa gargaaraa fi hariiroo isaanii walbira qabiinsa qaamaatiin addeessuu irratti xiyyeeffata. Qaaccessi hayyoota yaaxina tajaajila barbaachisummaa ta'eewwan hawaasaa qorata. Kunis, tajaajilichi hawaasa murtaa'aa tokko akka guutuu isaan bakka bu'uutti ilaalama. Yaaxinni tajaajila yaaxina xiinhawaasaa kan xiinxalaa hubannoo hariiroo hawaasaa tokko tokkoof oolu keessaa isa guddaadha. Yaaxinni kun maalif akkamitti caasaan hawaasa tokko hawaasicha keessatti akka hojiirra oolu faayidaa isaanii lafa kaa'uuf tattaafata. (Bascom, 1996), Gama biraatiin,

Fileen, (2016: 49). akkas jedha, Faayidaa afoolli garee hawaasaa keessatti qabu bifa kanaan gabaabsee kaa'eera. Afoolli haala kamiin nama akka onnachhisu miira ofii ibsachuuf maal akka fayyadu, akkamitti akka jajjabeessu kanneen badii dalagan gorsuuf

ceepha'uun gara amala gaaritti akkamitti akka deebisan qorachuuf barbaachisaa dha. Itti dabaluuinis gaheen dubbii qola mammaaksi geerarsi weelluun weedduun eebbi, abaarsi, sirboonni adda addaa walaloo goota dirree waraanaa gootota dirree misoomaa ciigoo, walaloon boo'icha yookiin gadda banaachuun tabaalliin meeshaaleen aadaa namtolcheef uumamoo adda addaa falaasama fi keessoo hawaasichaa ibsuu keessatti adda baasanii qorahuuf filatamaadha

Walumaa galatti yaaxinni kun faayidaalee gosonni afoola garee hawaasaa keessatti qaban jiruufi jireenyaa hawaasa sanaa wajjin wal-qabsiisanii qorachuuf bu'aa olaanaa qabaachuu isaa nutti agarsiisa. Dorson, (1972). Franz Boas Waabeeffachuun yoo ibsu "Yaaxinni faayidaa afoola saba tokko hawaasicha akkamitti akka tajaajilu gabaase" Akka Sims fi Stephens, (2005: 174). jedhan itti ammoo, yaaxxina kanatti adda durummaan kan gargarame " wiilliyam Bascom" akka ta'eefi "Faayidaa afoolaas, barsiisuu, dhiibbaa aadaa namarratti taasisu jalaa miliquu, aadaa kunuunsuu, qeequu, jajjabeessuuf beekamtii kennuuf akka tajaajilu tuttuqan gabaasaniiru" Yaaxinni Bascom kana irraa wanti hubannu, af-walaloon geerarsa irratti cimee mul'ata. Kunis, af-walaloo geerarsa qeequu, miliquu, bu'aa bahii adda addaa jajjabeessuu fi gootomsuufi k.k.f. Kunis, yeroo gootni garee hawaasa sana keessaa geeraru goota onnee qaruu irraa darbee waahiloota isaa fi dargaggootatti kaka'umsa uumaa, dabeessaa immoo ni qeeqa. Kanaafuu, Walqabsiisaanii qu'achuun bu'aa guddaa garee hawaasa sana akka qabu nu hubachiisa. Gama biraatiin,

Salomoon, (2007:75-76). Mark, (1997:386). waabeeffachuun yommuu ibsu akkas jedhaa. Daayeessi faayidaa daayeessa qorannooolee hawaasummaa biroo waliin ilaalamuu, faayidaalee, afoolli garee hawaasaa tokko keessatti kennu kanas fedhii bu'uuraa ilmi namaa barbaadu bu'uura godhata. Kunis, nyaata dhala godhachuu, fedhii qaamaa, nageenya walitti dhufeenya, sochii guddinaatii kanaafuu, akka ilaalcha kanaatti, afoolli kamiyyuu fedhii kanneen kan guutuu ta'uu qaba. Akkasumas, caasaalee garee hawaasaa keessaa jiran irratti faayidaa ni qaba. Wantoota xiinsammuu hawaasummaa hawaasa waliin hidhata qaban irratti kallattiin wantoota hidhata qaban irratti ni xiyyeeffataa. Akkasumas, garee aadaa hawaasaa irrattis xiyyeeffatee akka qoratu jedhe gabaase.

Kanaafuu, akka ilaalcha hayyoota yaaxxina kana hordofaniitti faayidaan afoolaa hariiroo waliinii uumuu, rakkoo hawaasummaa hawaasa furuu, misoomaaf, eenyummaa hawaasummaa calaqqisiisuu, ilaalcha biyyoolessaa fi addunyaalessaa qabaachuu fi k. k. f akka tajaajilu nu hubachiisaa. Walumaa galatti, Qorataan yaaxina faayidaatti gargaaramee af walaloon geerarsa yeroo ammaa kan hawaasa keessatti sadarkaa maal irraa akka jiru qoratee bira gahuun, walitti dhufeenyaa af walaloo geerarsaa fi hawaasa giduu jiru quuccare deebisan cimsuufi ammayyoomsuun akka itti fayyadamuu gochuudha. Kana jechuun yaaxinni faayidaa ummata yookiin gartuu Fook (*Folk Group*)_ keessatti Looriiwwan garaagaraa argamu hawaasichi yookiin garee Fookif faayidaa inni kennuu hawaasichaa keessatti hiika akkamii akka qabu agarsiisuuf xiyyeeffannoo kan taasiisudha. Gamaa biroon ammoo, gareen fooki kuni uumama naannoo isa akkamitti geerarsaan akka ibsatu yaada hayyotatin yeroo walqabsiifnu,

Asefa, (2010) haayyota akka Jonathan Skinner and Christopher Arigo, waabeffachuun akkasi jedha, "Walaloon naannoo faarsuu jidduutti hidhata walaloon barreeffamaafi seera naannoo waliin qaban, gahee afoolli qabu keessaa geerarsoon ykn sirboonni walitti dhufeenya uumama waliin qabu akka fakkeeniyatti muuxannoo hojii uummanni Ruwaandaa hurruubammaan ibsachaa turuu isaa yoo ibsu. Dabalataan afwalaloo uummata Ruwaandaa sababa uumuun shaakala sirba hurruubsaman walitti fiduun xinxaaluun hanga huruubsichi sirrii tahee argamutti shaakalu jechuun gabasaniiru.

Haaluma walfakkaatun, Innumit, (2015).akkas jedha, "Folk songs in particular, which holds that the physical world and sacred places (rivers, mountains, caves, trees, groves, hilltops) are unique sites for poetic meditation and composition. It is a local ecological perspective that considers the relationship between human cultural contents and their environment as close and indispensable entities" yaadi kunis Oromoon Salaalee fakkeenyummaa yaaxina jalqabaa ibsu afoola, aadaa sirbaa addatti addunyaa mul'atu kanaan walqabatee fi ardaa jilaa (lageen, tulluuwwan, holqoota, mukkeen, bosonaafi gaarreen dhedheeroo) iddoo dinqisiisaa ta'an walaloo fayyadamuun ibsamu. Dhimma naannoo fageessanii hubachuun qabiyyeen aadaa uummataafi uumama naannoo jidduu jiru cimaa fi tokkummaa murteessoo kan qaban ta'uu ibsa.

2.4.8 Sakatta'aa Barruu wal- fakkii

Mata duree kana jalatti qorannoowwan garaa garaa kana achitti qorataman kallattiinis ta'e al-kallattiidhaan qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban sakat'aamuun akka kana gadiitti dhihaataniiru. Kanaafuu,hanga ammaan dubbisetti kallattidhaan mata duree qorannoo kanaan hariiroo kan qabu gaggeeffamee argee hin jiru. Haata'uu malee,qorannoon sadiifi journal tokko kana alkallattiin qorannoo kan deeggaran Yuunivarsiitii Finfinneetti wal-bukke qabee akka armaan gaditti walitti dhufeenyaafi garagarummaa qorannoowwan waliin qaban addaan baafachuun amanamummaa qorannoo dhugoomsa. kanaafuu,

Qorannoon hanga tokko qorannoo kanaan wal itti dhufeeyna qabu, qorannoo Addisuu Tolasaan (PhD), guutachuuf, mata duree *The Historical Transformation of Folklore Genre:The Geerarsa as a National Liteature of The Oromo...* jedhuun bara 1990 hojetedha. Qorannoon kun mala dhiheenya dalaga (hurruubsa) gidduu galeeffatedha. Haaluma kanaan qorannichi akkaataa itti geerarsi haalaa hawaasaa gama siyaasaafi dinagdee yeroo sanaa ibsuuf yaala. Haaluma kanaan geerarsi sochii Oromoon bilisummadhaaf godhu akka ibsu, Addisuun qorannoosaa irratti ibseera. Xiyyeeffannoon qorannoo kana guddaan aadaa hawaasaa ibsuufi gahee geerarsi sochii bilisummaa Oromoorratti qabu ibsuudha. (Addisuu fuula 21) Qorannoon kun haala hawaasaa yeroo sana ture kan ilaalcha keessa galchedha. Faayoo Qaadiroo, bara 2009/2017, *Xiinxala Shoobdoo, Af-walaloo GeerarsaTumaa Midhaanii: Godina Harargee Lixaa, Aanaa Xuulloo*, yuunivarsiitii Finfinneetti waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf gaggeeffame, kan shoobdoo, af-walaloo geerarsa tumaa midhaanii xiinxalu irratti xiyyeeffateedha.Innis, akaakuu boqqoolloo irratti warra dhiiraa qofaan geeraramuudha. Faayidaan isaas, hojiirratti seenaa dabarsuu, qajeelfama adeemsa midhaan itti tumamu waliilaachuufi kkf dha.Qabiyyeen walaloo geerarsa kanaa maatii warra abbaa daboo bifa geerarsaan faarsuu, quuqama ibsuu, qeequufi k.k.fedha.Haaluma kanaan wal-fakkeenyaafi garaagarummaan qorannoo kanaa, qorannoo, Addisuu fi Faayoo,akka armaan gaditti Kaahamaniiru Qorannoowwan sadanu Hawaasa Oromoo keessa walitti funaanaman Haata'u malee,kani Addisuu dokimantii irratti geggeeffame. Qorannoowwan sadanu sadarkaa guddina afaan Oromoo fi bu'aani qabu. Qorannoowwan sadanu qaamota mata duree kana irratti qorannoo geggeessuu barbaaduufi ka'insa ni ta'a. Qorannoowwan lamaan mala qorannoo

akkam taatiin gargaarame.Kan Addisuu dokimanti irratti hundaa'ee. Qorannoowwan sadanu aadaan Oromoo bifa barreeffamaatti akka jijjiramuuf ka'umsa ta'uu danda'u.Garaagarummaan jaraa sadanii Qorannoon sadanu godinaalee garaa garaa keessaatti geggeeffame. Kani Addisuu siyaasa qofaa irratti xiyyeeffatee dokimanti irratti hundaa'ee geggeeffame. Kani Faayoo midhaanii tumaa irratti hundaa'ee.kana jechuun mata-durichi dhiphoodha. Akka Faayoon qorannoo isa keessatti ibsetti maatii daboo qeequu yeroo haalli dabicha qabani ykn harka qaqa'ate, akkasumasi daboo sana sisiyeesuudha. Kanaafuu, afwalaloon geerarsa Laga Dhidheessaa ammoo, falaasama uumama naannoo keessaa bishaan ittiin ibsan ta'ee geerasoota jara sana lama ofi jalatti hammata. Akkasumasi, Siisaayi Magarsaa, (2019). “ Geerarsa caalaa Bultumi, (2008).Qaaccessa diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaaniitiin waraqaa Digirii lammaffaa (MA) Yuuniversitii Finfinnee dhihaate, keessatti walitti dhufeenyi isaa hawaasni tokko diddaa cunqursaa isarraa gahee akkamitti geerarsaan akka wal-kakaasuu fi mirga isaatiif akka falmatu qorannoon lachuu keessatti ni calaqqisa.Akkasumas,qorannoon lamaanuu Aadaa saba Oromoo guddisu keessatti gahee taphachuu danda'a. Qorannoo kiyya, af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessa qabeenyummaan isaa kan hawaasa tahe irratti hunda'aa. Kan Siisaay ammoo, barr-walaloo geerarsa caalaa Bultum (2008), qabeenyumman isaa kan nama dhuunfaatu itti waamama. Kana malees,Qorannoon kuni yaaxina faayidaa gargaarame. Qorannoon Siisaay ammoo, Yaaxina xiinqooqa sirnawaa fayyadame. Haata'u malee, akka ilaalcha qorataatti yaaxina faayidaa dabalatee fayyadamuu qaba. Sababni isaa akka Bascom, (1954).gabaasetti sirbi onnee goota qara jedha. Yaada kana yeroo keenyatti firoomsinu, afwalaloon geerarsa ta'e, sirbaan ergaa wal-dabarsa wal- kakaasuun dargagoota gootomse diina akkanni ofii irraa qolatu taasiisa .Dabalatanis,

Oromo Oral literature Environmental Conservation: A Study of Selected Oral poetry in East and West Hararge Zones

Geremew Chala Teresa and Hunduma Dagim Raga Department of Afaan Oromo, Literature and.Haramaya University, P.O.Box138 Dire Dawa, Ethiopia;

Qorannoon journal kuni, Oromoon Hararge baha fi dhiha falaasama uumama naannawa isaan geerarsaan akkamitti akka ibsatanu qorannoo journal kana keessatti ibsame.Haata'u

malee, qorataan journal fi qorannoon kuni sadarkaan isaa wal-fakkaata, jedhee, utuuhin fudhanne, garuu, qorannoon, kanaaf, journal kuni, lachuu falaasama Oromoon uumama naannoo isaan geerarsaan akka ibsanu irratti wal-fakkaata. Adeemsa isaa keessaa akkaataan achi ibsame, siyaasa, dechee jajuu, qeequu, eeguufi k.k.f .fakeenyaf kaasuun ni dandaama. bakkainni wal-fakkaatu keessaa geerarsota Afi B achii keessaa jiran armaan gadi kana yoo ilaale,

A Eega gobeelleen gogee Garba guddaa hin amanuu

Eega meettaan shamatee Uuda garbuu hin amanuu

Kan jaldeessi hin lollee Gurmuu guddoo hin amanuu

Kan sobee nama ganuu Ani jirraa hin amanuu

B, Dachee haadha hundaa Dachee abbaa hundaa

Sirra kaannaa sirraa nyaannaa, Safuu uumaa safeeyfannaa,

Kakuu uumaa kakeeyfannaa,

Garaa garummaan isa ammoo, qorannoon af-walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa hawaasa keessaa funaanamee, bishaan Dhidheessaa qofaa irratti geggeeffame. kan article ammoo, dokimanti irratti hundaa'ee, laga, muka, decheefi k.k.f irratti qorannoo isaa geggaffame.

BOQONNAA SADI (3) : MALA QORANNOO

Boqonnaa kana jalatti yaada wal-galaa waayee qorannichaa, filannoo hirmaattoota qorannichaa, akaakuuwwan meeshaalee odeeffannoo ittiin funaanamu, mala odeeffannoo qaaccessuu fi naamusa qorannichaatu dhihata. Kunis, tooftaalee qorannoon kuni jalqabaa hanga xumuraatti ittiin geggeefaamu of jalatii hammata. Kunis kutaalee itti aanan keesatti walduuraa duubaan dhiyaateera

3.1 Saxaxaa Qorannichaa

Qorannoon tokko kaayyoo hojetamu fi mala ittin qoratamu irratti hundaa'ee, gosa qaba. Haalumakanaan gosti qorannookanaa qorannoo akkamtaatii dhimma baha. Mata duree kana jalati, mata dureen xixiqqaan hammataman, malleen qorannoo, Irraawwatama qorannoo, maddaa odeeffannoo, iddattoo, mala iddatteessuu, meeshaalee odeeffannoon itti funaanaman, fi malleen qaaceesa ragaa kana of keessatti hammatuudha.

3.2 Gosaa Qorannichaa

Qorannoo kana hojii irraa kan ooluu mala akkamataati. kanaaf, ragaa qorannichaa barbaachisuu funaannachuuf mala akkamtaatti fayyadamanii ibsuun waan qorataa gargaaruuf. kunis, Gaaffii qorannoo ofii rakkoo jira jedhame irratti hundaa'uun ergan qopheeffadhee booda hawaasa keessaa furmaata barbaachisaa taheen gaaffiilee ofii kaasuun akkaata odeeffannoo walitti funaannatani fi akkaataa ibsan irratti bu'aa guddaa qaba. Sababni isa ammo, Kaayyoon qorannoo kanaa akkuma duraan ibsame ergaa af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa qaaccessuu irratti kan geggeeffameedha. kaayyoo kana galmaan gahuuf, Qorannoo kana keessatti odeeffannoon guuraman mala akkamtaatti fayyadamuun gaaffiiwwan qopheefatan irratti gadi fageenyaan xiinxaluun hubannoo bal'isuu ,haala mijeessuuf, waan qorataa gargaaruuf, kunis, karoora koo galmaan gahuuf bu'aa guddaa qaba. Adeemsi saxaxa qorannoo karoora hojii kan qorataan beekuu qabuuf, eessaa ka'ee, eessaa akka ga'u qabu kani ittiin ofi madaala deema kan ittiin hojii qajeelfadhuudha.

3.3 Iraawwatama Qorannichaa

Iraawwatamni qorannichaa hawaasa Godina Buunoo Beddeellee Aanaa Dhidheessaa irratti geggeeffama. kanaaf, Qorannoo kana maddi odeeffannoo tokkoffaa fayyadamee

adeemsisee. Ragaa gahaa kan argadhesi madda ragaa tokkoffaadhani. Kanaaf, Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa hawaasa Aanaa Dhidheessaa kanneen kaayyicha galmaan gahuu jedhamee amanameetu madda odeeffannichaa ta'ini. Kunis wal biratti argamnee odeeffaannoo walirraa guurachuun, Sababni aniy madda ragaa tokkoffaa kanaa rattii hundaa'uuf qorannoo kun hawaasa keessaa funaanuu malee kanaa achitti geerarsi Laga Dhidheessaa ilaalchisee waant barreefame hin jiru. Kanaaf, Maddi odeeffannoo tokkoffaa filadhee hojii irraa oolcheera

3.3.1 Iddattoo fi Malleen Iddatteessuu

Iddatteessuun hirmaattoota walii galaa keessaa kanneen bakka ni bu'aa jedhee amane keessaa iddattoo filadhee akkataa yeroo fi baajata irratti hundaa'uun baayyina walii galaa irraa daanga'aa iddattoo addaan baafachuun iddattoo bakka bu'aa murteeffadhe. kanaaf, Mata duree kanaaf, haala mijataa kan ta'e mala iddatteessuu miti Carraatti fayyadamee. Mala iddatteessuu miticarraa taa'an kessaa akkaayyootti fayyadamee kunis, mala iddatteessuu akkaayyootti fayyadamuun madda ragaa gahaa ta'e waan argadhuu Jedhe amaneef . Haaluma kanaan qorataan mala kanatti fayyadamewaanin barbaadeef, Afwalaloo Geerarsa Laga Dhidheessaa Aanaa Dhidheessaa keessaa dagatamaa waan dhufeef namoota beekumsa gahaa af walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa irratti qaban ifilachuun ragaa sirrii ta'e funaanuuf qorataa gargaara odeeffannoo kennitoonni mala akkaayyootiini filatamanis maanguddootaa dhiiraa 16 ,dhalaa lamaa, Barsiisoota dhiira jaha (6), dhala lama (2), walgala namoota digdama (24) irraa odeeffannoo guurradhee hojii irraa olcheera yaada koo kan deegaruu, Numan,

3.4 Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo tokko geggeessuuf ragaa funaanuun murteessaadha. Ragaan kun immoo meeshaalee ittiin funaanaman adda addaa qaba. Qorataan qorannoo isaa geggeessuuf meeshaalee funaansa ragaa jiran keessaa af-gaaffii , marii garee xiyyeeffanna fi dawwannaatti fayyadameera.

3.4.1 Af-gaaffii

Af-gaaffii banaani gosa odeeffannoo qorannoo kanaaf, Odeeffannoo ittiin funaanaman keessaa isaa tokko waan taheef, odeeffannoo barbaadee warra odeeffannoo kennaan irraa fuula –fuulatti wal-arguun odeeffannoo kan walitti guurradhe sababni

ammoo, af gaaffii banaa filadheef , odeeffannoo yeroo guuratanis ta'e, erga funaanatanibal'isuu, xiinxaluu haala mijeesuu baayyee waan qorataa fayyadeef itti gargaarameera. Akkasumasi, qorataanis af-gaafiin qorannoo kana keessatti fayyadame odeeffannoo kennitoon /informants/ daangaa tokko malee akka deebii kennuufi asuma keessatti irra deebiin ibsuu, qorataanis dhimmota ifa hintaane gargaarame. Gaafiileen af-gaafiif akaakuu gaaffii banaaafur dhiyaate jira. Sababni gaafilee banaa /open ended questions/ argachuuf gaafilee cufaa /closed ended question/ caalaa na gargaara.Jedhee qorataan waanan yaadeefi namoonni gaafatamanis bilisaan akka deebisan mijaawa waan ta'eef. Namoonni gaafilee kana keessatti hirmatanii , waayee af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa irratti yaada na guumatan ,dhiira kudha lamaa(12) fi dhalaa lama (2). walumaa-galatti namoota kudhaa-afur (14) guyyoota gaafa 1 , 3, 10, 21, 6, /2014 ,Dabalate guyyoota adda addaa dhuunfaa-dhuunfaan odeeffannoo irraa guurradhee, hanga dandaameen qindeessee dhiyeesseera.

3.4.2 Daawwannaa

Meeshaalee funaansaa odeeffannoo keessaa kanneen qorannoo kanaa keessatti fayyadame tokko dawwannaadha. Qorannoo kan karaa milkaa'aa ta'een geggeessuuf argannoo tokko bira gaa'uuf odeeffannoon afgaaffiifi marii garee argamuun qofti qorannichaa gahaa waan ta'uu hindandenyeeff, daawwannaan odeeffannoo dabalataa geggeeffamu qaba,jedhe waan itti amanameef. Kanaaf, qorataan yoomessa uumama raawwii af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessa barbaade sana Oromoo naannawa Laga Dhidheessaa Ganda Sooboo keessatti warra jiraatan namotni dhiiraa sadii(3) gaafa 29 /2014 akkamitti akka geeraramu, Laga Dhidheessaa kana bukkee dhaqannee erga mariyatan booda naa geeraruun natti agarsiisani, yaada jaraasi na gumaachani. kunis, iddoo kanaan duraa daaktuun nama ceessiftu, bakka qurxumii namoon qabani dhannee daawwaachuun fi dhaggeeffachuun yaadaa fi qalbiin hubadhee akkaata isaan itti geeraraan viidiyoon waraabee ilaalee qabiyyee isaa hanga hubannoo qorataatiin xiinxalaameera.

3.4.3 Marii Garee Xiyyeeffannaa

Ragaalee gahaa qorannoo tokkoof barbaachisan meeshaalee funaansa ragaa lama qofaan argachuun rakkisaa ta'uu danda'a. Kanaafuu, af-gaaffii marii gareedhaaf mijataa ta'etti kaayyoo qorannichaa bu'uura godhee qopheessuun ragaa gahaa fi amansiisa ta'e

argachuuf, mala kanaan dhaggeeffedhee viidiyoon waraabee ragaa funaanadheera. Kunis, meeshaalee odeffannoo funaansaa ragaa armaan duratti heeraman itti dabaleen ragaa koo guddisuuf qorataa fayyade. Sabaabni, marii garee kan naa barbaachiseef, af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa dagatamaa waan dhufeef isuma funaaname sirrii ta'uu isaa mariyachisee yaada jedhu qabaachuun mana jaraa deemee, walitti gurmeessuun onnachiisaa Geephaa ykn Sooboo naannawa Laga Dhidheessaa gaafa waxabajjii tokko hanga kudhashanii gidduti gareenamoota sadi hanga afur qabuun garee sadiitti qoode geggeesse. Adeemsi kunis kan raawwate akkaataa filatamanitti waayee af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa irratti beekumsaafi muuxxannoo gaha qabu, jedhe yaadu maanguddoota qindeessuun af-gaaffii qopheessuun akkaata hubannoo qabaniin gareen lamaa gaafa 11/2014

Af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessa ergaa akkami qabaa?

Isa jedhu dabalate, gaafilee afur irratti waliin mariyatani odeffannoo sirrii ta'e irraa funaanadhe. gareen miseensa nama sadii qabu ammoo, gaafa 6/10/2014, Faayidaa af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa maal? Isaa jedhu irratti mariyatani booda odeffannoo garee lachuu irraa yaadannoon guurradhee, Viidiiyoonis waraabee Akkasumasi, akkaatan mariin garee kuniitti geggeeffamee namoota beekumsa aadaa qaban jedhamanii yaadaman garee sadii kan qabu, maddoota ragaa irraa aragaman Kunis, garee 1ffaana dhira =3 dub_ Wg. = 3 gareen 2ffaana dhi = 4 dub.-Wg. =4 garee 3ffaana dhiira sadii (3) godina Buunnoo Beddeellee Aanaa Dhidheessaa Ganda Sooboo keessattii gaafilee bana afur qopheessee dhiyeesseef irratti mariyatni booda yaada jaraa akka armaan olitiin heeramen guurradhe, galee hanga dandeetti qorataatin xiinxalame. dhiyaateera.

3.4.4 Mala Odeffannoo Xiinxaluufi Hiikuu

Odeffannoon walitti qabe mala qorannoo akkamtaatiin qaaccesse. Sababni isaas ,odeffannoo hirmaattoota irraa af-gaaffii, marii garee xiyyeeffannaa fi daawwannaan argame viidiyoon deegare walitti qabe qindeessee, gosa gosaan qoqqoodee dhiyaatee jira. Ragaa walitti qabee qindeessee keessatti adeemsi qulqullinaan ragaa sanaa ibseejiraachuun barbaachisaadha. Qulqullinni gosa qorannoo kamiyyu qulqullina adeemsa ragaa sassaabuufi qindeessuun kan walqabate ta'u danda'a. Ragaalee walitti qabuuf adeemsa filannoo iddattoota irraa jalqabee mala odeffannoo funaanuun ragaa walitti qabuuti. Ragaa

marii garee, af-gaaffiifi daawwannaan erga walitti qabee booda haala walitti dhufeenyaa isaaniin walitti qabee qooqoodee jechaan ibsuun kan gaggeesseedha.

Malli qacccessa ragaa qorannoo kun ittin hiikame akkuma armaan olitt heerame, mala akkamtaatti. Sababni isa ammoo,af-walaloon geerarsa Laga Dhidheessa hawaasa Aanaa Dhidheessaa keessaa warra muuxxannoo fi beekuumsa qabani irraa guurame ibsa waan itti kenneef.Haaluma kanaan odeeffannoowwan af-gaaffii , marii garee xiyyeeffannaa fi daawwaannaan argame gadi fageenyaan sakatta'uun xiinxalamani kallattii yaaxinoota filatamaniitiin ibsi itti laatameera

3.4.5 Naamusaa Qorannichaa

Hojiin qorannoo keessatii naamussi qoraanoo gahee guddaa qaba. Kunis,qorannoo gaggeeffaamu keessatii iccitii hawwaasichaa eeguun qulqullinaa fi amanantummaa qabachuun hawwaasichaaf akka ooluu gochuu keessatii qooda guddaa qaba. Kanaafuu,qorataan ragaan kennitootaa of ibsuuf xalaayaa seeraa qorannichaa akka geggeesuu kenname qabaachuun barbachisaadha. Kana malees,aadaa, duudhaa fi safuu hawaasa naannoo fi od-kinnitoota kabajuu fi ofeeggannoon socho'uu fi qalbiidhaan dubachiisuun gara kaayyoo ofiitti cee'uun dirqama qorataati.

BOQQANNAA AFUR (4)

RAGAALEE QAACCEESSUU FI HIIKUU

4. Af- Walaloo Geerarsa Laga Dhideessaa

Odeeffannoo gama kanaan jiru beekuuf, qorataan kun af-gaaffii hin caaseffamneen gaaffii fi deebii namoota haala raawwii wal-galaa geerarsa Laga Dhideessaa beekaniif taasiiseen, marii garee xiyyeeffannaanamoota duudhaa geerarsa beekan waliin taasiisee fi daawwannaa godhame irratti hundaa'ee, ragaalee adda addaa argate, akka itti aanuutti gargari qoode ibsa itti kenne jira.

Haaluma kanaan gaaffileen qorataa kanaan, mata-duree kana irratti kaafaman gaaffiile hin caaseffamne yoo ta'u, gaaffiileen kunis, sadarkaa, sadarkaan qoqqoodamanii, tartiibaan wal-irratti rarra'aanii, kaayyoo irratti hundaanii, namoota madda odeeffannoo qorannoo, kanaaf, dhiyaataniiru. Warri gaaffiileen dhimma kana irrattii dhiyaateefis, Obbo Mahammed Daannoo Araddoo jedhamu. Jiraata ganda Yeemberooti. Af-gaaffii (1/9/2014) dhiyaateefi irratti himaanitti

1 Af- walaloon geerarsa Laga Dhideessa maal irratti hundaa'ee geeraramaa?

2 Faayidaan af-walaloo geerarsa Laga Dhideessaa maal?

3 Af-walaloo geerarsa Laga Dhideessaa dhaamsa akkamii dabarsaa?

Af-Walaloon geerarasa Laga Dhideessa geerarsa aadaa Oromoo keessatti beekama dha fi bakka guddaa qaba. Geerarsi ogummaa fi dandeetti uumamaan argatan kan itti gammachuu, gadda, quuqama, seenaa , didaa booree ,geerarsa uumaama naannoo keessaa bishaan, Dachee, bosona fi k.k.f. Haata'uti, jedhu, geerarsi iddoo iddoodha garaa garumma qabaachuu danda'a. Ani Buunnoo ,Caaraa Guumaa keessaa danuu jiraadhe. Akkaataan itti sagalee ittiin geeraramuu fi haalli itti dhihaatuu, adda addummaa qaba. Geerarsi lama jira. Innis geerarsa nama waan cimaa dalageefi geerarsa gurguddo jedhamu. Geerarsa nama waan cimaa hojete, jedhu duulee diina ofii ajjeese, kan mirgaan galee ykn bineensa gurguddaa (leenca, gafarsa, arba, qeeransa fi k.k.f) adamse ajjeese, biyya keessatti kabaja guddaa qaba.

Kunis, yeroo cidha, yeroo ayyaana fi k.k.f itti geeraramaa. Haata'uti, geerarsi kuni, sirnaa fi akkaata qaba. Adeemsa kana keessatti duraa Waaqaa, Dachee, bishaan, midhaan, looni fi daadhii erga faarsani booda geerarama. Geerarsi ini kaani immoo, hojii qabateetti muudannoo fi muuxxannoo, gadda , gammachuu, diddaa siyaasa, jajuu fi k.k.f irratti walqabatee geeraramaa. Haata'u malee, geerarsi Laga Dhidheessaa geerarsa warra waan ciciimoo, diina ajjeessuu, bineensa gurguddaa ajjeessuu irraa ulfina qaba. Warri waan kana ajjeesse dura bishaan, Dachee, kkf erga geeraree ka'ee, booda gara waan milkaa'eetti darba. Gama birattiin ammoo, geerarsi bishaan kuni ofii danda'ee geeramaa. Kunis, geerarsi Laga Dhidheessaa, yeroo caamsa hammate kadhannaaf, yeroo gannaa bishaan daakamu, yeroo bishaan gabaa ceesiisuu diduu, yeroo birraa qurxumii bishaan keessaa kiyyaatanu, yeroo qarqara qotanu fi kabaja bishaan ibsuudhan walqabatee geerarama, jedhu.

Akka Ragaan odeef-kennaa kana irraa argame ibsutti, geerarsi bakka lamatti qoodama. Isaanis, geerarsa qondaalaa fi geerarsa gurguddaa jedhama. Kunis, geerarsa qondaala kan jedhamuu , kan duulee diina ofii ajjeesse kan mirgaan galee. Bineensota kan akka (leenca, gafarsa, arba, qeeransaa fi k.k.f adamsee kan ajjeese qondaalaa jedhama. Haata'u malee, geerarsisirnaafi tartiiba qaba. Yeroo hunduma dura geerarsi uumama naannoo Dechee, daadhii, bishaanifi k.k.f dura faarfame (geerame) booda, gara waan yaadetti darba. Af-walaloon geerarsaa Laga Dhidheessaa bishaan ykn malkaadha. Kuni Oromoon lafa itti irreeffatuudha. Kanaafu, Yeroo caamsaa utuu kadhannaa hin geggeessini duraa wal-gahaanii waayee caamsaa ykn rakkoo jiru geerarsa kanaan wal-kakaasuun, bakka bishaan Dhidheessatti hayawwaan (beeladoota), sabiyyii ,jaarsa, dullacha, guuranii bishaan qarqara geessani, akka jarrii bishaan hin dhugne hanga kadhana geggeeffamutti godhu. Kana irratti ammoo, hoolaa gurraacha qalanii buna qalanii, kallachii fi caaccuu dhufee araarri geggeeffamee, geerarsa kadhanna finiinsu. Kana boodas erga namoonni gurguddaan galani, geerarsa kadhanna fi irreechan wal qabate ji'aasana ni geerarama. ykn haala kadhannaan leelliifamaa. Gama biroo ammoo, warra bishaan Dhidheessaa daakani gabaa fi karaa deema ceesiisanuun geerarama. Warra Dhidheessaa irraa faayidaa argatanuun, qurxumii fi k.k.f geerarama. Waluma-galatti, Oromoon kadhanna tti wal kakaasuu dabalate jaalala, gadda, gammachuu gootuma, , jajuu, siyaasafi k.k.f hunda geerarsaan ibsata. Af-Walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa kanaan Oromoon

naannawa Dhidheessaa ,ammoo, falaasama uumama naannoo qabanu akka ittiini bsatanu irraa hubachuun dandaameera.

4.1 Gosoota Af-Walaloo Geerarsa Laga Dhidheessaa

Qorataan kuni, gasoota af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa kana adda baafachuuf, gaaffii geerarsi Laga Dhidheessaa gosa qabaa? Jedhuu namoota madda odeeffannoo qorannoo, kanaaf, gaaffii kan dhiyeesse yoo ta’u, isaanis, Abbaa Gadaa aanaa kan turani, Obbo Xaha Ahimed gaafa, (10/9/2014). Gaaffii dhiyeesseef, irratti dhiyaatanii, akka armaan gaditti deebii kennaaniiru.

Geerarsi waan irratti hundaa'ee geeraramu qaba. Af-Walaloon geerarsaa, Laga Dhidheessaa akkuma geerarsa Oromoo biro bakka garagaraatti qoodama. Sababa malees hin geeraramu. Kan geeraramus ganna, bona ykn yeroo hunda kan geeraramu jira. Isaanis uumama naannoo keessaa bishaan, jajuu, qeequu, gadda, siyaasa, gootuma fi k.k.f Haa ta'umalee, gootummaan bishaan irratti waan daaktuun biro dadhabdee, bishaan keessaa baasuu,yeroo bishaan hammatuu waa ceesiisuu danda'uu dha, malee, bineensota gurguddaa ajjeessu miti. Gama biroon ammoo, qarqara biratti galani gannaa fi bona bishaan irratti hojetani milkaan akka cimaatti ilaalamu.

Akka raga odeeffannoo –kennaa kana irraa argame ibsutti, af-walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa kan yeroon daangahee fi kan yeroon hin daangoofne akka taheedha. Dhimmoota irratti hundaa'ee geeraramusi qaba.Isaaanis Kan yeroo hin daangoofne, jaalala amantii yoo ta’u, Kan yeroon daangahee, geerarsa gadda, qeequu, hojii, siyaasa, goota fi k.k.f dha. Kanaaf, bineensota warabboo, qellejje, sololliyaa garaa garaa Dhidheessatti kan argamtu,yeroo bonaa waan ta'eef, yeroo sana hawaasni adamse akka nyaatuf kan irratti hundaa'ee akka geeraramu hubachuun dandaameera. Kanaaf, geerarsi kuni,yeroo bona bineensota kana qarqara Laga Dhidheessatti akka argamutti qabame yeroo sana geerarama. Adeemsii isaa yeroo sana haa ta'u malee,akkaata barbaachisaa ta'een hawaasichiitti gargaarama.

4. 2 Faayidaa Af-walaloo geerarsaa Laga Dhidheessaa

Odeeffannoo gama kanaan jiru beekuuf, qorataan kuni, daawwannaa gara Dhidheessaatti qajele namoota muuxannoo qabaniif,gaaffi Faayidaan af walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa maal? Isaa jedhuuf gaaffii dhiyeesseef,

Od-himaan obbo Zinabuu Abduu jedhamu ,guyyaa, (11/9/2022). Daawwannaa godhamee irratti Dhidheessaa biratti dhiyaatani akka himanitti, faayidaan bishaanichaan wal-qabatee geerarama. Haata’u malee, geerarsi kuni yeroo kaa nammoo, yaadoon yoo namatti dhufee biyyaa irraa yoo fagaatani geerarama. Haa ta’u malee, faayidaa fi safuu bishaan jajuu, eeguumsa Oromoon bishaan wal qabatee, yeroo hunda geeraramaa. Jechuun deebii kennaaniiru. Gaaffii dhuma kana Obbo Jamaal Cooraa, Obboo Nashaa A/Garoo fi A/Nuura A/Boor jedhamuuj iraata ganda Jaamiyaati .marii garee gaafa (6/10/14) hirmaatani irraatti marii erga geggeessanii booda akka himanitti, faayidaanaf Walaloo geerarsaa Laga Dhidheessaa maal? Od-him tonni kuni, akka himanitti geerarsi laga kuni, akkuma geerarsa biro yeroo geeraramuu waayee bishaanii fi bideena geerarameen booda gara dhimma geerarsa geeraruu barbaadeeti ceehama. Kabajaa bishaanii f jecha geerarama. Gamaa biro nammoo, geerarsi Laga Dhidheessaa kuni, waa hedduuf geerarama. Kunis, adeemsa aadaa bishaanii balleessu, (haraa itti gatu fi k.k.f) faayidaa bishaan ichaa irraa argamuun wal-qabatee geerarama. Ayyaani bishaanichaan, waayee irreechaan, wal-qabateesni geerarama. Hundumti geerarsaa waamalee hin geeraramuu. Namni tokko yoo aarii afuura baafachuuf geerara. Adeemsa safuu bishaan irratti cabsee agiboo geerarsaan geeraree dabaa dababaasa .Kan biraa ammoo,aadaa cabsuun wal-qabateeni geeraramaa .Akkaaadaa Oromoo tti bineensa haaadhoo ajeessuu, qurxumii ilmoo qabuu, bishaan itti waan hintaane gatuuk.k.f wal-qabatee geeraramaa. Adeemsa bishaan jajuu, dinqisiifachuu, faarsuu, ulfina bishaan fi geeraramaa.Kuni hunduu aadaa bishaan sana eegamee faayidaan keenyaa akka itti fufuuf jechuun yaada isaan himaniiru .

Akka ragaan Od-kennitoota kanaa irraa argame ibsutu, faayidaan geerarsa Laga Dhidheessaa kuni uumama naannoo keessaa falaasama Oromoon bishaanii qabu ibsuu waanta'eef, adeemsa Oromoon ilaalcha bishaani kabajaa kennuun safuu, duudhai rreechaan kan ittiin calaqisiisee geerarsa Laga Dhidheessaa kanaan wal-barsiisee uumama

naannoo isaa kabajiise, dinqisiifataa ,jaja itti fayyadamaa, rakkoo isaaf,furmaata kennaa,qabeenyaa uumama kana beekumsa geerarsa kanaan safuuf,duudhaa bishaanichaa eegamee, dhaloota irraa dhalootatti dabarsaa,har'a nu-ga'ee. Geerarsi kuni, harcaahuun kan ka'e safuufi duudhii bishaanichaa erga manca'ee qabeenyaan uumamaa kuni, haqilii dhabee, haadiyyootti akka hafee, ragaa kennameerra hubachuun dandaameera.

4.3 QabiyyeenAf-Walaloo Geerarsa Laga Dhidheessaa

Odeeffannoo gama kanaan hawaasa keessa jiru beekuuf, namoota duudhaa geerarsa beekanuuf akka irratti marii geggeessanuuf,gaaffi qindeessee dhiyeesseef, isaanis,

1 Af–Walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa ergaa kkami qabaa?

2 Maaliif geeraramaa?

Warri irratti mariyatanis, Obbo A/Olii Imaam, Br/siisa Dachaasa Balaayi, (MA), Br/siisa Daraje Mangashaa Firrisa,(BA) Wandimuu Baabuu, Mangashaa Awaajii, A/Macaa A/Caamsaa, fi Mahammed A/Diiduu gaafa quyyaa (11/2014) garee lamatti qoodamuun, marii bal'aa irratti erga geggeessani, booda Barsiisonni lamaan quucahanii akka armaan gaditti yaada isaan naa kennaaniiru.Yaadni kuni, jechamootaa fi jechoota walaloo geerarsa muraasan,yaada baayyee ibsuuf humna qabeessa ta'an,nama hubachiisa.Dubbii ibsuuf geerarsi muuxxannoo namoon ni bara dheeradhaaf, qaban gaddasta'e,gammahuu, haadhawaas, miawaa, ibsuu calaqisiisuuf gahee olaanaa qaba. Akka wal-galatti jiruufi jireenyaa hawaasa tokko mul'isuuf dandeetti guddaa qaba. Erga geerarsa beekuufi aadaa Oromoo gadi fageenyaan sirritti beekuun barbaachisa akka ta'e, mariin garee kuni itti wal-galeera.

Akka ragaa kennaa kana irraa hubachuun dandaamutti,qabiyyeenaf-walaloo geerarsaa Laga Dhidheessaa akkuma geerarsa warra kaani jechamoota walaloo geerarsa muraasan yaada bal'aa dabarsa.Kunis geerarsi jiruufi jireenya saba tokka haala dhuftee, seenaa, muudannoo, muuxxannoo, aadaaa mantii, barsiifata, safuu eegisisuu, gadda, gammachuu, jajuu, hojii, geerarsa bifa faaruun uumama naannoo keessaa bishaan kanaan wal-qabatee falaasama isaa akkamitti akka ibsatu, wal-irraa barachaa, itti gammadaa kan wallaalee ammoo,hawaasa Oromoo maal jennu k.k.f jechoota muraasan wal-qeeqa, dheekkama, gorsa, barsiisaa utuu wal-itti hin mufatiin haala salphaan gurra buusaa guurii

keessaa baasa turee. Haata'u malee, jechamoota fi jechoota muraasaan ergaa bal'aa af-walaloo geerarsa keessaa jiru beekuuf, qaaceessuu, dinqisiifachuuf dandeetti namni walaalicha dubbisuun qabuu beekumsa aadaa Oromoo beekuu barbachisaa akka ta'ee irraa hubachuun ni dandaama. Akkasumasi, ummanni waayee rakkoo tokko isaa qunname yeroo dagatu jaarsoliin sababa maal? Rakkoo kuni nutti dhufee isaa jedhu jechamoota fi jechoota dhokataa geerarsoota keessa jirun, hawaasa tu-tuqaan yaadachiisuun, rakkoo sanaaf, mala dhahanii geerarsichaan utuu wal-hin dirqisiisin maraartoodhaan bu'aa barbachisu argataa, akka turan irraa hubatameera.

4.3.1 Af-walaloon Geerarsa Laga Dhidheessa Kallachaa

Fkn: kanneen jalaa qaban

Iyyoolee yaa rooba! nuu Roobii!

Nuu offolichi soba! koobii

A, Yaa Waaqa gurraachaa Irreechaa Dhidheessaa

Dhidheessii qorichaa Xiiqiin ilmi namaa

**Xirinyahee namichaa Wal-miidha abijachaa
Hooddaan lafa xiichaa Dubbii kanaaf jechaa
Hongeen nutti cichaa Waaqa keenyatti cichaa**

. B, Yaa biyyaa Dhidheessaa Hoddaa maashii fi hollaa

**Qulqulloofne ammaa Eegri keenyaa dhiqinnaa
Ilmaan keenyaa dhimmaa Wal-hunaannaan dhaalan
Jiisaan maaddii dammaa Caaccuu kallachaa kormaa**

C, Yaa ayyaana abbaa koo Nuun-maree dhawwaanii

Gurraachaa garaa koo Qoollifate ayyaanii

Nuu-araarami kallachaa kormaanii

Yaa dabaqqaa Dhidheessaa Qoraasumaa roohoo

Onneen keenyaa honneessaa Qooraasomne keessaan

Yaa Waaqa gurraachaa Irreechaa Dhidheessaa

Nuu-roobi didichaa Yaa waaqa kallachaa

Hayawwani Dhidheessaa unachaa Dhidheessii geerra'ee

Dhakaan muu-mul'achaa Yaa Waaqa gurraachaa

Irreechaa Dhidheessaa Qooraafamne maloo!

Nuu-baraarii kallachaa Hadara Waaqa irreechaa

Obboo Mahammad Daannoo Araddoo(1/9/2014) Ganda yemberoo irra fi

Obboo Imaami A/Qannoo A/Qoyyaas ,(15//6/202). Gandaa Dansoo irra

Af-walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa kuni, jalqaba waayee aadaa Oromoo fi jechootaa achi keessa jiranu, erga waa jenneen,booda gara waan jedhamuti jennaa,mee guurra naa-kennaa, Oromoon Waaqa gurraacha tokkotti amanaa, Oromoon naannawa Dhidheessasi akkana, walii sirreessaa deemna beektoota akka kafanaa! Kanaaf, kallachi meesha hoodaa, ulfina guddaa kan qabu yoo ta'u, bifa lamaan beekama. Isaanis: Kallacha kormaa fi kallacha laafaa jedhamu. Kallacha kormaa warri qaalluu caaccuu waliin qabatu. Kallacha laafaan warri gadamoojjii mallattoo aangoo agarsiisuuf, kallacha irratti kan hidhataniidha. Kallachi wal itti bu'iinsi yoo uumame, jaarsoliin qabatani jidduu yoo seenan bakka kallachi jirutti, wal itti bu'uun safuu cabsuu waan ta'uuf, sodaa guddaa uuma. kallachi iddoo ayyaana moggaasatti, wal-tajjii irratti ni baha. Ilmi guddifachaa ilma kallachaa jedhame waamama. Sirna guddifachaa raawachuu /seera guutuuf/ kallachi ba'ee moggaasa raawatama. Caaccuunis warra dubartotatu fudhatanii, araara, rooba kadhachu ba'aa malee, abaarsa hin ba'uu. Kanaaf, af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa kuni, kallacha wantin jedhmeef, araara namaaf, namni waaqatti araaramudha. Kanaaf, kallachi ulfaawwan uummata Oromoo biratti iddoo olaanaa ykn kabajjaa olaanaa qaban keessaa tokko. Kallachi dhimma ulfaatafi malee gadi hin basanu. Akkasumasi, malkaan iddoo namaafi uumamni biroo irraa bishaan dhugu yoo ta'u, Lagni Dhidheessaa ammoo, laga

gurguddoo Oromiyaa keessaa tokko, kanaaf, Oromoo naannawa Dhidheessasi laga kanatti irreeffatu. Akkasumasi, rakkoolee namaa fi nama gidduu, namaa fi Waaqa gidduu uumamee, bakka Dhidheesaa kanatti, furmaani akka argamu geerarsa kanaan sochiin eegala, dubbistooni koosi dubbii kana baraa. Waaqayyo ammoo, dirree tana dirreewwan biroo irraa adda ishee taasisee uume. Kanaaf, Waaqa bishaaniifi qilleessa uumee, lubbuun akka jiraatu taasise bakka jiidhaa kanatti, wal-gahahanii, yoo kadhatan, Waaqni namaaf dhagaha jedhanii amanu. Kanaaf, af-walaloo geerarsa Laga Dhidheesaa kunis, akkaata, aangi walaloo (a,b,c) kunneen bu'uura ka'umsaa fi goolaba ya'aa yaada dhiyaateen ta'uu baatullee akkaata armaan gadiitin xiinxalamaniiru.

A (Toorri bo'oo, (1--5), Geeraraan kuni, Dhidheessatti yoo irreeffanne furmaata rakkoo keenyaa Rabbiin bishaan kana uumee biraa argachuu dandeenya. Namni faana wal dhahee rakkoo walitti uumuu barbaade wixxifata, warri kani ammoo, bookisee walitti kakachuudhaan karaa dabarsu wal dhowwa. Sababa kanaan kan ka'e, Waaqni rooba nuurraa dhowwaa. Jedhee, geeraraan kuni, ilmi nama yeroo wal irraa yaadan fagaatuu ofittummatu dhufaa. Kuni ammoo, Waaqa kadhachu irratti danqa nutti ta'ee, fala ka'a jaarsoli rakkoon biyyarra gahe, dubbiin hongee lubbu-qabeeyyii hunda dhahe, Dhidheessii goguuf guyyaan isa gahe, jireenya bor-dhiisee deemuuf biyyaa waliin dhahe, namicha miidhee utuu moo'ee, ammamii biraa hafe aduunyarraa taa'ee, mee natti himaa warri haaloo xiiximma'ee Kanaaf, gara fuulaa duraati jalqaba Waaqa kadhachuuf, walitti araaramna. Jedha, geerarsa isaa itti fufee.. B. toori bo'oo, (6--9), kanaaf, yaa biyyaa wal-miidhaa keenyaa dhiifnee, rooba caame kana kadhannee, egere keenyaa dhiqinnee, garaa fuula-duratti ijoollee keenyaaf, amala gaarii akka darbuu goona. Yeroo akkasi goonu jireenyaan keenya jiisaan maaddii damma goona, barakaan nuuf deebi'aa, jireenya keenya moonaa, Bishaan jiidhaa kan irraa uumamneesi, bishaanii kanaa kani ittiin jiraannus. Maaddii kan waa ittiin nyaatamuu waddeessa, maal jetta yaa obboleessa? jaalalli jiraannan jireenyi baayessa, jireenyi hin darba akkuma fixeessa, akkaakkayyuun kee meerree? warri kaleessa! atiso darbuuf teessa, akkuma warra kaleessa! isakamiif lafa xiicha teessa adara obboleessa!, waan himamuu qabu fixeera ofi keessaa, fudhachuun ga'een keeti waan si-fayyadu keessaa, akkuma wal-galatti ariifachuun dubbii balleessa! Kanaaf, geeraraan kuni, maaddii jechuun isa ulfina jireenya ykn maaliyyu rooba malee jiraachuu hin danda'u. Kanaaf, caaccuu gadibaafne, wal-qulqulloofne, Waaqati harka

baafna, isini ammoo, kani biraa yoo jiraate natti hima. (ibsa geerarsa), Gama biroon ammoo “jiisaan dhaaba damma kan ilmaan kanniisaa adii ofii keessaa qabu .Rigaan dammaan walitti maxansame nyaatama. Namni jiisaan makee damma nyaatu hin quufu jedhama. Kuni namatti toluu isaa agarsiisa. Akkasmasi, maaddii wal- jaalallii jiraannaan ni guddataa, jedhame amanama. Kunis, har'as ta'e, dursi dhugaadha. Kanaaf, geeraraan kuni wal bira qabee jaalalli yoo jiraate: barakaa jiraa : barakaan jiraannaan nagaan karaa Waaqaa arganaa. Wal-jibbaa keessaa ammoo, dhiigatu bu'aa: dhiigni buunaan ammoo, dallansu Waaqaa dhufaa :Kuni ammoo, bal'aa nutti harkisaa, ofittummaan maaliif ofitti fannisa, jireenyi ofi isati rakkisa, namni maaliif ofi dhiphisaa, hunduu karaa deema, eenyutu decheerratti ofi anbisaa? kanaaf, geeraraan kuni caaccuu korma kallachaa! jechuun isaa "warri sobaan wallole sonbaan araarama, warri dhugaan wallole kallachaa fi caaccuun araarama" Kanaaf, kallachi asi keessatti namni wal itti araaramu fi waaqatti araaramudha. Akkasumasi, Caaccuun ulfaa uummata Oromoo biratti kabajaafi ulfina olaanaa qaban keessa tokko.Caaccuun gogaa goromsaa irraa eellaanifi calleedhaan bareedee tolafama. Caaccuun abarsaaf hin bahu. Yoo dubartoon caaccuufi siiqqee qabatnii araara, rooba, fayyaa-hormaataa fi waan kkf Waaqa kadhachuf baha. Haati caaccuu, caaccuufi siinqee qabatee waraana jidduu yoo seente, waraan ni-dhaabata.Jedhee, geeraraan kuni hawaasni akka wal-jaalatuuf, maqaa Waaqatiin kakaasa deemsa araara gurra buusa, dhaamsa isaa dabarsa geerarsa isa itti fufee... C.(toori bo'oo, (10--19), Abbaan keenyaa sirritti aadaa hordofaa akka turaniifi nuu-hordofaa hin jirruu. Kanaaf, ayyaanni bishaan kuni qoollifate ykn nutti jallifate akka duriitti seera isaa guunne irreeffachuu dhiifne. ykn wal-miidhaa irreeffanne. Kanaaf, kadhaan keenya faayidaa dhabee, raajiin bannaan roobni nuu irraa caamee, bishaan Dhidheessaa kuni qallatee gara cituutti adeema jira. Qalbiin keenyaa isaa daganne turee, siiloofneera, ykn balleessa keenya irraa deebineera. Dhidheessii ammoo, baayyee bucateera. Nuu yaadesee dhakaan hundeen mul'achu eegalee. Kanaaf, qalbiin keenyaa roorahee, nuu sodachise, nuu araaramii Rabbii Kallachaa! (hiika al kallatti geerarsa), Qooraasomni dabaqqa kan jedhamu muka roohoo haaraa itti qoraasuu fi gaaguraa yeroo fannifamu ittiin ulamu.Kallichi ammoo, akkaata af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa keessatti dhufetti , araara Waaqati araaramuu fi namni walitti araaramuun tokko ta'ee, Waaqa kadhachuudha. Qoraasomne jechuun geeraraan kuni, akka roohoo ykn gaaguraa ulamee,

balleessa duraan hojeta turree, dhiifnee walii qulqulloofneer. Amma dhamaane yaadni keenya rooraa'ee gara itti deebinu dhabnee, nu ofolchii, rakkoo kana keessaa nuu-baasi. Kanaaf, Yaadota adda addaa waliin dorgomsiisee walittii fidee ummanni akka tokko ta'uuf, Waaqati harka baasa , gara fuula duraat wal-jibbaan nu-keessaa baasa, adara hin ta'ina bishaan bakkee keessa, wal-galaan jireenya gaarii teessa, jireenyi ni darba akka fixeessa, isa-kamiif wal-gadi dhaha teessa, waliin irreeffana irreechaa Dhidheessaa, aadaan keenya jireenya mi'eessa, xurii keenya dhiqanna hin holina hundi keessan Dhidheessa, waaqni nu-hajaalatu dubbiin achi keessa, ani fixeera waanan jedhu ofi keessa, geerarsi koosi adeemsa nageenya keessaa, isini ammoo, geeraraa maatii hunda keessaa, dhaloonni ha-dhaga'uu dubbii geerarsa keessaa, yoon karaarraa maqee adara na-gorsa, hunduu walitti himaa deema jireenya adunyaa keessaa, nagaan wal arginu irreessaa Dhidheessaa, geerarsi koosi dhume harka waaqa irreessa, inni nuu ha-qajeelchuu jireenya daba keessa! jedha hawaasa karaa qabsiisa geerarsa isa biraa karaa qabe!

Akka wal galatti,af-Walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa kuni, hawaasumaadhan hawaasni tokko rakkoolee isa qunname akkamitti aadaa isatti gargaaramee rakkoo suni sababa maal? Akka ta'eef, akkamitti furmaata argachuu akka qabu, mala dhahee rakkinichaaf, furmaata barbachisaa argachaa akka ture irraa hubachuun ni danda'ama.

4.3.2 Af Walaloo Geerarsa Laga Dhidheessa Jajuu

kani jalaa qabu
Ishoohee! Ishoohee!
warri beeku beegge

A, Dhidheessii maggoo biyyaa Aaduunii irraa eeguu

Nuu-kennee Waaqni kiyyaa Kan-ulee nuu-eeguu

Ishoohee!

Sabbata abbaa biyyaa Warri qabne iyyaa

B, Dhidheessaa kuulanii Addeessa isaa iyyaa

Hoomacha yoo ilaalanii Alaala yoo iyyuu

Naatoodhaa yaahaanii Burraaqnii bishaanii

C, Biyyii Dhidheessumaa Jamiin jaalatanii

Dhidheessisi biyyumaa Warrii qalbiin jireessaa

Waliin firoomanii Sanyuu Dhidheessaanii

D, Hooddoon Dhidheessaa Qaanquree halkanii

Warra faqiira qalbii Xirinyaachoo waa namaa

Miliqisoota halkanii aggoo boroo namaa

Dhidheessaa osoo qutteessani Keessoon hin ilaani

Warrii yabbaatti sa'aa gurgurani Masaanuu Dhidheessaani

Utuu hin nyaatamini Asi deebiitani jamaa maal taatani

A/Olii Imaami Ganda Sooboo Af gaaffii gaafa (29/9/2014). geerarsa kanaa kani naa geeraran.

Af walaloo Geerarsa Laga Dhidheessa jaju kana yaroo Xiinxaluu

A. Toorri bo'oo,(1--3), Geeraraan kuni, yeroo geeraru Dhidheessii dallaa biyyaa tahee diinoota keenyaa irraa nuu eeguu, nuu badhaase waaqni kiyyaa. Kan ulee nuu eeguu akka nama saawwan bakkee keessatti eeguuti nuu tiksaa. Kanaaf, diinni akka fedhii isaati nuu-keessaa burraaqe nuu balleessuu.Jedhee, jajaa geerarsa isaa itti fufee... B. (toorri bo'oo, (4--6), bishaan Dhidheessaa Kuni, biyyichaa marsee dallaa taheef, yeroo ammoo, Dhidheessicha fuulleetti ilaalanii hoomachi isaa akka ilillii bareedaa. Jedhee jajaa ittii gammadaa faayida isaa hawaasa barsiisa, geerarsa isaa itti fufee...(C. toori (7-9), .Biyyii Dhidheessaa ammoo, irraa caalaan isaani diinumaa walitti hin yaadu. Jamiin jaalatani ykn tokkummaan jaalatu warri keessoon jaraa qulquluu yaadu qalbiin jaraa bishaan Dhidheessaatti hidhame ykn hawwaasni fibishaanicha gidduu faayidaa qofa utuu hin taane akka afdaariti bishaanicha ilaalu. Jedhee, geeraraan kuni, bishaan Dhidheessaa, laga aanaa Dhidheessaa jiran keessaa biyyii kabajaa guddaa kennaaf.Jedhee,bareeduma isa ammoo, dinqisiifata hawaasini hubannoo akka argatan yaalaa geerarsa isaa itti fufee... D.(toorri bo'oo, (10--15), Hooddoon Dhidheessaa warra Dhidheessaa ijaan arguu jibbu, qaanquree halkanii warra halkani dukkana dawoo godhataanii waa nama duukaa quruphisani. Warra utuu fayyaa qabanu hojetachu utuu dandaanu qalbii faqiira ykn qalbii rakkatanii ,waa namaa iyyaaffachuu hojii godhatan

.Boroo, keessaa dukkanaa daa'imanu, Dhidheessaa osoo balleessanii jarrii hin ilaanu ykn hin jibbanu. Angoo jaraa mitiif malee. Kanaaf , jara kana hanga dandaameen gara daandiiti, akka jarri tiratanu godhaa. ofi irraa faccisu dhiifnee, gorsaa waa itti facaafnaa , afacaafatanu. Utuu qalbiin jaraa faqiira ta'uu baate, guyyaaa aduun hojii dhiisan haaduun waa nama hin adamsanu . Jedhee geeraraan kuni, ittiin siriiraa keessa keessaa quuqaa, gorsa, dhaamsa qabu dabarsa. Akkasumasi ,yabbaa jechuun geeraraan kuni, gogaa Sa'aa rifeensaan duugame halluu adda addattiin faayame, kalawaa ykn mana citaa xiqqoo baayyee bareedduu keessatti sooreessi afatee, warra isaa fakkatuu wajiin irraa taahamu, jarri kuni ammoo, machallaadhaani sa'aa geeddartu, maal hin yeellanu qalbii jaraa geeddaru,waa-namatiin hanga yoomiti jiraata turuu, guyya tokko eeboo sitti diru,irraa deebii adara nama miciiruu, guyya saafa fokkifta hin turuu,ani kana caalaa sitti geerara hin turuu,hojetadhu utuu humni kee jiruu, dafqi nama eenyuun fayyade adara, itti galli isa kadha mandara,ani fixeera geerarsa koo adara yoo sigaleef yaa namicha dukkana, itti fayyadami irreen sibaddala, jedhe, geeraraan kuni, waa xinnoo jettan maqaa utuu ofi balleessu dhiifitaan, maal jarana qalbiitti hin deebitani, jedhee quba itti qabaa, karaatti qabaa, keessaa keessaa waraana qalbii rakkachu keessan nuu galeera. Kanaaf, Walitti deebiina rakkoo walii furraa yaada keenya fudha. utuu hin ta'in hadhaa, isini eegnaa bor-miti hadhaa, geerarsi koo kana bareecha kaminnadha ani fixeera waan jedhu qabu hadha!

Akka wal galatti,geeraraan kuni, qabeenyaa uumamaa keessaa bishaan kana faarsaa,warra faayidaa hin beeknee irraa geeraraa akka beekanuu godhaa. warii jibban ammoo, warra dukkana dawoo godhatee qabeenyaa nama shaakalu irratti xiyyeeffatan gufuun isiin rukutaa maal? Halkn deemu dhiiftanii utuu guyyaa tiratani,Toora 15 utuu hin nyaatamini asi deebitanii jedhee geeraraan kuni, "waan nyaadhatti waa nama nyaattii" adaraa amala keessan dhiisaa ,jedhaa haala firomaatiin bukkee qabee waan ta'uu qabu itti qabee, qabeenyichaa jajaa qaanquree irraa geerarusi akka jarri amala jaraa dhiisanuuf biraa qabee, ofitti qabaa, karaatti qaba, geerarsa isaa luugama qabe.

4.3.3 Af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessa Jajuu

Fkn -3

A.Yaa Sololiiyaa Dhidheessaa Waciiitiin naa-hirphaa

**Qorrisiisaa warabboo Qellejee citaa keessaa
Gugubbii foon luqqee keessaa Anaannaasa jismi koo
Dhabamsiisaa kinoo Waaqni nuu-kenne kunoo**

**B, Anbaltaan qurxumii macheessaa Maaliif boroo namaa teessaa?
Bona aduu saafaa Foon maaddii irraa afaa dhadhaa-malee lafaa
Phiyootti diraa gola geessaa Dhadhaa-Dhidheessaa keessaa
Shunkurtaan lukkuu mi'eessaa Qurxummiin ofi mi'eessaa
Dhidheessaa dhannaan maal dhabda keessaa? Cuucummaa teessaa
Gannaa fi bona coraatuma teessaa Eegee gaangee teessaa**

**Ganna muka fidaa Qoora birraa keessaa
Bu'aan Rabbi heddee! maaliif hojii diddee?
Dhidheessii haadha hiyyeessaa! Elmadhu hiyyeessaa
Haadhaan malee hin bobaa'uu! Dibaan-daara keessaa
Xinqissaa baalaan hin beekne Qirqixaa hiyyeessaa
Dubbi haalaan hin beekuu Buruqsaa xeelllessaa**

**C Mootii Laga Dhidheessaa Maqaa kee Dhidheessaa
Itti-barraaan dibaan lukkuu keessaa Yoo hojete yaa hiyyeessaa
Kunuunsaa Laga Dambii keessaa Hin murina muka daari qeensaa
Jallisuuf humni koo hiyyeessaa Buleen ilaala qilleensaa**

**D. Gadaa gugumee Dhidheessaa Yaa ayyaana bishaanii
Gubaaleessa citaa keessaa Burraaqxi beelladonnii
Kaadime arfaasaa lama keesaa Nuu-eegii Dhidheessaa**

A/Milikii A/Gissaa Sagoo , Af-gaaffii (12/9/14). Ganda siddeaa

Af-walaloo Geerasa Laga Dhidheessaa kana yeroo xiinxallu

A.(toorri bo'oo,(1 - 4). Geeraraan kuni, Sololiyaan yeroon waciitiin hirphasii dhuguu natti tolaa.Qorrisiisaa warabboo fi qellejje citaa keessaa, guggubbii foon luqqee fi qorrisiisaa diimina waciititti dhadhaan itti namee yeroo nyaadhuu anaannas jirsmi koo ykn dukkuba qaama koo keessaa dhabamsiisa, kinoo hin qabu.Kanaaf, foon kana haala kanaannyaachuun, dhukkuba naa-keessaa balleessuu irraa darbee haala nama sooressaati lafa gafoo kana jiraadha.Duraan foon luqqee kanaa nyaachuu dhiisii arguuyyu hin danda'u. Jedhee geeraraan kuni, Dhidheessaa, jajaa gammachuu qabuun siriiraa, hawaasni akka itti fayyadamu kakaasa geerarsa isaa itti fufee... B.toorri bo'oo, (5--16), Dabaleesi, geeraraan kuni, Yeroo bona muka anbaltaa jedhamun mooyyeetti qola isaa tumeeni Dhidheessaa

keessatti iddoo qurxumiin jirtutti, bishaan keessatti hoomacheesse, qurxumii macheessee, gurguddaa isaa ilaaleeni kiiyyoon qaba. Akkasumasi ergaan qabee booda ammoo, hidda phiyootti diree, baasii tokko malee gaara manaati ergadha. Dubbartoon ammoo, lafee keessaa funaananii haala salphaan hojetanii dhaadha koo naa erguu. Akka foon lukkuu kuyyisa baayyee hin barbaaddu. Ofiifuu dhadhaa qabdi, ni mi'ooftii, akka salphatti. Dhidheessaa dhannaan harka duwwaa hin galtuu. Ganna muka jirma Dhidheessii gangalchee fidutu mukatti hirkifadhee, yeroo birraa qoora ykn itti fayyadamna. Kanaaf, bu'aan isaa hedduudha. Maqaa rabbiitiin dinqisiifadha. kanaaf, "irreen socho'uu illeen socho'aa" yaa hiyyeessa damaqaa ykn abbaan socho'uu malee waa argachuu hin dandaamu boroo nama hanga yoomiti teessaa?. Akkasumas, dibaana daara giimii ibida daara irraa garagalchamee akka turuu godhamuyyu, haadhaan malee daaraa keessatti ofiin hin bobaa'uu. Jedhee, geeraraan kuni jechoota adda addatti fayyadamee, hiyyeessi warri gaangee nama boodde deemtan xeeqii baatuuf, jedhee, kakaasaa akka Dhidheessaa irratti hojetan tu-tuqqaa ofii gammachiisa geerarsa isaa itti fufee... C , toori bo'oo, (17 --20), Mootii qe'ee keessa bishaan Dhidheessaa kuni, qabeenya guddatu biyya keenya jira. Haata'u malee, namni adeemsa hin beekne bira qabanii haala namni rakkoo keessaa ba'uu gurra buusudha. Yoo didee karaa sirrii ta'een bishaan kuni, haala salphaan akkanni fayyadamu danda'u, gorsa cimsuuf, fakeenyaa ta'uuf, kana booda inniyyuu barraan irraa hin deebi'u. Haata'u malee, hiyyeessa jallisuu dadhabdus, faayidaa irraa argatu baayyeedha. Akkasumasi, geeraraan kuni, yoo warri hiyyeessaa didde buruqsinee ykn fuulaaf-fuulatti itti himnaa: Yoo jarri ammasi fincilte, it tumanaa. Kana hunda dhiiftee qolee jallifnaan, tumnee biyyaa baafna . Jedhee, hiyyeessa jijjabeessusi, keessa, keessa milkaa'uu isaa labsee bookisaa, warra sooressa duri tuffata turee quuqaa, keessaa isatiin siriiraa hiyyeessa sirressuu yaala, mi'eessee, itti dhiiba. " Itti barraan dibaana lukkuu keessaa" Lukkuu yeroo dibaana bareechanii daaraa keessaa gadi balleessudha. Yeroo kan sirritti mi'aaya ykn bilchaate namati tolaa. "Yaa qannoo jedhanii yoo waamanii, rakkinatu duraa abeeti jedhaa ykn howwaata" Yaa hiyyeessa yaada keessaan fooyyeessa! jedhaa, geerarsa isaa xeellessaa itti fufee.. Akkasumasi, D. (toori 21- 23), Gada-gugumee qaama seera muraa yeroo sanaati.

Yaa warra seera muraa hadara bishaan kana wal gargaaree kunuufannaa. Kunoo akkuma argamu loon huqqataa yeroo achii geessinuu torbee tokkoon booda akka jabbii golaa baate burraqxi. Kanaaf, waggaa guutu irraa fayyadamu dandeenya. Jedhee geeraraan kuni, hiyyeessa dabse geeraree gorsu irraa darbee gara dirqamatti fidee hiyyeessi akka hojetatu yaala, qaama seeraatiin isintu hiyyeessaa kakaasuu dhiisee. Jedhee, itti guruuriyaa, Waaqni keenyaa nuuf haa jirachiisuu. Jedhaa

taf-taffii isaa itti fufee...boolla sagal quba kaa! hiyyeessi akkamitti quttoo keessaa ka'aa! jedhaa, gahee isa ba'uu yaala, warri isini ilaalu : waliin taanee walii ilaallaa: rakkina keessatti maaliif wal ilaallaa namni balbala namaa dhaabate wal ilaala, tokko ni nyaata warri kaani kajeela, adara Rabbi kuni namatti tolaa, yaa-jaarsoli biyyaa dubbii kana ilaala, warri kaani gowwaa fakkeesatu itti iyyaa, ofi kadamisiisuuf hiyeessi qophaa akkami qotaa iyyaa, irraa caalaan nama jireenya hin beeku, namatu nyaata giidasa kani Rabbi beeku, yaa-gucharee atisi mogoli buusiidhaa kan biyyi beeku, isini ammoo warri aduunyaa keessa beeku, waa itti dabalaa, ani kana caalaa hin hin beeku, quucuu xaafii irratti wal-arginu kani bidaroon beeku, daacii baafate geerartu kani firri seequ, geerarsa koosi quuca'e. kani gaara-godni si-qeequ!

Akk wal galatti, geeraraan kuni, dhimma dhunfaa isatii faayidaa irraa argatuun, jajaa, geerarsicha keessatti ammoo, Dhidheessaa kana irratti hiyyeessi akka koo utuu daariisaa jiraatee, Dhidheessaa keessaa waa corataa, waa xinnoo bukkee facaafatee, jirachuu akka danda'uu, harka qalleeyyii gurra buusu yaala, kanaaf, jajaa-taayatiyaachee kakaasa, hanga yoomiti kaadime nama taataa, gaafa humni kee dhume alaga miti firri kee si-gataa,, yaa namicha golgee maaddii gabbataa!, hanga yoomiti dureessa kaddamta yaa ofi gataa, Dhidheessaa dhanna adamo taphataa, achiti sii injiraa warri furdaan sirraa taphataa, jedhe, keessa keessaa hiyyeessa irratti yoo jarri fedhiin didee dirqamaan yagutuu ykn qixxee itti kenninee akka jarri rakkoo keessa baa'uu goonaa. Jedhee geerarsicha keessatti xinqissa baalaan hin beekne qirqixaa hiyyeessa Dubbii haalaan hin beekuu jechuun erga jarrii bira qabnee gorsinaan wallaalani waan ta'uu qabu qofa burukusine ykn fuula-fuualatti irraa geerara ykn itti himina. Jedhee, geerarsa isa koos asumati dhiifna, ergasa fudhaa rakkoo ba'uu finiina!

4.3.4 Af af walaloo Geerarsaa Laga Dhidheessa Bifa Geerarsaan Faarsamu

Fkn=4

A Ennaa Waaqni roobuu Dhaga jalaa ddaata

Dhidheessii asaasuu Jirma irratti baata

Dhidheessii bareedaa Ganna ilmi gaafataa

Kanaaf qoollifataa Bishaan cooree seetaa

B, Qurxumii borafataa Bona qoommitaa

Bareeduma birraa Guutuu ganna keessaa

Jireenya kabiiraa Dhidheessuma keessaa

Rabumatu sii gorsaa? Yaa bishaan Dhidheessaa!

Irreessaa jiiressaa! Jireenyaa mi'eessaa!

Jiraachiisaa uumamaa Dungoo: jismii namaa

Kan uumee rabumaa Yaa'uun bishaan hundaa

Bareeduma fidaa Xuxeen eegu didaa

Yaa qallaba ijaa Dhidheessii ajaayibaa

Kalqiin kanaaf sirbaa Jireenya dirribaa

C,Safuu yaa Dhidheessaa! Akka bishaani cooree

Ganna qofa hin hoorree Dhagaa sii keessaallee

Garagalchaa hin teenyee Bonaafi ganna kooree

Maqaa kana horee Guumaan dilbii horee macca boroo goree

Maaliif qalbiin honee Jireenyi quucaree siini eegaa gochoree

A/Macaa A/Caamsa . (6,/10/2014). Ganda Garaadoo irraa

Af-Walaloo Geerarsa Laga Dhidheessaa kana yeroo xiinxalu

Af-walaloo geerarsa armaan olii yeroo xiinxalu, A. (toorri bo'oo, (1--4), Geeraraan kuni, Yeroo waaqni rooba roobsu loolaan biyyoo hundee dhaka irraa dhiqee Dhidheessii sagalee malee jirma irratti baate deema. Gadii hin lixuu. Yeroo kana bishaanichi guutu akka tahee agarsiisaa. Kanaaf,jedha geeraraan kuni yeroo kana beekumsa daaka yoo qabatan malee, Dhidheessatti naan cee'aa jettan yoo galtan Dhidheessii yoo akka diqqaa isiin nyaate maqaa hin balleessina. Utun himatu itti galtanii. Bishaanicha dhiisii biyyumti Dhidheessaayyuu yoo keessaa ba'uu deemtani tooftaa malee keessaa qaxxamuurun hin dandaamu. Jedhee, geeraraan kuni, hawaasa hubachiisa, keessaa bishaanichaa fi biyyaan dhaadata beekumsa daaka akka qabu labsaa, yeroo bishaan guutu daaktuu malee hin cee'iina. Jedhee, geerarsaan mull'achusi yaala, geerarsa isa itti fufee... B.(toorri (5--14), Dhidheessii keessaa qurxumiin baayyinaan waan jirtuuf, bona fayyadamna. Dhidheessii irraa bareeduuf, ganna guutu qaba. Sababni isaa ammoo, Dhidheessii ganna yeroo guutu waantoota muka ,haraa k.k.f ofii keessaa ganna yeroo qulqulleessu birraa keessaa haalaan namatti tolaa. Jireenyaa Dhidheessaa ganna keessoo fi naannoo isaa qulqulleesse. Birraa yeroo xiqqaatu qulqulluu tahee haala lubbuu qabeeyyiin bishaanichatti fayyadamaniif ofuma haala mijeessa. jedhee, geeraraan kuni faayidaa irraa argatun jajaa, dinqisiifata, geerarsa isaatiin bashannaanaa, nusi nama ta'uuf ganna dhoqqeessine dhooqee keessaa baana. Jedhee, hawaasa isaa quuquusi yaala ayyaani irreessaa jireenyaa bareeecha ykn irreeffannaan raajii isaa sirritti yoo hordoftanii jireenyaa keenyaaf tolaa. Bishaanichi ammoo,qaama keenya akka ittiin qulqulloofnee cuuluuqnuu kan godhee, Rabumaa: Kan ittiin nuu-jiraachisa jirusi uumaadha: bishaanichi yaa'uun,qulqullina keessoo isaatiif murteessadha. Dhugatiifi waan keessaa jirutti fayyadamuun alatti ijaan ilaalanii bashaannaanuun baayyee nama gammachiisaa. Jedhee, geeraraan kuni dinqifataa, jajaa ayyaana irreecha hawaasichaaf faayidaa akka qabu gurra buusa ittiin siriiraa geerarsa isaa itti fufee..C. (toorri bo'oo, (15--19), Akka bishaan cooree ganna qofa hin hoorree! hikimaa! ykn dinqii Rabbi Dhidheessii gannaa fi bona huursaa. Bishaan cooreen garuu, ganna qofa huursiti ykn lafa fixxii. Biyyii Dhidheessasi akka bishaan cooree ganna qofa hin hojetuu, gannaa fi bona hojetata ykn waggaa guutu hojetaa.Dhidheessisi dhagaa keessoo isaa jiru ganna gara gaggalchaa. Kuni ammoo, isaaf hojiidha. Sababni isa, qulqullina keessoo ofii eggachuuf dirqama uumaan itti kennedha.

Akkasumasi, geeraraan kuni, rakkoolee biyyaa Dhidheessaa keessatti argamaniif, biyyii yeroo hin kennu. Furmaata kennaa ta'aa. Jedhee wal-dorgomsiisee, bishaanfi biyyaa Dhidheessatiin keessa keessa ofi jajaa namoota keessatti mul'achu barbaada faayidaa isaa qeensa hawaasa akka itti fayyadamuuf, kakaasa geerarsa koo kuni barumsa, jireenya keessan ittiin albaasa, abbaa dilbii boroo keessa, maaliif wallaaltee teessa, geerarsi koos asuma keessaa, isini ammoo qeensa, dhageeffata hin ta'in akka fakkeessa ani deemeera yaa obboleessa!,

Akka wal galatti, geeraraan kuni, bishaanichatti bashaannaannuu fi yeroo ganna beekumsa daakaa akkanni barbaadu, gannaa guutuun bishaanichaa ammoo, qulqullina keessoo bishaanii fi naannoo isaa bareecha. Ayyaanni irreechallee bishaaniin wal-qabatee, jireenyaa keenya akka nuu-barbaachisu, yaa qalaba ijaa ykn bishaan kana isaa gara qoonqoon fayyadamnu alatti ijaan ilaallee qalbiin keenya aragalfata. Kanaaf, dinqisifannaa fi gammachiisaa, akka ta'ee fi namni bishaanifi bukkee qabuuf, kani fageenyaa fayyadamu wal qixaa miti :Namni bishaaniti dhiyoo akka fedheti, qaama isa qulqulleefachuun alati faayidaa adda addaaf oolchaa, itti gammada, jireenya isaa geggeessaa. Jedhee, geeraraan kuni, waliin jireenyaa hawaasumaa keessatti ammoo, jireenyi irressaan bu'uura akka ta'e, akkaata dirqama jireenya hawaasa ajajaa, tarii yoo fudhatan jireenya keessan ajajaa, waa barachuu waaqatu ajajaa, adaraa ni ta'ina fajajaa, qabeenya mana keessan nyaachu namatu isini ajaja ani galeera ijoolleen macca gara haaja, Dhidheessaa keessa dhaqeen hanga humna koti ajaja adara yaa jarana sammuu keessan ajaja ,jedhe, geerarsa isaa warahe.

4.3.5. Af walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa Jajuu

Fkn=5

A. Dhidheessaa hin dheessinaa Mootii bishaan Guumaa

Dhidheessii Dhidheessaa Fuxuruqii ta'ee

Mooqa malee cee'aa Qaamni koosi siriiraa

Bona yeroo dhukkee Dhidheessii taliilaa

Qullata nuu-ta'ee Masaaqulaan aleelaa

**Haadhaa firaa qe'ee Hunduu keessaa xiriiraa
Akka fedhee qe'ee Dhidheessii geerriidhaa
Loogoon dirmammaa'ee Birbirsii duumessaa
Alaala Dhidheessaa Yaa sinbirroo loogoo
Qoociroo Dhidheessaa Kan hin qabnee soogoo**

B. Dibaaba Dhidheessaa Bona yeroo saafaa

**Gulantaa Dhidheessaa xiriinyaachoo ta'ee
Mandara A/Dilbii daadhii foolii dhahee
Dhidheessii qabbanaa Saamaa eessattii arginaa**

C, Dhidheessii hundee Dambii Abbaa Dilbii Dambii

**Daadhii Haadhaa Guutamaa Qaxxisaan biraan bahee
Keessoon koosi tolumaa Dhidheessaan goola bahee
Shanaan deessuu qorsa ta'ee Muuxadheen mana gahee**

D, Qallittiin qelleexxee Warra achitti wal-gahee

**Kasaan barcumumaa Jiruun Dhidheessumaa
Bulbulaanuu arguu Qulqulluu rigumaa
Dhidheessaan bebeeguu Hiyyeessatti seequu**

E. Qotaan Dhidheessumaa Dileessaan birrumaa

**Bona yeroo saafaa Biyyinuu dallumaa
Gombisaan manumaa Sooroomun kanumaa
Taatiyacheen garbuma Galgali isa kadhuma**

Obboo Mudassir Roobaa, (12/9/2014). Ganda Geeshee irra

Af-Walaloo Geerarsa Laga Dhidheessa Jajuu yeroo xiinxalu

A (Toorri bo'oo,(1--10), Geeraraan kuni, Dhidheessaa hin sodatinaa akka guddina isaa miti. Nama hin nyaatu kutannoon itti gallaan ni cee'aama. Ani utuu waa tokko hin daakini ofii irraa ijataan, bidiiqa keessaa darbee. Bona yeroo aduu ammoo, Dhidheessii bakka adda addatti akka qullataa tahee, qulqulluu isaa masaaqulaan ykn qabeedhanan albaasa ykn dhugaa. Jedhee, geeraraan kuni, ittiin ofi gammachiisaa, dinqifataa hawaasni akka itti fayyadamu kakaasa, biyyii Dhidheessaa ammoo, gaarii akka ta'ee, waa jedhaa namoonni bakka biraati bishaanichatti fayyadamuu dhufani jajjabeessaa, bishaaniifi biyyicha jajjaa, biyyii Dhidheessaa yeroo hunda haalaa yaada jaraa tokko ta'een, rakkoo jaraa keessaa jiruu qulqulleessuun, warra didee yaada dhossee, akka qabee itti cabsanii itti himuun ykn tarkaanif irratti fudhatu. Bishaanichi ammoo, akka waan qe'ee firaa ta'eeti, namni hunduu keessa fiigee, akka barbaadetti ni bashanaanaa, ni dinqisiifataa. Dhidheessaa keessaa naannaa'ee, Dhidheessii baayyee waan xiqqateef, loogoowwaan bishaan irraa erga hirrat'ee qoophamani ykn luqahanii kana jechuun ammoo, kana jechuun geerara yoo akka diqqa gufatellee, loogoon waan bakkeeti argamuuf qabdani oli baatu. Namni daaka hin beeknesi akka fedheti keessaa utaale itti bashannaanee gara muka birbirsaa fuullee Dhidheessaati qabbana bareedduu, iddoo aragalfii namaa jala siriiraa. Dhidheessaa keessatti ammoo, yeroo sinbirroon loogoo irraa taphatu kan sinbirroo suni nama hin miine, kan Dhidheessii nama nyaataa, qalbii ofii keessaa hin jirree, yeroo itti bashaanaanu hamilee ciminaa namatti horaa. Jedhee, geeraraan kuni, bishaanicha jajaa, namoota achiti argee waliin taphatan amala jaraa dinqisiifata, biyyii Dhidheessa ammoo, rakkoo namati akka hin uumne gurra buusa geerarsa isaa itti fufee. B. (Toorri 11--14) Dibaaba Dhidheessaa sanatti, bona yeroo aduu bishaan Dhidheessaa dhiqadheen qabbanaha isaattiin aragalfadhe, qaamni koo natti tolee, jennaan Dhidheessaa keessatti karaarraa dhaabate, shftaan nama saamu hin jiru, jedheen irraan olee biyyaa Dhidheessaa faana dhaheen ykn xirinyaheen mandara sooriyyii daadhii foolii fuudheen dhaqe. Jedhee, geeraraan kuni, Dhidheessaan bashannanee qaamni isaa baayyee waan itti toleef siriira

fedhiilamata barbaacha ka'ee, jedhaa geerarsa isa itti fufee... Biyyii Dhidheessaa bakka seera jalqaba itti bu'uureffame hundee muka Dambi jala, karaa mana nama A/Dilbii jedhamu bukkeen darbee, Mana dubartii daadhii Haadha Guutama jedhamtu suuta jedheen dhokadhee biraan bahee. Jedhee geerarasaa isaatiin hanga tokko siriira, keessoon koo natti tolaa waan jiruuf nagammachisee, jennaan, mandara sooreyyii kana daadhii tola dhuguun qalbiin koo niyyatee. Sababni isaa ammoo, ergan Dhidheessaa kana dhiqadhee akka horii goola baate jismii koo irraa waa galee, ykn akka dubartii qoricha shanaan deesse dhiqatteen qaamni koo waan haaroome. jedhee geerarsa isaatiin gammachuu qabatusi bakka dhaqee sanatti gammachu akka hin qabne, jedhee geerarsa isaa itti fufee...C, (Toorri 15--18) ,Geerarsaa quuqaa eegalee..Qallittiin qelleexee warrii achitti wal -gahe keessaa harka qalleeyyiin dalgee irraa teessii. Warra achii jiru keessaa ykn hiyyeessi warri qaamni isii qaqaal'oon fi jiruun isii qaqqalloo dalgee irraa iddoo tokko namitee teessii. Warri jireenyaa jaraa kasoo ykn badhaadhoo keessaa jiraatanu qabeenyaan jaraa akka bishaan Dhidheessaa ta'ee, wal filanii barcuma irraa qophaa, qophaan tattaa'uu. Akkasumas, daadhiin jarri dhugan sunis, damma qulqulluudha. Kani hiyyeessatiin addaa. Garuu, Dhidheessaan bebeguu ykn bishaan Dhidheessattiin ofi tugaa'u ykn biyyaa Dhidheessatiin ofi jajuu. Hiyyeessa ammoo, ni ciicaatu. Jedhee, geeraraan kuni warra sooreyyii kanatti mufataa, geerarsa isaa itti fufee.. Aarii jarrii suni mana daadhiitti hiyyeessaa ciicaatanuun ka'e geeraraan kuni hiyyeessa qonnati kakaasu eegalee... D, (Toorrii (19-22)), Bishaan Dhidheessaa maddii gallee bona yeroo aduu akka gannatti dileessine qonnaa. Daangaan biyyaa Dhidheessaa bishaanicha waan ta'eef, eenyuyyuu nuu dowwuu. Achiti gallaan ganna bishaan Dhidheessiyyu waan qonne nuuf eega. Bona ammoo, bakki suni silaa aragalfii keenyaa. Kanaaf, arfaasa laman bijjaane rakkoo keenya moone: jireenyatti oli baane : godaanesa goonee : warra nu ciicataa turee, nuu ammoo, ulfeessinaa. Jedhee, geeraraan kun hojiiti hiyyeessa akka isaa kakaasa faayidaa bishaanicha itti makke jajaa lafti bal'aan Dhidheessaa bukkee akka jiru gurraa buusa, kutannoo hojiichaaf, qabu irraa geeraraa ofi jajjabeessaa sooreessoota quuqaa namni ijoolluma isaa sooreessoota jala utuu demu umurii isa fixe ykn ashikari ta'e, itti galli isaa balbala kalqii ta'e, jedhe geerarsa isaa gurrati duuche saanqa itti duuche!

Akka wal galatti, geeraraan kuni, yeroo bona Dhidheessii akka gammachiisuu Dhidheessii taliilaa Qullata nuu-tahee. Yeroo jedhu dhuqaatiifi daakuun akka isaa gammachiisuu, bishaan waan xiqqaateef, naa nyaata akka hin sodanne, hawaasni isaa akka bashannaana jiranu, geerarsa kanaan gara jalqabaa irratti calaqisiisee. Itti aansuun qaamni isaa waan baayyee itti toleef, mandara sooreeyyii iddoo daadhiin itti dhugan bashanaanuu akka dhaqee, jarri ammoo, bishaan Dhidheessaa jajanusi hiyyeessa akka offi irraa facisanu itti dhagaame jennaan yaa hiyyeessa kee quttoo keessaa silaa hin teessuu bukkee sooreessa, irboo qottee hiraachuf teessaa. Kanaaf bishaan kuni dallaa akka ta'ee, hubachiisuu fi yaalaa bona biyyinu qabeenyaa isaa akka eegatu. Jedhaa, sooreessota quuqa barsiisaa, hiyyeessaan ammoo, lafa bal'an bishaan Dhidheessaa maddii akka jiru gurra buusa kakaasa geerarsa isaa bira ka'e.

3.3.6 Af walaloo Geerarsa Siyaasa Laga Dhidheessaa

Fkn:6

A. Dhidheessii qabbanaa Jiraachuu jibbinaa

Akkamiin qabannaa? Miliilik hudhumaa

Dhidheessii mootummaa Gaararraa himama

Ciiqaa shuumitti himaa Nafxanyaan fannumaa

B Dargaggeessa maaliif teessaa

Maaxxoo taate biyyaa keessaa

Huursitee hin baafu akka Dhidheessaa

Cillaaffannaan si nyaata bineensaa

Abbaan maraaba ni baanu biyya keessaa

Gaafa warri tolfataa dhufe biyya balleessaa

C. Xollobaa biyyaa keessa hooraa

Dunquuqqun biyyaa keenyaa mooraa

Dinqiin biyyaa dhufee Qaalluu moo biyyaa rafe?

Qalami qaasaan dhufee Somaa kee qaaqadhuu

Seefiin bobaa jalaa Abaaloon qaradhuu

**Bogoo keessaa ta'uun Hobaasi boquu jalaa
Yaa waaqa nuu eegii Mootii biyyaa galaa
Qabeenya mitii ijoollee dhaalamaa**

Harka afdaari Guumaa Namni maaliif mamaa

Obboo Awal A/Macaa, (21/9/2014).Gandaa Sooboo irraa

A (Toorri bo'oo,(1--4), Geeraraan kuni,Biyyii Dhidheessaa keessa qilleessi isaa jireenya namatiif mijata waan qabuuf keessaa jiraachuun namatti tolaa.Garuu, bishaan kan akka itti jallisnee fayyadamnuu hin qabnuu. Miliiliki hiita mormaa nutti tahee. Bishaan guddaan kan mootummaati, jedhee,Miliilik gaara gadi dhaama ykn bishaan guddaan Dhidheessaa kan mootummaati, jette fakkeen ykn gaarraan gaara gadii afuufftii. nafxanyaa fannifatee ykn qawwee nafxanyaa jedhamuun baadhattee, aangoo biyyaa keenyati agarsiisuufi qabeenya keenya saamuuf,haala mijeessa jirti. Jedhee, geeraraan kuni, tooftaalee adda addaatiin hawaasa kakaasa nafxanyaa kana ofi irraa qolannaa, yaa hawaasa jabaadha!Jedhaa geerarsa isaa itti fufee geerarsa falmiti tarkaanfatee..B (5--10), Yaa dargaggeessaa dubbii nafxanyaa kana nu-harkatti gattanii yeroo biyya keenya ilaalamtani baayyeedha. Garuu, isin keessaa ammoo,namni faayidaa qabu hin jiru. Akkasumasi, yeroo ammoo, walitti qabamtanu waan ija qabu tokko utuu ni hojettani gara manaatti galtani buufattanii teessuu akka biyyaa Dhidheessaa wal-kakaastani biyyaa keessaa hin baaftanii,Jedhee, geeraraan kuni qeequu irraa darbee namumaa jara gadibuusa booda nafxanyaan kuni booda akka waraabessa isini nyaatti. jedhee geerarsa isa itti fufee...C.(Toorri(11--19),Yaa biyyaa "qilxuun goreen sibira bulaa soondiidhan jettee booda soondii dhaalte qallaba godhatte" jedhee, haala biraatiin hawaasatti geeraraa, wanti jarri kadhaa dirqama biyyaa keessaa maraatiif ykn kadhaa fakkeessitee dirqamaan waa fudhattu barbaadduuf, yeroo biyya keessaa deeman ammoo, itti mooraa gara fuula duraatiif byyaa keenya goola, isa kaan hoola ykn maseena taasiisaa,erga biyyaa bartee, abbaa biyyaa, biyyaa baafta, silaa nama wal irraa eeguun rakkisaadha. Garuu, cuucii yaasuuf quruphisaa akka jirtu, wal-nama gaafachiisu. Kanaaf, Wanti haaraan duri biyyaa keenyaa hin jirretu dhufee, qaalluunis, akkaata isaa maluun socha'aa, biyyis jabaadha, rakkoon nutti dhufeera, adara rakoo ykn marii hin ta'inaaf,

qalami qaasaan dhufee butuun biyyaa galeera. Itti duullaa booda ilmaan keenyaan loluutti adeema. Kanaafuu, somaa kee bareechii akkanni ni cabneetii qaqqii seefii ykn saama dheeraa akka ofii harka hin dhabnee. Eeboo kee bareechi qarrii somaa ulfaata itti ka'ii, yeroo hunduma qophaa'ii, bogoo keessaa liphuun hobaasi boquu isaa jalaa ykn lafa dhokataa ta'uun bobaa isaa jalaan eeboo itti naqqii. Yaa waaqa mootii biyyaa galaa ykn dhalee ykn guphoo biyyaa guutee nuu-moosiisii. Warra bakka birootii dhufee ijoollee nuu irraa argate ittiin booda nuu-cabsuu deema. Nuu irraa kaasii qabeenyaa mitii ijoollee dhaalama, qabeenyaa durii ykn miti keenyaafi ijoollee walitti nuu saamuu. Kanaaf, Itti duulla Rabbi nuu haa-gargaaruu. Jedhee geeraraan kuni, mormii kakaasu irraa darbee akkamitti alagaan, mirgaa abbaa biyyaa sarbee, dullachi dhiigaan eegee aadaa fi qabeenya dhalootatti darbee, qophaa'ii gaheessa qabeenyaan kee darbee, qohaa'ii dargaggoo jireenyi kee garbummatti darbee, ani amma beeku gurratti isini darbee, jedhee, akka falmatu cimse gorsuun meeshaalee waraana qabdan boba'a jala dhoksuun, bakka dhaqxaan hundatti qabatee akka deemu, hiyyamnaa akka wal itti birmannu: wal bukkee akka dhaabbanu, daljeessi wal-waamee dhufe nu-dhaanuu, kana malee biyya keenya dadeenye hin dhaabbanu, "Abbaan Maraaba dubbii kana himaa turanii, guyyaa nama fakkaata halkan biyya keessa kaata, yeroo sana biyyi yoo wal hin gallee qabee biyya nyaata ani isiniif sodaadha yaa uummata" .jedhaa nami Abbaa Maraaba jedhamu kuni naannoo Dhidheessaa ganda Garachoo keessa duri jiraata turan, wanti isaan raaga turani ta'e, jedhee, hawaasa kakasa, yaa uummata ka'a waan dhufe ofi irraa dachaasa, yoo daagii taatan jireenya keessan dhaleen balleessa, wal-jibba diriirsa biyya keessa, yaa waaqa waan biyya hin tollee dhabamsiisi biyya keenya faffacaasa, waan jedhuu qabu fixeera ofi keessaa, jedhee geerarsa isa irraa oli jedhe.

Faayidaa Af-Walaloo Geerarsa Siyaasa Laga Dhidheessaa

Akka wal galatti, geeraraan kuni, nafxanyaan bishaan guddaan kan mootammaatii akka jettee, holoola geggeessaa jirtu, hawaasa barsiisaa, geerarsa isaa itti fufee nafxanyaan kuni booda dhaleen akka biyyaa cabsitu leellisaa biyyaa keessaa wanti isiin fiigduuf biyyaa mooruuf, akka tahee barsiisaa akkaata cunqursaa kana ammoo, ofii irraa itti qolachuu dandaan irraa geeraraa hawaasni hunduu hanga dandaa'een wal-haagargaaru. Jedhaa, hawaasa isaa kakaasa kadhannaan guphoo ofi irraa falmannaa. jedhee geerarsa isaa guduunfe.

**4.3.7 Af walaloo Geerarsa Hojii Laga Dhidheessaa
Fkn=7**

A. Erraan gadee Dhidheessaa Naa buusee ka-fixeensa

Isaa ilkeen hiyyeessaa Dhidheessii jireenyaa

Gafoon maddii teenyaa Qotiyyoota keenyaa

Qanaanii jireenyaa Fira dhiifnee teenyaa

B. Yoo marga barbaaddee Citaan akka garaa

Dhidheessuma biraa Qoloommahuun jiraa

Beeladoota maraa Jireenyii akka garaa

Albaadheessa garaa Dhiphuu dhiidhimsina

Godoon maashii bira Qoroo bukkee jira

C. Qaroo daneessiinaa Qaraa'uun eegeri jiraa?

Dhakaa maddii jira Citaan bukkee migiraa

Dabaqqa bakkee keessaa Dibaaba hundeessa

Bona aduu majajii Dhidheessii taliilaa

Ganna dhoqqee baccaqii Cooreen maashii dhaqidhaqii

Margii maddii finiinaa Elmachuu malee hiinaa

D. Albaadheessaa qonnaan Qajeelchaa yafaroon

Mul'isa qonnaan Moggaasa biddaaroon

Dhidheessaa hundaa qabaa Iddoo kamiin hafee

Yaa hudhaa Dhidheessaa Ebelleesso galaan hafee

E. Qurxumiin bareedduu Indanattii lafee

Booseettii fi kaamettii adda baase dafee

Dhidheessii doonochoo Iddoo kamiin hafee

Warri golgee duulee Iddoo kamiin oolee

obbo Daffaar Bulii Ganda Gooroo af gaaffii ,(23/9/2014).

A (Toorri bo'oo, (1--4), Geeraraan kuni, karaa Dhidheessaa kana irraa yeroo hundaa fixeessa kani namaa buusu anaa.Garuu, deddeebi'ee hojochuu koo bu'uura naata'ee, ykn woobii naa ta'ee.Bishaan Dhidheessaa hundee jireenyaa kootiit.Kanaaf, gartokkeen Dhidheessaa bukkee jiraadha,achiti basoo ykn mana gonbooba ijaarradhee, warrii bakka birootii Dhidheessaa madditi galani wajjin hojii keenya xeellasifnaa.Jedhee geeraraan kuni, rakkoon hanga tokko isaa muudatusi bakka hojetaa jirutti, milka'aa akka jiru ofi gammachiisa hawaasa isaa kakaasa geerarsa isaa itti fufee..B.(Toorri(5--9), Namni tokko beeladota yartuu qabu fudhate,Dhidheessaa madditti yoo galee horiin isaa sababa, dheeda akka gaaritti argattuuf ni bareedi, wal-horti, lachuu rakkoo keessaa ni baha.Jedhee,geeraraan siriiraa hawaasa ammoo, fakeenyaan gurra buusu yaala geerarsa isaa itti fufee...akkamitti akka qindii guutu waa jedhaa jira.C.(toorribo'oo,(10--15),Qaroo daneessina kunis, sangaa tokkotti qabu kanaan ittiin qoteen mudhii koo jabeesse haala ittiin hiriya koo bukkee dhaabbadhu yaala.Kanaaf, ammoo,waan qote kana sirriiti araamee ,eeguun kunuufadhee ,bara dhufuu nama wajjin walitti hidhee qotuu dhiisee ykn waan qote gurgureen qindii guutadhaa.Jedhee hawaasaf geerara geerarsa isaa itti fufee..akkamitti ammoo,beeladoota haala salphaan akka horsiifamu hawaasa gurra buusa ofi jajjabeessaa, kakaasaa, Dhakaan Dhidheessaati dhiyaate jiruu bakka taa'iicha mijataa qaba margi fi migirri lafa bal'aa qabatani jiru.Mukni gurguddaan qabbana qabu naannoo Dhidheessaa bakkee walakaa iddoo bareeda jira.Beeladon ammoo,bakkee kana keessaa akka barbaadaniti dheedu. Kanuuf, beeladonni kuni,ijaan quufani siriiriqa ykn suutaan boonaa keessaa deemani kukutatuu.Namaharka baduu niyaadamu.Bakka tokko taa'een eega. Jedhee geeraraan kuni ofi jajjabeessa rakkoo keessaa akka bahaa jiru hawaasa gurra buusa kakaasa beeladon kuni ammoo, gannaafibona dheeda bareeda

dhiyeenyatti akka argatanu, waa jedhaa geerarsa isaa itti fufee...D. (toorrii16--19), Namni qonnaa sirritti qotuu maashii isaa irraa mul'ataa. Kanaaf, warrii biiddaaroon ykn hollaana maashii/mitii suni nama cimaa akka tahee, moggaasu.Jedhee geerarsa isaa keessatti maashiin kana nama akkamii akka qotu maashii sanatu himataa malee hin gaafatamu.Kanaaf,hojiin gafoo salphaa mitii.Jedhee, warra sekeekkeetti qotu quuqaa geerarsa isa itti fufee..Bishaan Dhidheessaa waan barbachisaa tahee, hunda qonnaa,bishaan,lafafi biiddaaroo bareedaa qaba.Wanti bakkee barbaadamu hin jiru.Akka tasaa yoo rakkate galaan utuu hin dhufini hafee yyyu yeroo sangaa hiiknu muka hudhaa jedhamu ijasaa nyaannaa.Ebellesoo nuu-taha.galaan hafee, jennee hojii keenyani dhiifnuu.Jedhee geeraraan kuni naannoo Dhidheessaatti yoo kutannoon galtani haala salphaan ofi dandeessuu.Jedhee haawaasa kakaasaa deensa hojii irraa geeraraa rakkina hammatani taa'uun maal? jedhee, geerarsa isaa keessatti eeboo qara hin qabneen waraana geerarsa isaa itti fufee...E (toorribo'oo, (20--23),Qurxumiin lafee baayyatti bakkeetti hojetanii nyaachuuf hin taatuu. Haata'umalee, gaara qe'ee dubartiitti ergeen kani ofiin marsee erguuf, kan ofiin mi'eessee fiduu, adda baafadhee qaphuuf ykn qophaa'uuf na fayyadaa.Kanaaf,qurxumii mana keessatti hojetan nyaachuu irratti dubartii beektuu fi wallaaltuu hojii jaratiin mul'atu. Bishaanii Dhidheessaa kanafi naannoo isaa maddii gallaan biiddaaroon ifi maatiin walmadaaluun maqaa jaraa "lootii godhanii kasooti bahuu" 'ykn ammoo, dhooqee bu'aan kosiitti bahu" jedhee geeraraan kuni geerarsa isaa keessatti namooni tokko-tokko tola achitti galuun isini hin fayyaduu, yoo maatii keessaniin wal wajjiin tokkummaan hojetan malee, maqaan galuun bu'aa hin qabu.Jedhee,gurra buusa,karaa buusaa irraa geeraraa hawaasa gorsusi keessa keessaa maatii isa jajaa, tarii ykn ammoo, quuqaa jiraa jechuu baannusi, lamaan keessaa tokko ta'uun wal nama hin gaafachisu. Haata'u malee geeraraan kuni, maatii hangaa maashiitti ergaa baayyee dabarsee geerarsa isatti yeroo dabarse.

Af Walaloo Geerarsa hojii Laga Dhidheessaa

Akka wal-galatti,erraan-gadee Dhidheessaa, jedhaa, geeraraan kuni,Dhidheessaa daariitti yoo gafaan horii fi qonnaa akka mijatuu, bu'aa akka salphatti akka argamuu, hawaasa isaa hubachiisaa.Haaluma wal-fakaatuun qotee bulaa cimaan maashii isaa irraa akka mul'atu, namni hojii dhimmu ija hudhaa nyaatee hojii akka itti fufuu, naannoo

qarqara Dhidheessaa mukni qabbana gaggaarii qabu akka jiruu ,nama bashaannasiisa jedha geerarsa isaa itti qicaa dubartoota warreen qarqara Dhidheessaattiin ofeegannoo godhaa. Abbaan manaa keessanitti qurxumii yeroo hojetanii geessitanuu keessummaa lafa gafoo kana waan jiruuf hojii dubartootaa wallaalaatuufi beektuu addaa baasa jedhe. Dubartoota abbaan mana–mana irraa fagaatee qotu,geerarsa kana keessatti haadhaa ilaalan intala fuudhuu jedhee ittiin tuqee hawaasa naannoo barsiisaa, hojiitti kakaasaa bashanasiisaa dubartoota hojii mana gorsuu irraa darbee ijoollii ishii akkasiin gorsitu qubaa itti qaba walitti dhufeenya maatiifi biiddaaroo akka cimuu yaala waan jedhamu jedhee,isan ijedhee, qeensaa jedhee, geerarsa isa irraa oli jedhe.

4.3.8 Af -Walaloo Geerarsa Hojii Laga Dhidheessaa

kani jala qabu

Fkn=8

Ishoohee! Ishoohee!

A, Dhidheessaa ganna diimaa Kan sagalee hin qabnee

Biyya gahee hundumaa Hojetani maddumaa

Harooni bakkalchumaa Qotaan Dhidheessumaa

Dhimmu baddeessumaa Haxxooman durumaa

Sheekota Abba Guumaa gumaanni Dhidheessumaa

Qarasiisan ilmumaa Fayyadaman dhimmuun

Waraabame hin dhumuu Dhidheessuma Guumaa

B,Dhidheessii Abbaa-gaaraa Warra kaan daraaraa

Bonaa ganna qooraa Gombissaa boroorraa

Dhidheessii dheedhumaa Haadha firaa kooraa

Qoroo mana foora Luugamannaan sooraa

Dhidheessii bakkee keessa hooraa

Namni maaliif lafa taakkuurraa xooxaraa

A/Nuuraa A/Boor, (6/10/2014). Ganda Jaamiyaa irraa

Geerarsi armaan olii kun geeraraan haala ibsameen geerare.Kanaafu,A, (toorri bo'oo,1--7), Dhidheessii ganna yeroo bareechee guutu hin huursuu. Kanaaf, naannoo Dhidheessii gahee hunduu warri jiran haala isaa beeku itti lixanuu.Kani jarri itti fayyadamanu yeroo bonaa bishaanichi hir'ate bakka bakkati akka qullataa kuufame,akka hurjii fuulleetti mul'achuu eegale,bishaan kanaa irratti hojetuu. Akkasumasi, daangaan biyyaa Dhidheessaa bishaanuma Dhidheessaa, waan ta'eef,namni nuu harkati qabu hin jiruu. Kanaafuu,jallisinee yoo fayyadamne, bilchaatadha. Hojii badaa hin barbaaduu.Warri abishaalli dura bu'ee hojete,bakka guddaa gahaniiru ykn sooroomaniiru. Sheekooni Abbaa Guumaa ammoo, utuu waayee jallisii hin beekamini biyyaa biraa deemanii baratani dhufani, qooda ijoollee isaanii fi biyyaa. Guuma kana waan bakka birootti baratan dhufan ,sana faayidaa bishaan Dhidheessaa kana biyyaa Dhidheessaa kana barsiisanii. Jedhee, geeraraan kuni, Sheekoota Abbaa Guuma beekumsa isaanii dinqisiifata, warri abishaaloon ammoo, duraa buu'aani bishaan kana irratti akka hojetani dhoosee hawaasatti quba qaba, kakuumsa itti uumuu yaalusi Sheekoonnifi jaarsooliin, biyyati dirqama akka nama tokko-tokko irratti godhan guruuriyu kajeela geerarsa isaa itti fufee..B, (toorri bo'oo, (8--15), bishaanichi kuni, bishaan Dhidheessaa keessaa jiru hunda caalaa.Sababni isaa ammoo, lafa bal'aa naannoo isaati qaba. Gannaa fi bona jallifnee akka barbaanneti fayyadamuu dandeenya. Qurxumiilee adda addaa baayyinaan ofi keessaa qaba. Akkasumasi, Dhidheessii ammallee irratti hin hojetamne.Lafati achii keessaa jiru hoosoodha, hin nyaatamne.Warrii bishaan Dhidheessaa kana irraatti hojetanii firoomsatan boonaa.Mootummaatu biyyaa keessanii jiraa ykn qoroo qe'ee keessaa huursaa (fooraa) (siiksaa) bishaan sun aragalfiidha. Warra firoomsateef. Jedhee, ofii geerara, Dhidheessaa dhaqaa geeraraa, tari bara tokko ijoollee keessaniif araara,(ani duri rakkataa turee amma foyya'eera, adara yaa hawaasa kotaaa waliin hojena, ijoolleen keessan sammuufi jireenyaan aragalfatii, lafa midhaan hin baafne irraa teessan ijoollee garba nama gotan, kanaaf, achi galaan ijoollee bilisa baastan).Jedhee waan jedhamu qabu gurra isaan itti jedhee Dhidheessatti wal argina yoo taatan qaxalee,

ani bilisa baani jira biyyi yoo kooree jedhee, geerarsa isaa warahusi hawaasni dafee waan ofii baruu dhabeef mufachuu isaa hin oollee.

Akka walgalatti,yoo xiinxalamu, geeraraan kuni, bishaan Dhidheessaa bakka-bakkatti tuujuma guddaa uumee akka jiru, kuni ammoo, qonnaafmijataa akka tahe jallisuun akka dandaamu, hawaasa kakaasa,SheekooniGuumaa ammoo,Waayee bishaanichaa akka namni itti fayyadamu akka barsiisaa turanis leellisa, warri abshaaloonni akka bishaan irratti hojeta jiranis dhoosee irraa geerara, bishaanichi bonaafi ganna akka hin qooree hawaasni maaliif kooree irraa geerara warri irratti hojetaa jirtanu jabaadha! Jedhee hawaasa kakaasa fakeenyaan deggaraa irraa geeraraa geerarsa isaa guduunfe.

4.3.9 Af Walaloo Geerarsa Gaddaa Laga Dhidheessaa

Fkn=9

A,Dhidheessaa Abbaa muddaa Buqqahiidhaan maddaa

Xinbaa keessaa madda Qotaa qoroo gaattaa

Dambiin maqaa maddaa Dhidheessuma guddahaa

B, Cee'uun yaaddoo guddaa Hoddaa firaa dirqaa ta'ee

Daaktuu cimaa eessa fiddaa?Dooyyooqooxii ba'ee

Dunbulloo eessa fiddaa? Dhidheessaa falakii ga'ee

Nasiriin daaktuu Abbaa hundaa Aliin iddaa guddaa

Madaa qubaa guddaa Nasiiriin nuu-ceesisii

Adaraa Rabbi guddaa Amma yoomitti nu-muddaa

C, Mudaan Dhidheessaa tokko iddaa Fala barbaadu diddaa

Wal ittii cee'uun idaa guddaa Mitii Dhidheessaa hundaa

Gaafa gamaa hadhoo ta'ee Hiirmi baafachuun ibidaa

Taaziiyaani sagalee ta'ee Irbaanni laga hadhoo guddaa

Namni mana–mana guddaha Keessoon koo gubaaleessa guddaa

Eenyutaan hima qissaa guddaa Adaraa Rabbii guddaa

Obboo Nuuraa Gulumma af gaaffii ,(1/9/2014), Ganda sawwaa

Af-Walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa armaan olii kuni haala ibsameen geerame. Haata'u malee, akka armaan gaditti xiinxalamaa, A.(toorri bo'oo,(1--3), geeraraan kuni, Dhidheessii abbaa muddaa bishaan Dhidheessaa kuni, yeroo cee'uu jedhani nama sodachisaa ykn nama dhiphisaa. Sababni isaa ammoo,ka'umsa irraa yeroo eegaluu bishaan kuni, bakka xinbaa jedhamu yeroo burquu baayinaan burqaa. Naannoo qoroo biyyaa gaattaaf ammoo, daangaadha. Kanaafuu, naannoo biyyaa qoroo gaattaa kuni, falmisiisaa waan ta'eef, wal-gallee dhannee maqaa biyyaa Dambitiin qonnee, Abbaa Qoroo gaattaa kana akkanni aangoo irraa kufuu goonaa, booda laficha nurraa fudhata. bishaan kana sodaannee hin teenyu.Jedhee, geeraraan kuni, lafa daangaa irraa jiru qoroon bakka biraa akkanni harkati hin qabne hawaasa kakaasa yoo qoroon kuni itti cime ammoo, maal gochuu akka jarrii qaban tooftalee diriirsaa, ittiin siriiraa geerarsa isaa itti fufee ... B.(toorrii bo'oo, (4--9), Geeraraan kuni, Sababa bishaan kuni daaktu cimaa barbaaduuf, ganna-ganna firrii wal-arguun cimaadha. Kuni ammoo, akka cittaa fakkeesse. Warri daaktuun ofi guddisaa qarshii malee, nama hin gargaaruu. Dhidheessaa ammoo, yeroo isaatii hin komadhuu. Kan nagaan nama ceesiisuu daaktu cimaa utuu hin taane uumaadha, kan hunda eeguu . Naasir ani mata daaktuuti beekamadha jedhee muka irraa ofi ka'aa. Ani firumma idda dhiigaatii jedheen hubachuu deema malee qanaaniif miti. Aaliin ammoo, akka madaa qubaa nama gubdii. Kanaaf, Naasir adaraa Rabbi jedhii nu-ceesiisii bor-yoon nyaatame seenoo sitti taha. Ani bishaan Dhidheessaa kana ni hamadhu. Warri yeroo gannaa qofa isatti fayyadamtaan keessaa fayyadamaa. Jedhee, daaktu quuqaa, bishaanichi faayidaa qabatusi rakkoo cimaa akka qabu leellisaa rakkoo kanaaf, hawaasni furmaata akka barbaadu kakaasa geerarsa isaa itti fufee ...C. Toorri bo'oo, (10--15), Rakkoo bishaan Dhidheessaa keessaa tokko riqichi isaa idda waan taheef, qophaa deemun rakkisaadha.Kanaaf,wal gallee furmaata isaa barbaannaa. Biyya Dhidheessaa ammoo, sanyiidhaan wal ciicatu .Kanaaf, dhaquun nama rakkisaa. Bishaan Dhidheessaa

ammoo, bakka keessaa bahu irraa caalaan isaa daangaa jarati. Gaafa bishaan Dhidheessaa gamaa namni du'ee dargaggeessi Dhidheessaa daaritti dhaqani ibida aarsuun iyyaanii firri keessan akkanaa du'eera bo'ooyaa hiirmii baafadhaa, jedhamee, gama lachuun walitti himamaa. Anisi firrii koo darbuu ykn duuti akkanati dhaga'een ykn alaala duuti mallattoodhaan natti himaamee, jennaan taaziyaan taa'ee garaan yaahii naa taa'ee. Irbaanni lagaa namni naa fiduu natti tolaa hin jiruu ykn qicuu natti ta'ee ykn taaziyaan hadhoo koo guyyaa guddaati. Garuu, namni naa kabajuu, jedhee, mana-mana irbaata rakkatee naa fidaa. Ani garaan koo keessii gubate kasala ta'ee. kanaaf, Seena koo kana eenyutti afuura baafadhaa ykn raajii koo eenyuutti himaa? Dhidheessii raajii natti bahee! Jedhaa, geeraraan kuni, seenoo isaa leellisaa gaddaa isaa miliquu yaala hawaasni riqicha cimaa akka irratti ijaaruu kakaasa geerarsicha quuca'e.

Faayidaa Af walaloo geerarsa Laga Dhidheessa Gaddaa

Akka wal-galatti, Geeraraan kuni bishaanichi guddaa akka tahe cee'uuf waan yaadamu akka hin taane yeroo ganna firaan akka citaa ta'uusa Leellisaa. Dabalee firrichi yeroo ganna kana yeroo du'uu, daaktuu cimaa barbaaduuf, qarshii akka hin qabnee, geeraraan gara fuula duraat fala riqicha bishaan kana irratti hojennu barbaadu qabna. Jedhee, hawaasa kakaasa gadda isa kanaan miliquu yaalusi daaktuu agiboodhan waraane geerarsa isaa guudunfe.

4.3.10 Af - Walaloo Geerarsaa Laga Dhidheessaa Qeequ

Fkn=

A. Dhidheessaa Abbaa xiixaa Karaa deemaan xiixaa

Gooruu gamaa fixaa Goorroo jalaa ka'ee

Eenyuu sitti xiixaa Kakawwisa fixaa

B. Dhidheessii loogoo fixee Irreechaa siin-qixaa

Ayyaana abbaa qe'ee Naziriin siifidaa

Nuu-baraarii ga'ee Dhidheessicho goowee

Daaktuun reertuu maraa Dunbulloo foolii dha'ee
Dhidheessii ofiin maraa Bishaan irraa naannaa'ee
Gatii fala dhahaa Jiruu qoonqoo ta'ee
Dhidheessii ofiif mooqaa Booruu loogoon qixaa
Daaktuun olii hiixaa Manjaleedha xiixa
Dhidheessaa Abbaa Fiixaa Eenyuu sitti xiixaa
karaa deemaan diidaa Qirxinqiisin duudaa

C, Kan daaktuu galgalaa Qimmidaa amalaa
Mee takkaan yeelalaa Ilmii kan koo irraa
Hundumtuu ergisaa Waaqa keenyaa irraa
Okkolloo jireenyaa Egere keenyaa beenaa

Irreessaa birmannee Ilmii waaqa kennee
Dhidheessii uumamaa Jireenyi ilma namaa
Korazii uumamaa Karaa deema dhaamaa
Qoociroo facaafnaa nuyyu karaa deemnaa
Daaktuudhaaf yoo barree Mufachuun raajiidhaa

D Irreessaan bishaan marsaa Offoltii karaa maksaa
Walii taliiloomnee Waaqatti harka baasaa
Taliilaa hobaasaa Irreessaa leellisaa
Ayyaana guddisaa Dubbii bishaan goonee
Bishaan keessaa baanaa kalchoo duuka fiignaa

E, Dhidheessii dubbii fixee Makara koog uutee

Yeroon fala fidee Gooruu keessaa xiixee

Daaktuufan waa dhaamaa Kan akkaa kudhaamaa

Ofoltiin waaqumaa Warreen qarqarumaa

Gannaafi bona narraa Deemsaa karaa narraa

Maashii gootan narraa Hinmiidhiin adaraa

Keessumma karaarraa Irreechaniis narraa

Obbo Huseen Muzaamil . (24/9/2014),Ganda Sooboo

Af-walaloo Geerarsa Laga Dhidheessa kana yeroo xiinxallu

A.Toorri bo'oo,(1--3),Geeraraan kuni,bishaan guddaadha akkuma,biyyii Dhidheessaa ofiif fala fidaa ykn giiggaa.Warri imaaltoon bishaan kana keessaa isaa hin beeknee daakuu hin dandaanuu, fuulleeti sodatu.Sababni isaa ammoo, karaa deeman bakka tuujumaafi dhagaa addaan baasee hin beekuu,kanaaf, yaa bishaan Dhidheessaa ani sibiratti guddadhee.akkaataatinama nyaatu beeka.Akkasumasi,ani falakii ilaaleen siidaakaa.Jedhee, geeraraan kuni, namoota warra karaa deemanuun ofi eegannoo godhaa,jedhee, geerarsa isaa itti fufee... B.toorri bo'oo,(4--12), Dhidheessii Loogoo fixee bishaan kuni Loogoo irraa garaa galee sodachise,ayyanni kee akkuma kee guddaadha.Kanaafuu, yeroo-yeroon dhufnee kenna sitti muudnee irreefannaa ykn kennaa sii kenniina ykn nazirii siifidaa Sabiyyii (finnaa) keenyati nu-galchii ykn nagaannuuceesiisii.Daaktuun nutti naannaa'ee, bishaanicha keessaa tuujumni gurguddaan keessaa akka jiru nutti odeessaa.Tarii qarshii nuyi harka kajeela. Nuyi ammoo, akkanni jedhuti hin qabnuu.Bishaan Dhidheessaa kuni baayyee waan guuteef, bakka danuuti akka tuujuma fakaata. Daaktuun ammoo, kana sababeeffate, bishaan irraa asiif-achi quruphise gatii fala dhahe furmaata qarshii ittiin argatu barbaadaa.Sababa ittiin jiraatuuf, namallee ofii hin gargaarsi fatuu, qophaa isaa hojetaa oolaa.Kuni ammoo, yeroo dadhabbii keessaa nama-ceessiisu nyaachisu danda'a.Yoo namni qarshii kennuu didee ammoo, ofiifi dubbiiqixxa'e ykn waliin dhahe namati dallanaa.Bishaan kuni loogotti qixatusi, ammallee

hin calallee.Bishaan ammoo,yoo calaale malee hir'achuun isaa nama hin galuu,daaktuun mi'effateera. Isumayyu, karaa cee'uumsa mana Abbaa Fiixaa jedhamu sanatiini Dhidheessii nama danuu nyaatee.Kanaafuu, ammallee bishaanichi hin hir'annee itti siquun gaarii miti. Jedhee, geeraraan kuni Waaqa isaa kadhata sababa,daaktuun yeroo bishaan guutu gatii olii-kaasuuf guruuriya,yoo qarshicha falmaan ammoo,nu-nyaachiftii sodaata, komata geerarsa isaa itti fufee..C. (toorri bo'oo, (13--16), Daaktuun yeroo namaa fi waa nama ceesiifte corataa ooltu galgala yoo dubbate malee, guyyaa dubbatus ofoltiin hin beekamuu. Akkasumasi, daaktuu yeroo umuriin koo deeme keessaa rakkoon naa muudachuu danda'a.Qarshiin amma argataa jiruu faayidaa hin qabu.Galgalli koo yoo utuu bishaaniin hin nyaatamiin gale gaariidha ykn hojii kana dhiise dubbatama. Kanaaf, mee-beekumsa koo irraan waa isinii geerara, tarii yoon hojii gaarii hojedhee jireenya koo keessatti namni narraa booda geeraruu danda'a. Kanaaf, dura buutanii maqaa wal balleessuunu. Beekumsi, ijoolleen, fayyaanisi kaayaa Rabbi nuti kenneedha fudhachuu danda'a.Ittiin ofii jajuu hin barbaachisuu hundayyu dhiifnee godaanna.Adeemsa jireenyaa keessatti waan nama qunnamuu hin beekamu.Kanaafuu, waa xinnoo isini irraa coradha malee,qarshii jedhee hin ceesiisuu koo miti. Miciirraa isinitti hin fakkaatin. Jedhee. geeraraan kuni, dhugaa jiru hubachiisaa, sababa, qarshii barbaaduuf akka imaaltoon hin mufnee bukkee qabee maqaa waaqatiin amansiisaa yaala geerarsa isaa itti fufee..D.(toorri bo'oo:(17--26),Irreessaa birmannee jechuun Irreessaa akka diqqaa nama baayyee taane dhannee. Silaa-yeroo bishaan qarqara wocamu deemuun koo hin ooluu.Beekumsa ammoo, Rabbi nama kennaa.Dhidheessii uumama bishaan kuni akkaatan tolchaa isaa ykn bareedinni isaa kuni namni tolchee mitii kalqadhaa. Kanaaf,Biyyii Dhidheessaa guyyaa irreechaan ga'ee wal hin waamuu amala jaraati. Kanaafuu, maaliif naa-waamuu dhiisee jettanii wal itti ni dallantani fiixeen hin gahiina. Ilmi nama akka itti du'uu hin beekuu, akka ibsaan baduti baduu danda'a.Dubbii bittimeessitanii akka namni wallooluu hin taasifnu.Daaktuudhaaf yoo barree.Warra kaan caalaa daaktuun raajii irreessaa eegachuu qabdi. bishaan Dhidheessaa kuni ammoo, offolittii barbaadaa. Kunis, Raajii yoo hin eegannee irreessii rakkoo uumuu danda'a. Kanaaf, Wal-taliiloomnee ykn nagaa wal yaannee,wal eebbisaa, Wal qulqulloofne, Rabbi kadhannee gara fuula duratti waan gaarii wal-yaanaa.Yeroo irreeffanus waayee isaa geeraraa kadhaa keenya qoosaa irreefachuu dhiifnee, irreessaan siriiraa kadhaa keenyaan diriiraa,irreechaan akka babalatu godhaa,

rakkoo keessaa baana.ykn dubbii bishaan goone,kan qoonqoo ta'uu barree qawwaa rakkoo duuchaa deemnaa.Jedhee, geeraraan kuni haala namni kamiyyuu wal diddaan gidduu jiruun hojii tokko yoo hojete,akka diqqaa rakkoon uumamee hunduu wal itti aaloo qabata.Kanaaf, gara fuula duratti akkaata aadaa keenyaatiin rakkoogidduu keenya jiru akka hiikanuu, kan daaktuu qofa miti, jedhee hawaasa kakaasa ,Waaqa isaa kadhataa geerarsa isaa itti fufee...E .(toorri bo'oo, (27--33),Biyyii Dhidheessaa keessatti rakkoon akka mul'ateen dhabamsiisaa taa'uu. Kanaaf, isiniwarri bishaan irraa hojetan dhugaa irratti hundaati riziqii keessan funaanadha. Akkasumasi ,warri bishaan irraa hojetan waaqa bishaan uumeef bishaanichi ragaalee warra itti fayyadaman gidduu akka jiran quba hin dhabina. Kanaaf, yeroo bishaan guutee imaaltoonni cee'uu dadhaban erga koo akkeekate ittiin dalaguu qabdaa. Garuu kan nama eeguu Waaqaa yoo didee daangaa darbitee,hunduu haqa waan narraa qabuuf, warra akka maashii qonnatti narraan jiraatanu nama karaa deemu akka inni ga'ee anaa keessaa hin qabneetti hin ilaalina qooxaadha, ykn waa guddaa hin gaafatinaa. Hunduu anaaf wal-qixaa, "aniy ammoo, maashii gootatii" kanaafuu, goonni ammoo, waa hin mallee hin funaanuu. Yoo diddani ayyaanni koo isiin hin dhiisuu hubadhaa.Jedhaa,geeraaraan kuni Dhidheessaa ofii fakkeessee ykn nagaa buusuu barbaadee dabse waa jedhaani, daaktuu quuqaa quba itti qabaa gorsaa karaa deemtootas rakkoo daaktuu hubachiisaa."Lukkuun lafa haadhuu baayyiftee haaduu ishiimuruti baatii" Isiin lachanu keessanuu dhugaa irratti hundaa fayyadamaa.Kani gidduu nama dhugaa eegu Waaqa isiin garuu wal eegaa. Jedhee, masilaa geerara maqaa Waaqatiin amansiisaa keessa keessaa jara lachuu qeeqaa waan isini irraa eegaa.jedhee :irraa geerare : geerarsa biratti gore!

Akka wal galatti, geeraraan kuni Dhidheessii ceesiisuu dinnaan kadhaa ayyaana fakkeesse, sababa, daaktuun qarshii malee ceesiisuu dideef, qeeqa akka jiruu daaktuun ammoo, kadhaa ayyaanaa fakeessee ykn "bira qabee ittiin qabe ofitti qabe"rakkoo isaa akka barsiisaa jiruu, walitti dhufeenya uumuu yaala jira.Geeraraan biraa ammoo, gidduu galuun bakka bishaan bu'ee ykn jaarsa nageenya ta'ee rakkoo jaraa akka hiikatanuuf, ta'uu baannaan haqni bishaanichaaf, ayyaanni isaa rakkoo jaraa lachuuti uumuu akka danda'u, qawwaa itti agarsiisee, walitti dhufeenya hawaasummaa uumaa dhaamsa qabu dabarse, beekuma amman qabu isini dabarse, itti fayyadama yoo Rabbi isini dabarse, jedhee, geerarsa isatti yeroo dabarse.

4.3.11 Af Walaloo Geerarsa Gootumaa Laga Dhidheessaa

Fkn

A.) Dhidheessii guuttee guuttee Falatti malee kunoo

Ilmi kee aariin guuttee Garaan dallane kunoo

Dhidheessii guunnaan malee Gibee maaliif calalaqaa

Ilmi kee aarraan malee Garaan maaf na-dhahataa

B.)Dhidheessaa yaa badaa ajaa Daaktuu yaa badaa gadhee

Yoo guuttee ni guuttaa malee Natu daakaa dhiisaaree

Lubbuu yaa badaa ajaa Nabsii yaa badaa gadhee

Yoo duute ni duutaa malee Natu sodaa qabaaree

C), Dhidheessii booruu Laaqa Daaktuun lama hin deebituu

Naan kaadhaa maalaan Laaqa Fiigeeyyuu itti deebi'uu

D), Bishaan hamaan Dhidheessaa Kan gabaabaan hin-ceenee

Kan dheeraan gordomtuu Dhukkubni hamaan maantireeza

Kan namni nama hin beeknee Kan abbaan xonboora malee gubatuu!

Xobbummatti tattafaatuu xeeqii gaangee taatuu

Dhamaatu malee dhooqe baatuu Xombora nama maaliif taatuu

B/rsiisa Tafarii Baqalaa, (21/8/2014). Gandaa Yaakkaa

Xiinxala Af walaloo geerarsa Laga Dhidheessa Gootumaa

Af-walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa armaan olii kun haala ibsameen geerarame,yeroo xiinxalu A, Bo'oo,(1--8), geeraraan kuni Sababa, Dhidheessii baayyee

guuteef, aaruu isaa kanaaf ammoo, cee'uu akka danda'u ykn akka hin sodaane geeraraan kuni bookisee hiriyaafi haadha isatti cimaa akka tahee gurraa buusa,odeeffannoonwarri Dhidheessii hin guunnee,jedhan dhara akka ta'e irraa geerara, Sababa, Dhidheessii guuteef, bishaan Gibee fuulleetti mula'achuu eegale. Kanaaf, haatii isaa mucaan koo kan bishaanitu nyaata jettee onneen ishii dhiphata, jedhee geeraraan kuni, bishaan Dhidheessaa guutuudha. Garuu cee'uun koo hin hafuu, jedhee ofi jajjabeessaa geerarsa isaa itti fufee..B (Toorri .Bo'oo,(9--16), Bishaan Dhidheessaa kana salphisee ilaalee sodaa ofii keessaa baasee ofi gootomsee akka daakuu kutannoo qabu nafisiyyaa isaa amanisiisee hiriyoota isaa keessatti akka dhaadate, haadhaa isaa ammoo, bookisee murahaa ishii eegsiisuuf,ofi jajjabeessuu yaala. geerarsa isa itti fufee..C, Bo'oo,(17--20), Dhidheessii booruudha, karaan daakaa kuni baayyee bal'aadhaa waan taheef,yeroon daaku ariifachuun qaba,malee siriiriqa daaku hin barbachisuu.Kana jechuun isaa ani qanaaniif daaka hin jiru ce'ee maayii koo baafachuufan malee, jedhee, geerarsa biraati darbe... D,Bo'oo, (21--28), Geeraraan kuni asi keessatti ergaa lama dabarse, Namni dheeraan bishaan guddatus dheeriina isaatti gargaaramee cee'uu danda'a. Gabaabaan garuu,humni isas akka hojjaa isaa waan ta'eef, liqimsamuu danda'a. Gamaa biroon, ammoo, bara rakkinaa sooreessi waan qabu ykn harcaadhuma gurguratee rakkoo jala bahuu danda'a. Harka qalleeyyiin garuu, rakkinichaan miidhamuu dandeessii. Jedhee, Geeraraan kuni, namni qabeenyaa hin qabnee dhukkuba lama dhukkubsata kunis,keessoon isaa waan nyaate aragalfatu, waan hin qabneef, xafaan isaa "akka abuukaatoo itti falmaa ta'aa ni yachaa "bakka deemeti gadaantummaatu itti dhagaamuu irraa darbee,waa namaa xiqqaa jiraata. Akkasumasi ammoo,utuma hin rakkanne qabeenyaan jireenyaa keessatti baayyee barbachisaa akka tahee, jedhee,irraa geeraraa ,geerarsa isaa keessatti gorsa, namni rakkina ofii duraa bu'ee fala rakkoo keessaa baamuu barbaaduu qaba.Kana jechuun dafqaan malee, rakkoo odeessuun rakkina nama hin baasuu. Kanaafuu, "irreen socho'uu malee illeen hin socho'uu" yaa hiyyeessaa yoo dura rakkataa taatesi, amma, yoo qalbiin sii dhufee dhoqqeessii dhooqee keessaa baa'uuf tattafadhuu, hanga yoomitti taata raatuu, kani garbumma ijoollee kee dhaalchiftuu, jedhee geerarsa koo isini keessa abubbiftuu, haala gaariin deebine waliin habubbifnu! (sammuu keessan keessa waanaan jedhe kana hadeeddeebi'u, qabeenya horanne wal itti deebine waan dabarsine ha-dubbanu)

Akka wal galatti, geeraraan kuni bishaan humnaa olii guutee ceesiisuu dinnaan bishaanichaa salphisee ilaalee haatii isaa akka laphee hin baanneef ykn hin yaadaneef gootum isa itti barsiisa hiriyoota isa bukkeet bookisa jira. Gama biroo ammo, hiyyeessi rakkoo hamaa keessa akka bahuu hin dandeenyee, yaadoo isa kana leellisaa ofii cimsee miliquuf yaala, hiyyeessii yooofi ta'e, nama ta'e, ta'uu baannan jala taa'ee jedhee ofi irraa geeraru irraa darbee, hiyyeessatti geerare, nama ta'ee geeraruuf, hawaasatti geerare geerarsa isaa quuca'e

4. 3. 12 Af-Walaloo Geerarsa Mormi Laga Dhidheessaa

Fkn

A., Dhidheessii Guumatti maree Ayyoo sabbata adii

Dhidheessii moohamaaree Dubbii keessaa muree

Abaalooyyuu hin tollee Buutii fuula gollee

Uleen hangulaalee Horawa waaraa muree

Boraatii galaanaa Dhidheessii alaala

B, Biyyii Dhidheessumaa Dhidheessii haadha maree

Mukaaliifaa deemaa Mootii aayyoo mooree

Warra isaan qoccolee Bara hurriin goolee

Dhidheessii akka garbaa Jilchaa qalbii qooraa

Dhidheessaa elmatee Seefii ciqillifatee

Dalgeen mukuu hootii Ijaa mukeen qooxii

Jalaa siqixxuutti hootii Ofiifi lafa mooqxii

Gadaati gugumee Kalqiin biyyaa dhumee

Cubbattii hunkuramee Walii wallaalamee

Dhidheessii humna cimaa Silaa eenyutti himinaa

**C, Firaa bulchaa qabaa Addoyyeen biyyumaa
Biyyii Dhidheessumaa Cidha guyyaa gabaa
Tirmaan cinaacha gabaa Dhidheessii raajii qabaa
Bor-qotaa bira-qotaa Hoortoon gaara qeensaa
Qaxxisaa godaa geessaa Dhidheessii qomcee qabaa
Dhiinsaan godaa geessaa Dhugaa waaqa qeensaa**

**D, Jireenyi ittiin taa'ee Mootii guyyaan taa'ee
Tuwoo jala taa'ee Dhidheessii luyyaa'uu
Qissan Dhidheessaa namaa Bishaan olii yaa'uu
Godaaneessa Dhidheessaa Bishaan irraa keessaa
Kan kotteesse namaa Wal –fincilaa taa'uu
Dhidheessii kan hundaa Gumaaata kan ta'uu
Kan haajame hundaa Jiraachisaa taa'uu!
Wal-barii hundaa Quba hin kaa'iin hundaa**

Obboo Mahammed .A/Diiduu (30/9/2014) Gandaa Saasoo

A, Toorri bo'oo,(1--5), Geeraraan kuni,Dhidheessii Guumatti maree jechuun bishaan Dhidheessaa biyyaa Guumaa kanatti naannaa'ee waan jiruuf, mootiin biyyii Dhidheessaa yoo uummanni dubbii itti kaasee waaxinnoo gaafate hin sodaatu dubbicha itti naanneessa.Haata'u malee, ammaa yoomittii biyyaa Dhidheessaa kana danda'ee humnaan bulchaa ykn dubbii kana hukaamsa ? Tarii ammoo, dubbii warra sobdee asaastuu ykn dubbii arrabi lameetti yaadni keenya akka hin fudhatamnee godhaa jira, malee,yaada mootichaa qofaa miti.Abaaloo ykn abbaan kee yeroo biyyaa Guumaa kana bulchaa turee, akkanni sababa adda addaa uumee, biyyaa irratti dhiibbaa geessiisa turee beekamadha. Haata'u malee, ummanni mormaa akka turee seenaa isaa beektaa.Kanaaf, mootiin abaaloo ykn abbaan keeyyuu nuu tollee ilmi nuu-gaarooma? Abaaloo hin tollee jechuun

geeraraan kuni keessa keessa, keessaan fiixee geenyera. Silaa yoo waaxinnoo gaafanne nutti jallisuun isaa hin hafu, eeboo keessan sirritti tolfadhaa. Yeroo midhaan mootii calleessuu dhaqixanu naannoo sana, bineensa buutii jedhamtu kan oduu dharaa afuufu ykn sobdu fuula hin tollee arrabi lameeti jirti . Kuni (dabsan hawaasa kakaasu) kani nama hidditu bakka hojii sana jira. Kanaafuu, itti yaadaa kottaa. Garuu, mootichis ulee ykn afuufee ykn sobee biyyatti fakkeesse raasee ykn rakkisee biyyaa bulchaa turee. ammasi, yaada kana qaba. Kanaafuu, bakka hojii isaa hojetamuti ykn xaafi isaa diriqamaan qulleessinu sanati ,Abbaan keeyyuu ykn ,Abaaloo mootii Hora-waaraa jedhamu bakka bishaan Horawaa horii isaa hobaasa jirutti mootii kana ajeese aangoo fudhatee. Kanaaf, Sanyiin keessan duruma goota, garuu, tafahuulii akkami goota? Bishaan Dhidheessaa kana dawoo goota? Calleessa mootii maaliif ooltaa? jenne biraa qabnee gurra buufna. Jedhee, geeraraan kuni, ummata kakaasa "qeersa eegge hin qabanuu qabnaan ammoo, gadi hin dhiisanuu" akkaataa Abaaloo ykn abbaan isaa uummata darara turee, jechoota baayyee dhokataa ta'een hawaasa qeensaa, mormii isaa finiinsaa, mootii siriirsa geerarsa xeellessa ittif ufee., B, Toorri bo,oo, (6--15), Geeraraan kuni, biyyii Dhidheessaa gowwaadha. Mootiii irratti rakkoo uumuu hin barbaaduu. Garuu, mootichii sababa, bishaan Dhidheessaa kuni, biyyatti marseewaan jiruuf, bishaanichi ammoo, yeroo rooba cimaa qofa utuu hin taane yeroo biraayyu dafee hin hir'atu. Sababni isa ammoo, roobni bakka biraa soruun akka dabaluu wal-nama hin gaafachisu. Kanaaf, eessayyuu na-harkaa deemuu hin dandaan. Jedhee, faallaa jaraa deemee biyyaa doongahaa. Warra waa xiqqoo yaada gaafatee. akka garbichati hojii hojечиifata. Warra didee itti deddeebi'e gaafate, qalbiin isaa gogaa waan ta'eef, cubbaadhan hawaasa sodachisa. Kanaaf, biyya Dhidheessaa kana baayyee miidhee nyaatee ykn elmatee. Humnaa waraana isaatti hirkate, bakka dhaqee hundati seefii cillaafatee baate deema. Sababni isaa ammoo, gada gugume harkaisaa waan jiraniif garaa isaati duufu. Akka naannoo kanatti yeroo sana gadaa gugumee seera mura biyyaatti. Kanaaf, jara kana yoo yaada isaa fudhachu dhiisanni hin sodachisaa. Sababni isaa ammoo, warri dalgeen naannoo isaa teessu basaastota isaati. (ibsa yaada), yeroo sanatti sadarkaleedhan mootii bira tahama. Kanaaf, sadarkan kuni, afata, barcuma, dalgee fi k.k.f akka odeeffannoo geararsoota warra naa-kenne irraa odeeffadheti, Kanaafuu, warri dalgee kuni waan hin taane ofii jaalchiisuu jettee, mootiichatti buuftii ykn warrii mootii bira dalgee teessuu ijaa jabaate waa himtee ofii guddisuu, harcaha funaanachuuf,,

odeessitii. Akkasumasi, wanti jarri soba biyyaa irratti funaantuuf ammoo, qabeenyaa saamamu bukkee gorte qommihate hodhuuf ykn dhudhaaf. Kanaaf, oduu baayyiftee dubbii ofii uumti. Jedhee geeraraan kuni hawaasa kakaasu irraa darbee akkaata ofi irraa ummanni qalatu karaa qabsiisa, hojii warra soba ummata irratti tolchitu qishiraa, namoota warra cubbatti hunkurame waan inni balleessuu utuu hin gaafatini , biyyaa guuree gada gugume itti murteesiisee, bishaan Dhidheessaa iddoo cubbaa jedhamuti namoota kan dhakaa itti hidhee itti daddarbee. Akkasumasi, guyyaa gocha kana godhu ammoo, namoota baayyee biyyaa keessaa akka jiruun guuree dhaqee beddeenni cuubaan cicitee akka achitti nyaatamu godhee.Kanaaf, dararaan ykn rakkoo inni ummata irraan gahuu dhaabata hin jiru.Akkasumasi, biyyii Dhidheessaa utuu yaadini isaa tokko ta'ee ofii irraa falmachu danda'a.Jedhee, geeraraan kuni dubbii cimaanu-qabee, Dhidheessaan wal-qabee. jedhee gurra hawaasatti falmiin jalqabe qophaa'ii lama keessa waan nu-qabee jedhee geerarsa isaa itti fufee... C, Toorri bo'oo, (16--21), jala bultii cidhatu mana isaatii addooyyee kadhachuun isaa irraa jiraa turee, amma garuu, dirqama kadhaa biyyatu tirmaa mucaa isaa qopheesseef, silaa nama dhuunfaa kadhate qopheeffataa .Akkasumasa, Mootichi kuni, dabniisaa fiixee ga'ee,cidha guyyaa gaafa gabaa irraa bufatee, tirmaan mucaa isaa qopheessuu irraa darbee ofii tirmaa ta'ee. Kunis,akka odeeffannoo jaarsolii irraa odeeffadheti, geerarsi kun qabiyyeen isaa mooticha mormamee kanaan wal-qabate.Mootiin kun guyyaa gabaa irraa cidha isaa buusee, humnaa waraana isaatiin gabaa marsee gar-tokkee isaa hawaasa gabaa dhaabatee daldalataa jiru garboomsee, tirmaa godhee, mucaa isaa heerumtu duuka jimmatti ergee, jennaan hawaasan dooniin ittiin citee (naasuun ofi wallaale) muudinichi haaraa waan ta'eef, obsaan bira taree, tooftaa barbaadaa,har'a wajjiin jiraataa,haala jaarsoliin tabba akka nama kooruutti qeensaan ejatanii olii bahanuti suutaa, jedhee,raajii itti ba'ee,boollaan ga'ee. Akkasumasi ,biyyii Dhidheessaa keessaa namoota kokormee jiran dabalatani qaxxisaa godaa geessaani. Kanaaf, abbaan jaarsaa suuta jedhee,yoo namni dhugaa didee abaarsaan ykn seeran boolla buusa.Jedhee, geeraraan kuni, mormii kakaasuu eegale,falmii finiinsa kadhaa bukkee qabee mootii siriirsaa lafaan qabne.Jedhee ofi gammachiisu irraa darbee hawaasa gammachisa, tokko taanan waan nuu hin tollee balleessinaa.Obsaan ykn dhiinsaan godaa geessaa rakkoo namni namatti uumuu yoo dhiisee ykn bira darbee boollaa buusaa.Jedhee,geerarsa isaa itti fufee...D Toorribo'oo, (22--30),Mootii guyyaan dhiitee

tuwoo itti dhiitee, mootii kun, yeroon harka dhumee dhukkubsatee lafatti hafee, jennaan utuu ruhii keessaa hin bahiin mana isaa ummanni itti jikse. Yeroo amma, kana tabba ta'ee ganda Saasoo jedhamtu keessa taa'ee. kanaafuu, mootichi bishaan Dhidheessaa lafa cubbaa jedhamuti, namoota cubbatti naqee cubbuun isaan dhaqe. Inni hojii isatu isaan dhaqee. nDhidheessii luyyaahuu ykn bishaan oli yaa'uu, biyyii Dhidheessaa dubbii darbee hin haadhuu. Seenaa bishaan Dhidheessaa kan balleesse mootii yeroo sanaatu, bishaan itti geessee namoota bishaanit naqe adabi irratti raawwate malee, bishaan ofiin hin nyaanne. Kanaaf, bishaan kanatu yeroo sana nama fixee jechuun sirrii miti. Bishaan Dhidheessaa xuraa'uu hin qabu. Madaa mootiin biyyaa Dhidheessaa ummata isaa bishaan Dhidheessaa nyaachise, bishaan irraa keessaanii waan mootiin balleesse bishaan Dhidheessaa maqaa baafta, kani akka aangoo qabateen ana-caalaa, jedhee kokkee oli qabatee, kaani chii qabee, warra kaani ofitti qabee, ittiin hakuuca. Itti mooraa, wal-mormaa taa'uu, ykn kan wal-jibbaa taa'uu, ilma namati malee, bishaan miti. Kanaafuu, bishaan Dhidheessaa kani lubbu-qabeeyyii hundaati. Qooda kan ta'uu ykn hobaasa kan taa'uu. Warraa itti fayyadamu barbaadee maraaf, qophaa'ee kan taa'ee. Jedhee geeraraan kuni mootii yeroo sanaa dhiibbaa hawaasa irraan ga'ee, jennaan akkamitti akka ummanni mormu hawaasa kakaasa seenaa abaaloo ykn abbaa isaa akkanni ummata miidhaa turee qishiraaf, warri dalgee ammoo, dhara uumtee uummata rakkistee qabeenya saamisiisa jirtu dhoosee hawaasa quba qabsiisa, adeemsa mormii jaarsoliin tiratanu karaa buusa gurra buusa, kadhaan akka bakka ga'uu, nuu ammoo, rakkoo mootii ttis ta'e, wal miidhuu akka hin qabnee gorsa, booda, booda irraa garuu, mootii jireenyi ittiin taa'ee, manni hawaasni waggootaan ijaarree boolla isaa ta'e. jedhee, geeraran kun mootii akka hoolaati nuu gurguraa turee, bishaanit akka dhagaa nuu-furguugata turee, akkana ta'ee. Duuti isaa hiyyeessaa gadi ta'ee, jedhee, Waaqa isaa dinqifata, galateeffata bishaanichi ammoo, rakkoo akkanni hawaasa irraan hin geenye dhugaan ifatti mul'achu hawaasa geeraraa, gara fuula duratti maal gochu akka qabnu, walii barree, waliin deemnaani waan nuu hin tollee godaan geenya. Jedhee, keessa keessaa ofi gammachisuu irraa darbee hawaasa gammachisa geerarsa isaa quuca'e!

Faayidaa Af-walaloo Geerarsaa Laga Dhidheessa mormi

Akka walgalatti, geeraraan kuni mootii yeroo sanaati ummanni fincila kaasa akka tureef, bishaan kun ummataa irraan rakkoo akka geesiisa turee,biyyii immoo, obsaan akka moo'ateef boodarra garuu,rakkoon bishaan akka hin taane wali hubachiisaa hariiroo hawaasaa fi bishaan gidduu akka cimuu ergaa isaa itti geerara, Kanaaf, Dhidheessii dallaa jireenyaa keenyaa diinasi tahee,firasi utuu addaan hin baasiin hunduuf wal-qixaa akka tahee hawaasa barsiisaa.(dhuka toorri bo'oo, (30), Walii barii hundaa, Quba hin ka'iin hundaa, jedhee,geeraraan kuni ergaalee geerarsa hundaa dhuka kana keessatti dabarse.kunis (,ofi barree:walii barree:wal barree,wal baraarree, jireenya barree (dirqamaafi mirga of adda baafachu, waan mormaamuuf hin mormamne adda baasu, warri yaadinni jaraa tokko wal beeku(warra kaayyoo tokko) tokkummaa uumuun diina ofi irraa qolachuu, jireenya akkamiti akka geggeeffanu beeku (rakkoo dhufasi ta'e, rakkoo hawaasumaa wal-eeguu), jedhee, geerarsa isaa yeroo gabaabsanu ergaa akkana hawaasa dabarse,hawaasni rakkoo cimaa dabarse, waan jedhamu qabu, jedhee,gurratti dabarse fuula duratti karaan akkanatti jedhee, geerarsa isatti yeroo dabarse.

4.3.13 .Af Walaloo Geerarsa Gaabbii Seenoo Seenaa Laga Dhidheessaa

Fkn=

A,Qoreen duuba hordaa Dhidheessii asaasuu

Xurree maqeen dhaqee Dhidheessii nuu-dhaqee

Jiraan bu'ee dhooqee Gubadhee ofii raasuu

Dhadhaa bu'ee ibidaa Gobadhee maal baasuu

B, Raajii koo asaasuu Galaa siif-ataatuu

Warra qalbii laatu Jiila isaaf ataatuu

Biddaaroo qicadhuu Firaa waliin taanee

Dhidheessatti yaahanee Yaa ayyaana irreechaa

Haasa keessaa kaanee Aadaa keessaa baanee

Gangalannaa guuboo Mooqaa harka adoochee

Tuujummatti duuchee Yaa Waaqa gurraachaa

Galgaloofnee kunoo Asiif-achii jechaa

Bishaan dhugnee kunoo Machii keessaa ka'ee

C, Loogootti rarraa'ee Qarbbullee ta'ee

Haadhaa tumaa mooyyee Ededdatti ba'ee

Jismiin koos adoodee Mogleen na-darbee

Dhidheessii naan-galee Fira bowwaan galee

Asiif-achii ilaalee Bishaan itti deebi'uu

Nafsiiyyaa miciree Kalqiin didiiriiree

Qalbiin koo rooraa'ee Aara bitee ta'ee

D, Ollotti naa-dhiisee Hunduu wollaamee

Dhaggeeffadhuu aayyoo Oduu durii ta'ee

Natuu ofii kitaanee Dhiigini gurmuun ce'ee

Dhidheessii naan taa'ee Gabaan dhaqa se'ee

Kichuu qancahamee oduun durii qe'ee

Burqituu ijaa koo Leellisuun kottaa'ee

Biyyii na-wallaalee Hunduu nar-kaa galee

Garaan koo qoonqa'ee Muraanisi ka'ee

Dhidheessii maal ta'ee Raajii burkutaa'ee

Dubbii akkas ta'ee Firri nar-kaa ka'ee

Jireenyi naa-taa'ee qicuu natti ta'ee

Qicadhuu aayyoo koo Diqqan dhiqaa ta'ee

E, Mukaaliifaa qaamaa Rifuu hin dagatamnee

**Dhidheessii natti uumee Moodannoon ilma namaa
Maqoon hin beekamnee Akka carraa dhaamaa
Naan bijjaha malee jireenyi kudhaamaa
Waaqa dhiisi qaalluu dhaama Maaliif eegda qiyaamaa**

**F ,Dhaggeeffadhuu aayyoo Dhidheessii guutee guutee
Gaafa nyaatu hin beekamuu Lubbuun dhiira biliqaa
Gaafa duutu hin beekamu Akkamuu ofi eegamuu**

**G, Gaafa anaaf dukkanaa Dhalootafi deebena
Muudannoon maddumaa Rakkinni muddama
Obsaan kukutamaa Eenyutu qirqixamaa
Dhidheessaa abbaa guddaa Raajii isaa mudaa
Akka budaa baaqilaa Tafahuulii dhallaa
Macahannaan dallaa Gorsii jaarsoli karraa**

Obboo Imaam A/Qannoo fi Obboo Awal A/Macaa , (15 /2022).Ganda Sooboo irraa

Af-walaloon-geerarsaa, gaabbii 'seenoo seenaa' kuni,firri nama bukkee fayyumaan bal'aa tasatiin yoo duraa dhume ,ykn du'ee namichi firri jalaa du'ee kuni, firaa isaa kanaan,utuun gaafa tokkollee dhukkubsachiisee qoricha, sabbixoo hin sabbixaa'eef, hin jedhiin, wal dhabne garaan koo naa-gubatee, akka diqqaa waanan ofi biraa dhabeef, seenoo natti ta'ee.ykn dhukkubsachiise naa nuffisiifnee .Akkasumasi, seenoon argee hin quufunee jalaala wal-qabu ibsuu fa'i, kanaafuu, geerarsa keessattis ta'e, himamsa keessattis irraa deddeebiin mul'achu danda'a. sababni isaa ammoo, bal'aa sukkaneessaa ykn laaleessa kuni,firaa miti ormattu baayyee waan dhagaamuuf,irraa deddeebiin yaada mul'achu danda'a. Kanaaf, geerarsa kana keessattis irraa deddeebiin ni mul'ata.Geerarsi kuni dhuka adda addaa haqabaatu malee, dhukkichi walitti hidhannaa qaba. A,Toorri

bo'oo,(1--4).Yeroo bishaan guutu akka diqqaa dhaqeen ni ceena se'een rakkoo irraa bu'eene, bishaan Dhidheessaa fira koo ana bukkee nyaatee,jennaan rakkinni na-muudate nama namaa gadii ta'e.Keessii koo gubadhee ofii raasuu ariifachuu balleesse, gaabbiin na-keessaa baduu didee. Garuu, sii achi dhadhaa ibida bu'ee.Wanti al-tokko badee deebi'uu hin danda'uu, ofii dhiphisee yaamittahaa oolus, eessaan gahama? Utuu itti hin yaadini silumayyu wanti hojetamu tokko rakkoo cimaa uumuun isaa hin hafuu.Kuni ammoo, eegan wanti ta'e ta'ee, yaadni natti ta'ee. jedhee, geerara an kuni rakkoolee muudate miliquuf yaala hawaasaani waan jedha gurraan asi jedhaa... (B)Toorrii bo'oo, (5--12), Mee salphina koo geeraru ykn fokkuu koo odeessuu ,waan narraa ga'een namni naa-rraa geeraruun dura muudannoo koo irraa ofii irraa geeraraa, hubadhaati ijoollee keessanii geeraraa. Muudannoon akkanaa akka hawaasa irraa hin geenyeef, tarii ofii eegannoo gochuu dandeessuu ta'aa, jedhee...Fira wajjiin taane karaa bishaan Dhidheessaa deemnee ajaayiba Rabbii! utuu oduu odeessinu waayee waaqaa akkaata raajii irreechaa irrafanne. Gorsa jaarsolii silaa hin fudhanne, namoonni odeessuu eegalanii jennaan yaadanusi ergaa aadaa keessaa baanee, bishaanit oli baane raajii irreechaa bishaan itti ceexamu dagannee gangalannaa guuboo nu-yaadachiisusi ,bishaan guddaa keessatti bakka tuujumati bishaan maramu ykn reertuu maramu sanati bidiruu guuboon abootu jalqabu,"waaqati abeeti jennus"dubbii duraa karaa irraa maqe amma yoo jennesi gochi eegale,namichi nuu ceesiisaa jiru sana bishaan keessatti harki adoode bishaan harkaan rukutuu dadhabe.Bidiruu nuun-burraaqu eegalee,bishaan dirqamaa garaatti nuu-galee.jaaloo dagussaa taanee,tuujumati namminee,firaan gargar-baane. Ani silaa ofi wollaale, geggeessaa olii wallaallee, Dhidheessii naa-howwaalee. Jedhee, geeraraan kuni, ofii irraa geeraraa muudannoo rakkoo isaa hawaasni akka irraa baratu gorsa, miliquu yaala geerarsa isaa itti fufe.. C,Toorri bo'oo,(13--19), Wanta akka margaa ykn hidda bishaan keessatti biqiltuti cicheen mooyyee miidhaan itti tuman fakkaadhee. Kunis, bishaan sababa, qaama isaa keessaa guuteef, mooyyee fakkaate, haala nama dinguun akka jinniiti kani qalbii koo ofii beekne bishaan keessaa utaalee qarqaratti oli ba'ee. jedhee,jismiin koos adoodee maal ta'ee jamaa! jedhee,rifanna keessaa bakkaan jiru wallaalee,"bishaanichi naa macheessee, yeroon asiifachi ilaalu namoonni yaa'ee dhufee asiifachi naa qabe,erraan gadee naaciifsee,bishaan naa-keessaa jigsee, qalbiin koo ofii na-baree, kalqiin maaliif jigee? jedhee, "namootatti caraanu" ummanni callisee naa-laalee, edaa firrii koo hunduu na-

harka gal'ee, akkanati maatii koo warri ani wajjiin bishaan cee'aa turee, bishaani Dhidheessaa miicciiree nar-kaa fuudhee howwaalee. Ani duuhafi jireenya giddutti galee? Jedhee, bishaanitti deebi'uuf , qalbii koo utaalee, bishaan ofii nyaachisuu, jedhee, jennaan, namni natti birmatee yaadni koo dhamaa'ee, qalbiin koo gara itti goru dhabee, doodaame. Jedhee, geeraraan kuni akkaata muudannoo bishaan irratti rakkoo qunname, gaabbii gaddaa isaa ofi irraa geeraraa miliquu yaala, hawaasa barsiisaa, geerarsa isaa itti fufee... D,Toorriibo'oo,(20--30), Ollootti na-dhiisee, firri koo hunduu qophatti naa hambisee akka tasa bakka tokkoti firfiirsa raafuuu ta'e.Xoxobbee ciiccitee.Kanaafuu, yaa biyyaa koo narraa waa baradhaa.Seenaan duri dhagaa tureetu dhufee narraa ga'ee. Amma kootu seenaa ta'e himamaa,natuu ofii nyaatee dhiigni gurmuun ce'ee ykn aaliin wajjiin ceene.Asii keessati akka aadaa Oromootti firrii yeroo bishaan cee'uu, waliin hin cee'uu. Kanaaf, nuyi bidiruu tokko teenyee, bakka tokkotti dhumne.Wal-gargaaree ceenaati bakka tokkoti ciramnee ykn aaliin wal degaanee bakka haajaa ariitiin geenyatti Dhidheessaan ganaamne.Ergaa maatiin koo akkanatti karaa qabee,ani ammoo, jireenyi karaa irraa qabee, dhugumaan aadaa duraan oduun durii namoota tokko-tokkotti fakkaate deebi'ee mirkanaa'ee. Akkanatti ani guyyaa gaafa sana gabaa deemaa jedhee yeroon mana bahu akka tokko naa hoorsee, aalii koo Dhidheessii naa honissee,jennaan hamilee koo cabee.Jedhee, geeraaraan kuni,haalaa dararaan irraa ga'ee hawaasa barsiisaa keessa,keessaa seenoo geeraraa itti fufuee..Haaluma kanaan oduu-durii qe'ee, seenaan durii dhagahaa tureetu mana na-dhufee, abbaa seenaa ta'e,amma maqaa kootiin himamuu irraa darbee bakka deemeti godaaneesicha yaadachaa imimmaan dhangalaasan geeraraa fayyaan dhabee, ergan bakka tokko ta'uu eegalee ofii komataa bishaan maal naan jedhee anatu raajii bishaan mancaasee ykn balleesse.jennaan dubbiin kuni natti dhufe akka taane ta'e, jireenyii koo barbada'ee, fayyaa dhabee, fooliin jireenya natti dukkana'ee.Hadaraa biyya koo akkaataa aaliin koo na-harka itti dhume madaa isaa fayyuun dadhabee kan irraa waa baradhaa.Biyyiiniif tokko fala koo naa barbaadaa, harka keessan barbaadaa, jedhee, leellisuu kotta'ee! "jaartiin ijaa jaamtee xafaa dinbilaala hin eegatuu" Ani akkaataan ergaa nar-kaa badee muraa eeggachuu dhiiseen daandii bukkee taa'een, kadhaa keessaa goowee jedhe,akkaata kadhaa isa geerara miliquu yaalasi hawaasa ammoo, barsiisaa, ofi irraa geeraraa, dhaloota geeraraa, jiraachuuf geeraraa.(gaabbii, barsiisaa, akka namni waa itti darbatuuf (qoonqoof).itti fufee...E, Toorri bo'oo, (31--

35),Mukaliifaa qaama jechuun godaaneessi narraa jiru faallaa jismiti ykn qaama koo irraa madaa jismii ta'ee hin mul'atu.Kanaaf, namni naa hin beeku,ani firrii koo karaan akka diqqa deema raajii bishaan cee'uumsa dagane itti gallee,walbukkeeti dhumnee.Silaa gorsa abbootiitti cooddaa turee ,jireenyi naa hunkuree jennaan yaadoo keessaa turee, jireenya keessaa galee dhukkuba sammuu natti ta'ee, jennaan tarii guyyaan tokko Rabbiin naafidaa! jedhee,biyyii nawallaalee, karaa daarii taa'ee gabaa harka ilaalee waa cuucumma'ee funaanachu jiruu taasifadhee.Silaa seenoo geeraraa namoonni naan siriiraa waan xinnoo jarrii naa darbataaniin jiraachuun dirqama jireenyaa natti ta'e.Jedhee geeraraan kuni, hawaasa isaa barsiisaa miliquu yaalusi bakka namoonni jiran,tiratee deemee geerarsichaan hawaasa barsiisaa ,warri kaan mudannicha isa aajaayibsiifata,waan jarri xinnoo darbataniin, jiraatusi tarii booda, booda funaansa kanaan rakkoo keessaa naa ba'aa jedhee,tuttuquun geerarsa isaa itti fufee...Bakka aakiraa itti deemanu hin beekamu ykn bakk itti duuti namatti dhufuu hin beekamuu. Akka mana ba'uu malee eenyuyyuu akka itti galu hin beeku.Kanaafuu, naan hojedha malee,waan hojedhu kana ana duwaatu ittiin jiraata, jedhee miti.Duuti himatee hin dhufuu, jireenyii hiita mormaatii namni hundi carromuu hin danda'uu ykn namni hundi akka hojetuun haala gaariin jiraachuun rakkisaadha.Kana ammoo, muuxxannoo adeemsa jireenya irraa barachuun ni dandaanya.Rabbi isaa uumaa miti qaalluun isiin naannooyyuu jireenyaa kasoon ykn badhaadhina hojii irratti hunda'uus aragalfiin, garuu, carraadha.Jireenyiammoo,bu'aa ba'ii akka qabu eenyuyyuu dagachu hin qabu, bal'aani ykn qiyaaman himate hin dhufuu.Kanaafuu, namni kamiyyuu akka rakkatetis hin hafu keessaa baa'uusi ni danda'a.Jedhee,(Leellisuu kotta'ee,Muraanis ka'e, Biyyii na-wallaalee, Hunduu nar-kaa ka'e),dhukuni kuni arfan(4) ergaalee geerarsa gara caalu hammata.kana jechuun geerara kuni erga namni tokko rakkoon isa qunnamee maaliif sila akkasi goote?Jedhani gaafachu dhiisani hanga dandaan gargaarudha. Tari keessa darbu danda'a.Kanaaf, Walii darbataa, wal irraa-darbataa, waliin-darbataa. jireenya-darbitaa,jechuu, geeraraati. Kanaaf, akka geeraraan kuni jedhuti, wanti bakkatti hafu hin jiru,hanga dandeenyeen wal-yaada,jedhee,yeroo gaddaa isaafi dikkittoo jireenyaa isaa miliquuf leellisaaa akka jiru dhaloonni ammoo, isuma irraa akka waa hubatan gurra buusa keessa keessaa waanan gurum-gurum godhu harka keessan barbaadaa geerarsaa koo keessaa naa-barbaada.Rakkoon kuni tari, narraa darbuu danda'a,

naanuffinaa,jedhee,gargarsa fooyyaa barbaadaa geerarsa isaa ittif ufee...F, Toorrii, bo,oo (36--38), Muuxannoo jireenyaa isaatiin wal-qabsiisee akkaata itti duuhan akka hin beekamneef, bishaan gaafa nama nyaatu akka hin beekamne, dhaamsa isaa naannoo dabarsa. kanaaf, hubadhaa biyya koo bishaan gaafanni guutus, yeroo baayyee daakeera ykn ce'eera.Garuu, bishaan humnaa olii guuteef, utuu hin taanee gaafanni nama miliksu hin beekamuu.Dhiirri ammoo, akka bahuu malee, akkaata galuu hin beekuu. Diqqan mana ba'ee achitti hafuu danda'a. Jechuudhaan geeraaran kuni, gaddasa isa leellisa hawaasa naanooo barsiisaa. geerarsa isaa keessatti ammoo, bishaan guuteef, warra daaka beeku hin nyaatu, hir'teefsi hin dhiisu.Dubbichi waantoota hordofamu qabu seera aadaa eegachuun gaariidha. Jedhaa geerarsa isaa itti fufe...G,Toorri bo'oo,(39--44), Geeraraan kuni, erga lama dabarsa gaafan hin jirree dhaloota dhufuti seenaan koo qabeenyaa, waa narraa baratuu wal-dhaamaa.Kunis, guyyaa saafa natti dukkana'ee fayyaa fi aalii dhabee, waan nyaadhu dhabee kajeeltu ta'e. Utuu duuniyaa irraa jiruu dhaloota lama-sadii dhaladhee.Jalqaba maatii ho'aa horadhe,naa bukkee dhume,harka namati galee,amma ammoo,gara biqiluti tirataa jira.Kanaafuu,waan naa qunnamee keessaa daddarbee kana wal dhaama.Tarii warri qalbii qabu itti fayyadamu danda'a.Kunis, sababa, raajii bishaan akka taheefi gorsa jaarsolii bakka kennu dhabu akka ta'e, gurra buufadhatii ijoollee keessan gurra buusa.Haata'u malee, Geeraraan kuni,sababa rakkoo kana raajii bishaan balleessee qofa utuu hin taane,yaada jaarsolii,adeemsa jireenya keessatti fudhachuu dhiisuu want fidee,ammoo, odeeffannoo waa'ee aadaa ta'e ykn gorsa irratti jaarsoliin uummataa gorsan waan dhiyeenyati gochicha hin raawwanneef, Dhugaa namati hin fakkaaatu.Raajiin aadaa akka tasaa waan odeeffame natti fakkaate, dhugummaan aadaasi ana irratti haaroomee.Kanaafuu ,hubadhaa hiriyya koo ykn biyyaa koo! muuxannoo jireenya keessatti ammoo, nama rakkatee beeku malee,rakkoo offii yoo itti himatan, seenaa utuu rakkoon siiqunnamini duraa mukuu baa'uuf sii gaafachu barbaada waan taheef, warri sirraa barachuu barbaadu muudannoo kee irraa barataa, fala nama laachuuf, waa sitti darbata.Jedhee, geeraraan kuni hawaasa barsiisaa.Garuu,ittiin miliquuf, jechuu baannusi,rakkinni kokkee waan ga'eef,i ttiin jiraachu akka ta'e, wal-nama hin gaafachisu.Kanaaf, bishaan Dhidheessaa angafa bakka raajiin itti kennamuu, waan ta'eef eegadha.Rakkoo fiduu danda'a.Jedhaa...Geeraraan kuni,yoo yeroo cee'aan bishaanichatti irreeffachuu dhiisanii namoota baayyee keessaa yeroo dheeraa keessatti al-tokko ykn

naazir miidhuu danda'a.Jedhee, muuxannoo isaa irraa ka'ee weellisaa.Garuu,irreechaa kana utuu hin qadeessini seera isaa eegannaan akka magootii nama eeguu danda'a. Asirratti aniyyuu irraffachuu dhiiseen ykn gorsa jaarsa ciicachuun rakkoon narraa ga'ee.Jireenyaafi fayyaa dhabee. sababa,bishaan Dhidheessaafi aayyaana irreechaan moodannoon ka'umsa rakkoo kootiti.Jedhee, ofii miliquu yaala hawaasa naannoo barsiisaa faayidaa jara irraa kajeelaa jiraatusi waan funaanu kanaan fuulleeti qaanqee mul'achuu ni dhabu,amma, xinnoo naa-wayyaa.Jedhee, ofi jajjabeessaa,odeeffannoon aadaa jaarsolii irraa odeeffatamu dhugaa akka ta'e, muudannoo isaatiin wal qabsiisee hawaasa xuruursa,rakkoolee jireenyaafi gaddaa keessatti nama qunnamuu obsaan malee keessaa darbuun akka hin dandaamnee hawaasa geeraraa,ofii geeraruun dirqama jireenya natti ta'e, jedhee geerarsa irraa oli jedhe.

4. 4.14 Af walaloo Geerarsa Rakkinnaa Laga Dhidheessaa

Fkn

Maal naa goonee deegini koo

Dhidheessaa naa-ceesiisee

Hiyyeessaa naa-reebsiisee

Deega koo mitii-kormaa!

Dhaabbatee nattii-mormaa

Akka daanyaa biyyaa ormaa!

Obboo Zinaabu Abduu Waxabajj, (11/2022) . Gandaa Sooboo

Geeraraan kuni, duraan biyyaa Dhidheessaa keessaa rakkatee akka jiraataa tureef, hiyyeessuma akka isaatiin tumamee ykn rukutamee akka biyyaa Dhidheessaa keessaa baheef, bakkanni demetis, rakkinni itti jabaate, jennaan rakkinni kuni dirqamaan akka itti murtaheeti, namichaa ofii rakkataa akka isaa taha isaa rukutee qeeqa yaadoo isaa keessaa yooman jireenyaa kasoo argaaa, jedhaa miliquuf yaalusi waaqatt aarun geerarsicha keessatti ni calanqisa, kanaaf, geerarsoon akkana kuni waaqan ykn namaan

**wal itti buhiinsa haala salphaan uumu danda'a ,kanaaf geeraraan kuni haaloo rukuta sana
baafachuuf gururiyaa akka jiru wal-nama hin gaafachisu!**

Boqannaa shan(5): Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqannaan kuni, haala wal-gala qorannichaa kan ilaalatuudha. Hawaasni hunduu aadaa, falaasamaa fi ilaalcha mataasa ni qaba. Aadaa fi amantaa ilaalchasaa kanas kan calaqisiisuu afaaniin dhaloota irraa dhalootaatti dabarsata. Af-walaloon geerarsaa Laga Dhidheessaa gosa afoola ta'ee, damee geerarsa keessaa tokko waan taheef, Oromoon naannawa Laga Dhidheessaa jiraatu akkuma Oromoota warraa kaani falaasama uumamaa keessaa bishaaniif, qaban ilaacha isaan geerarsa Laga Dhidheessaa kanaan ibsuun afaaniin dhaloota irraa dhalootatti ceesiisaa turaniiru, harka gufatusi.

Ka'umsi qorannoo kanaa inni guddaan, af-walaloo geerarsa daboo, af-walaloo geerarsa goota fi af-walaloo geerarsa aanaa Dhidheessaa (MA) guutaachuuf, irratti geggeeffameera. Garuu, akka aanattis ta'e, af-walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa irraa itti qorannoo tasuma hin geggeeffamnee, akka anaa qofa utuu hin taane, akka Oromiyaatu waayee afoola bishaan ilaalchisee argee dubbisee hin beekuu. Sababa kanaaf, af-walaloon geerarsa waayee bishaanii kuni durumayyuu badeera jennaan utuu tasa hin badin gara barreeffamatti jijjiiruuf, tattaaf godhe. Warra qorannoo bal'aa geggeessuuf ammoo, bu'uura ni ta'aa jedhee yaadetani kakuumsa naa keessatti uumee jennaan xiinxala irratti geggeesse. Yaadua kana xiyyeeffannaa keessa galchuun qorannoon, kun kaayyoo wal-galaa xiinxalaa qabiyyee, faayidaa fi gosoota af-walaloo geerarsaa Laga Dhidheessaa xiinxaluun akeeka godhachuun adeemsifameera. Adeemsa qorannoo tokko geggeessuu keessatti yaadoleen hayyoota iddoo olaanaa qabu. Kunis, akka qorannoon sun addunyaa har'aa waliin wal simatuu fi saayinsawaa taasisuuf gargaara. Kanaaf, qorannoon kunis, yaaddiddamoota hayyuulee kana ana deeggaruun hamma dandaameen gabbisuuf yaaleera. Qorannoon kuni, kan adeemsiifame Godina Buunnoo Beddellee Aanaa Dhidheessaa keessatti yoo ta'u, manguddoota ganda aanichaa keessaa jiran baadiyyaa keessaa naannaa'ee namoota waayee geerarsaa Laga Dhidheessaa beekuu jedhee itti amanee irraa odeeffannoo guuraamani irratti hundaa'uun geggeeffameera. Qorannoon kuni mala akkamtaatin geggeeffame. Gosti qorannoo kunis, qulqulleeffataatti dhimma bahame. Sababni isaa odeeffannoon madda ragaa tokkoffaa kan akka af-gaaffii, marii garee xiyyeeffannaa fi daawwaannaan manguddoota irraa funaanuun bakka tokkotti

guuramanii akkaata wal fakkaatuun adda qoodamee ,erga jedhee booda tooftaa ibsuutiin kan ijaarameedha.

Argannoowwan kana keessatti hawaasni Aanaa Dhidheessaa af- Walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa kanatti fayyadama akka hin jirree ta’u bira gahameera. Sababni isaa ammoo, Mahammed Aliyyii (MA) (2013) Seenaa bulchiinsa mootolii aanichaa irratti qorannoo geggeesse akka mul’isuti mootummaan Hora waara ,(1795) achii akka ta’e, agarsiisaa. Mootummaan Hora waaraa kuni, ammoo, qaalluun sababa bulchaa tureef, aadaa keessaa ejjachuun yeroo sana kaasee mootoliin dhufani faaruu bifa geerarsatiin hawaasni akka isaan faarsu barbaadu. Hawaasini ammoo, jara ciicataa. Gidduti geerarsi Laga Dhidheessaa akka harcahee bira gahameera. Kanaaf, af-walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa barreeffamaan dhabamuu ,geerarsi kabajaa dhabuu ,hawaasni ammoo, maalummaa ofii wallaaluu,amantiitti hirkisuu, inni biraa ammoo, qorannoon yeroo geggeeffamuu, namooni waayee aadaa beekanu, waa guddaa nama irraa barbaadudha. Kanasi, yeroo namatti himan yaadni naa dhufnee, qaamni koo bareechee hadhaa naa diriiraa hin jiruu, jechuun beelama daniisuu. Kanaaf, qorataan hundi waan akkanaa hubachuu hin danda’u. Kanaaf, qorataan kuni, qaxxisaan qirxinqiisii jiisaa hawaasa keessaa qirqixee baasuun dandaameera.

Furmmani qorataan kuni ni ta’a, jedhee kaheerra, Biiron Aadaa fi Tuurizimii aanichaa Biiroo barnoota aanaa wal-galanii geerarsa laga kana hawaasa keessaa barsiisota afaan qindeessanii, wal itti guuran barreessanii, Biiron Oromiyaa Aadaa fi Tuurizimii wajjiin qunnamtii uumee baajata ramadeef qorannoo bal’aa ta’ee, haala hawaasichi gaafatamu onnachisuun, qorannoo kana irratti hundaa’ee yoo geggeesse, af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa kana burqisiisuu eegale booda offiin burquun isaa wal nama hin gaafachiisuu. Sababni isaa ammoo, af-Walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa kuni, akka geerarsa warra kaan utuu hin taanee falaasamni Oromoo kun wantoota qabatamaa aadaa ibsaman keessaa tokko waan taheef, yeroo amma kanayyu bishaanichaan wal qabatee nama hawaata. Kanaaf, hawaasa keessatti utuu kakahumsa uumanii aadaa kuni deeb’ee dagaagu danda’a.

5.2. Argannoowwan

Akka yaada barreeffama kanaati cuunfaan xiinxala qabiyyee af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa kana irraa hubachuun dandaameetti argannoowwan armaan gadii argamaniiru.

- Biiroo Aadaa fi Turizimii Aanichaa, waayee af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa waraqaan baalee tokko akka hin jirree qorannoo kanaan bira gahameera.
- Dhaloonni amma, af-walaloo geerarsaa kan fayyadamaa akka hin jirree ta'uu irraa gahameera
- Haata'u malee, tokko akka ciminaati kan jiru, manguddoot a bira darbee darbee hanga tokko jira, itti fayyadamaan malee, kanasi, af walaloo geerarsaa Laga Dhidheessaa argame irraa hubachuun danda'ameera.
- Falaasamni Oromoon uumama keessaa tokko bishaan ittiin ibsu safuu, duudhaa fi aadaa isaa ittiin uumama naannoo isaa eegsiisuu keessaa tokko geerarsa Laga Dhidheessaati. aadaan kuni baduun geerarsa qofa utuu hin taanee miidhaa uumama naannoo kana irraan akka gahee qorannoo kanaan hubatameera.
- Oromoon naannawa Aanaa Laga Dhidheessaa jiraatu safuu, duudhaa kabajaa naannoof qabu laafaa dhufuun beekamee jira.
- Bulchiinsi aanaas waayee aadaa Oromoo ilaalchiisee Biiroo qofa banuu malee xiyyeeffannaa akka hin kenninee hubatameera.

Gama biroon ammoo, af-walaloon geeraesa Laga Dhidheessaa kuni, fiilmii, sirbaa asoosama giddu galeessa fi diraama hojachuuf baayyee mijahaa fi miidhagaa akka ta'e, geerarsoota argamee irraa hubatameera. kunis, akka hubannoo qorataati. Biiroon barsiisoota ,Aadaa fi Turizimii Aanichaa gamaa barsiisoota afaan aanaa kana keessatti argaman qindeesse af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa kana wal itti qabsiisee gara kitaabatti jijjiiruu dhaloota haaraa fi dabarsu. Haaluma kanaan Biiroon ammoo, hayyoota dandeetti barreessuu qabaniif fedhii qaban onnachiisuun geerarsa Laga Dhidheessaa kana akka barreessanu gochuudha. Waluma-galatti af-walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa kuni, kan funaanamee hawaasa aanaa Dhidheessaa warreen beekumsa af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa irratti hubannoo qabaniif warreen hanga tokko hubannoo qabaniirra wal itti macahamee qindeeffameedha.

5.3 Yaboo

Adeemsa hojii qorannichaa keessatti qabiyyee af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa akka xiinxalamu ilaaluun dandaameera.

Kunis, duudhaa ,safuu fi aadaa kana kunuusaani tursiisuu irratti rakkoowwan adda addaa kan mul'ataniidha. Haala kanaan argannoowwan qorannichaan biraa gahaaman, kana irratti hundaa'uun haala walii gala duudhaa, safuu fi falaasama Oromoo uumama naannoo isaa keessaa bishaan itti ibsani tokko geerarsi Laga Dhidheessaa irratti qorataan yaboo armaan gadii kaaheer. Namoonni sirna barnoota qopheessaan kitaaba barnoota afaan Oromoo fi sirba keessatti qabiyyee af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa akkaata itti dhiyaachuu qabuun kitaabilee barnoota idilee keessatti osoo galchani barattoonni ykn dhaloonni haaraan duudhaa , safuu falaasama uumama naannawa keessaa bishaanii geerarsaan ibsan baranii itti tajaajilamuuf daandii saaqa.Barreessittoonni, artistoonni Oromoo bifa sirbaa, fiilmii, asoosama gabaaba, diraama fi k.k.f af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa irratti hojetani faayidaa argachuu danda'u. Akka cimnaati kan jiruu manguddoota bira geerarsi jira. Garuu, haala qalbii jaraa hawaatuun yoo ta'e malee, dhugaa jiru buqqisani namati himu irratti mamii mul'ata.

Biiron barnoota aanaa ,aadaa fi Turizimii barsiisoota afaan qindeessee geerarsa Laga kana waliitti qabee Biiron Barnootaa Oromiyaan qunnamtii godhee barnoota kutaa Jaha (6) ykn kuta Torba (7) keessaa tokko falaasama Oromoon uumama naannawa keessa bishaan ittiin ibsani irratti Kitaaba afaan Oromoo Biiroo Oromiyaatiin wal-galee utuu aanaan akka qopheessuu godhee, af-walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa kuni akka barsiifamu tattafatame safuu, duudhaa fi aadaa guddisuu irraa darbee, safuu fi duudhaa bishaanichaa akka eegamuuf, kabajinni uumama naannoo akka gdhamu taasiisuu danda'a. Akkasumasi, aadaasi ta'ee ykn af-walaloo geerarsa Laga kuni saganta miinimidiyyaa aadaa fi Turizimi fi manneetiin barnoota kutaa jaha (6) olii jiran keessatti utuu darbuu eegalee, adeemsa keessa qunnamiti raadiyoo Oromiya OBN uumaani sagantaa keessatti yeroon akka qabamuuf godhe, qabiyyee geerarsaa maaliif akka geeraramu, fi faayida isaa utuu dabarsanii hubannoo hawaasa keessatti uumuu danda'a.

Wabiilee

Addunyaa barkeesaa, 2014, *Seemoo: Bu'uura Barnootaa Afaanii Afoola Oromoo*.

Printed by Far East Trading PLC printing press Finfinnee, Oromiya.

Addisuu Tolasaa (1990). *The Historical Transformation of Folklore Genres: The Gerarsa as National Literature of the Oromo*. Bloomington.

Addunyaa Barkessaa, (2011). *Akkaamtaa Yaad-rimee Qorannoo Hujaa: Finfinnee Oromiyaa*

Andrzejewski. B.W, (1985). *Litreture in Cushitic language Other Than Somali*, In *Litreture in African Language* Cambridge University press.

Alan Iseacs, (1981), *the Macmilan Encyclopedia*, USA: Laurence Urdang Associate ltd.

Asafa Tefera. (2004) .*Theorizing The Present to Wards a Sociology of Oromo Litreture.*:

Jaarsoo Waaqoo's Poetry: Finfinnee Branna Printing Enterprise.

Bascom W. ,(1965), " *Four Function of Folklore*" : In Dundes A.(1965), *The Study of Folklore* Burkelay; Printice Hall. Inc..

Ben. Amos D. (1977). *Folklore In African Society* : In RAL. Vol.6 No 6

Bukenya A. ,(1994). *Understanding oral Litreture*: Nairobi University Press.

Bauman R. (Ed), 1992, *Folklore Culture Performance and Popular Entertainments: A Communication-Centered Handbook*, Oxford University Press, Inc

Cerulli E. (1992), *the Folk Literature of the [Oromo'] of Southern Abyessinia*.

Dirribi Damussee, (2012)), *Ilaalcha Oromoo: Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo*, Finfinnee

Dundes A. (1965). *The study of folklore*. Engle wood cliffs: N.J Prentice Hall,Inc.

Boswell, G.W. \$ Rever. J.R. (1962), *Fundamentals of Folk Litreture*: Oosterhout, Nitherland Anthropological publication

Dods worth H.Graham .2007. *The Nature of Folk Song* , In Australia :
Origion and Transmission.

Finnegan R.2012, *Oral Literature in Africa*, United Kingdom: World Oral Literature series,
open Book Publisher CIC ltd,

Finnegan. R. (1970), *Oral Litreture In Africa*, Oxford :Claredon press.

Finnegan. R. (1976), *Oral Litreture in Africa*, Oxford University press.

- Finnegan. R. (1977), *Oral Poetry. Composition Performance and Context*, Cambridge: university press
- Filee Jaalataa, (2016), *Beekumtaa Oromoo: Raajii Finfinnee*
- Hossien T. 2015. *A Dictionary of Reaserch Methodology and Statistic in Applied Linguistics*, Ttehran: Rahnama printing press.
- John, Gress well. W. 2005, *Qualitative Inquiry and Reaserch Design: choosing Among Five Approches 2nd Edition*, Sage publ; ication London.
- Lincon S. Benjamin. 2011, *Characterestics of Folk Songs: Teaching Pieces and Arrengmen* Combridje University Press.
- Margaret A. Margot. E. and Marayam n.D.1997, *On Writing Qualitative Reaserch. :Living by Words*, the Falmer Printing press, London. Available Adobe Reader format ISBN 0-203-45817-6
- Melakneh Mengistu. 2005. *Map of African Litreture*: Addis Ababa Branna Enterprise
- Melaknen Mengistu (2006) *Fundamental of Litreture*, : Addis Abeba: Addis Abeba University.
- Monanti et.,al. 2013. *Oral Poetry for Environmental Conservation: A Study of Selected Gusii Song Texts*.Journal of Emerging Trendsin Educational Research and Policy Studies 5:25–34.
- Okpewho. I. 1992. *African Oral Litreture: Background character and continuity*. Bloomington Indiana polis; Indiana university press.
- Oring E., 1986, *Folk Groups and Folk Genres: An introduction*, Utah: Utah University Press.
- Richard D. ,1972 . *Folklore and Falklife :An Introduction*. Chicago and London: the Univarsity of Chicago Press.
- Sims and Stephen. (2005). *Living Folklore : An Introduction to study of People on Their Traditions long nutah* University press Cambridge university press.
- Sims C.M./ And Martine S. (1965). *Living Folklore. An introductiion the Study of People and Their Tradition* Logan Utah State University press.
- Terseglave M. 1957.*Folk poetry: Literary lexicon* 32 Ljubljana DSZ. University.

Dabaleewwan "A"

Yuuniversitii Jimma Kolleejjii Saayinsii Hawaasaaf.Hiyumaanitii Damee Barnoota Afaan Oromoofi Og barruutiif,

Af-gaaffii Qorannoo odeef kennitoota dhiyaate Kabajamtoota odimtoota af-gaaffii qorannichaa, qorannoon kun ,mata duree xiinxala ergaa af walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa jedhurratti xiyyeeffate, Kaayyoon qorannoo kanaas ergaa af walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa xiinxaluudha. Kanaafuu, geerarsoota hawaasni Oromoo itti fayyadamaa turee fi ammas itti fayyadamaa jiru, sodaa tokko malee ifaa baaftanitu kabajaan isin gaalateefadha.Gumaacha naaf gootaniif guddaa galatoomaa!

Maqa_____ -Saala_____ Umurii_____ Ganda_____ Gahee hojii_____ deebii keessan kenna.

- 1 Af-walaloon geerarsaa Laga Dhidheessaa hawaasaa keessatti ergaa akkamii qabaa?
- 2 Af-walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa gosa qabaa?
- 3 Faayidaan af walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa maal fa'iin walqabatee geeraramaa?

Dabballee "B"

Odimtoota Mariin garee kuni miseensa Nama sadii sadii qabuun bakka lamatti qoodamee geggeeffamee qorannoo kanaa mata duree xiinxala qabiyyee af walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa jedhurratti xiyyeeffate. Kaayyoon qorannoo kanaas ergaa af walaloo geerarsa Laga Dhidheessaa xiinxaluudha. Kanaafuu, geerarsoota hawwsni Oromoo itti fayyadamaa tureefi ammas itti fayyadamaa jiru irratti yaada keessaa naa laataniif, kabajaan guddaa, isini qabaa! deggersa naaf gootaniif duraan durseen isin galateeffadha.! Maqaa_____ Saala_____ Umurii_____ Ganda_____ Gahee hojii_____ afaaniin deebii keessan kenna

1. Aadaan Oromoon uumama naannoo keessa bishaaniif qabu geerarsa Laga Dhidheessaa kanaan akkamitti ibsamaa?
2. Faayidaa af walaloon geerarsa Laga Dhidheessaa qabuu maal fa'i?
3. Dhaamsi afwalaloo geerarsa Laga Dhidheessaa hawaasa keessatti qabu maal fa'i?

Dabballee "C"

Af gaaffii odimtoota Daawwannaa irratti hirmaataniif dhiyaate.

Kabajamtoota odeef kennitoota afgaaffii qorannichaa qorannoon kun, mata duree xiinxala, qabiyyee fi faayidaa af walaloo geerarsa Lagaa Dhidheessaa Oromoo aanaa Dhidheessaa jedhu irratti xiyyeeffata. Kaayyoon qorannoo kanaas ,qabiyyee fi faayidaa af walaloo geerarsa lagaa dhidheessaa Oromoo Xiinxaluudha.Kanaafuu, geerarsoota hawaasa Oromoo itti fayyadamaa tureefi ammas itti fayyadamaa jiru soda tokko malee ifaafi biliisaan sagaleen geeraruun akka isaa na dhageessifan dursee kabajaan isin gaafadha. Gumaacha naaf gootaniif guddaa galatoomaa!

Maqaa_____ Saala_____ Umurii_____ Ganda_____ Gahee Hojii_____

1. Af-walaloo geerarsaa Lagaa Dhidheessaa kana mee sagaleen naa dhageessiisaa!
2. Af-walaloon geerarsaa Laga Dhidheessa kuni faayidaa maaliin walqabatee geerarama?
3. Ergaan af-walaloo geerarsa lagaa Dhidheessa qabu maalii fa'ii

Dabalee “D”

Maqaa warra odeeffannoo kennitoota agarsiisuu

T/L	Maqaa odhimaa	Saala	Umrii	Gahee hojii	Ganda bakka jireenyaa
1	Mahammad araddoo	Dhi	65	Qote bulaa	Yemberoo
2	Alolii imam	Dhi	67	Qote bulaa	Bakkee A/Waljjiraa
3	Mahammad A/ Dilbii	Dhi	61	Qote bulaa	Saasoo
4	Huseen Muzammil	Dhi	47	Qote bulaa	Sooboo
5	Sh/Zeeyinu Abdurqaader	Dhi	74	Qote bulaa	Qubbaa
6	Nuuraa Gulummaa	Dhi	44	Qote bulaa	Sawwaa
7	A/maccaa shanii	Dhi	64	Qote bulaa	Garaadoo
8	obbo Zinaabuu Abduu	Dhi	57	Qote bulaa	Sooboo
9	A/Daffeer Bulii	Dhi	54	=	Gooroo
10	A/Maccaa A/caamsa	Dhi	66	Qote bulaa	Sooboo
11	A/maccaa A/dhanquu	Dhi	62	Qote bulaa	Sooboo
12	A/Milkii A/Gissaa	Dhi	76	=	Siddaa
13	A/Nuuraa A/boor	Dhi	58	Qote bulaa	Jaamiyaa
14	A/Sabirii Quuda	Dhi	75	Qote bulaa	Gooroo
15	Amiina Taaddasaa	Dha	47	BA B/siisaa	
16	Dachaasa Balayii	Dhi	43	MA B/siisa	
17	Darajee Mangashaa	Dhi	57	(BA)digirii B/siisaa	
18	Gabayyoo Gurmuu	Dhi	43	BA B/siisa	
19	Imaam A/Qannoo	Dhi	62	Qotee b ula	Dansoo
20	Mangashaa Awaajii	Dhi	55	BA B/Siisaa	
21	Xaha Sh/Ahimed	dhi	43	A/Gadaa dura	Dambi
22	Nashaa A/Garoo	Dhi	54	Qote bulaa	Jaamiyaa
23	Obbo Awal A/Macaa	Dhi	57	=	Sooboo
24	Obbo Zeeyinuu Adaroo	Dhi	65	=	Sooboo
25	wandimuu Baabuu	Dhi	45	(BA)digirii	

Dabballee “E”

“A

Af walaloo geerarsa Lagaa Dhidheessaa xiinxalaman Kallacha

kanneen jalaa qaban

A. Yaa Waaqa gurraacha Irreecha Dhidheessa Iyyoolee yaa rooba! nuu
nuu offolichi

Dhidheessi qoricha Xiiqiin ilmi Nama

Xirinyaha namicha Wal-miidhu abijacha

Hoddaan Lafa xiicha Dubbii kanaaf jecha

Hongeen nutti cicha Waaqa keenyatt cichaa

B, Yaa Biyya Dhidheessa Hoddaa maashii fi hollaa

Qulqullofnne ammaa Eegri geenyaa dhiqinna

Ilmaan keenya dhimmaa Wal-hunaannaan dhaalan

Jiisaan maaddii damma. Caaccuu kallacha korma

C, Yaa ayyaana abba Koo Nuun –maree dhawwaanii

Gurraacha garaa Koo Qoollifate ayyaaniin

Yaa dabaqqaa Dhidheessa Qoraasuma roohoo

Onneen keenya honneessa Qooraasomne kunoo

Yaa Waaqa gurrachaa Irreecha Dhidheessaa

Nu-roobi didichaa Sabiyyii jaarsoolii dullachaa
Hayaawwan Dhidheessa unachaa Dhidheessi geerra'ee
Dhaka muu-mul'acha Yaa waaqa gurrachaa
Irreecha Dhidheessa Qooraafamne maloo!
Nu-baraarii kallacha.Hadara Waaqa irreechaa

Dabballee “B”

Af walaloo geerarsa Lagaa Dhidheessa Xiinxalaman

Af walaloo geerarsa Laga dhidheessa bifaa geerarsan faarsaman

Fkn=2	kani jalaa qabu
Dhidheessi maggoo biyya Aduwii irraa eeguu	Ishoohee!
	Warri beeku beegge
Nu-kennee waaqni kiyya Kan-ulee nuu-eeguu	Ishoohee! ishoohee
Sabbata abba biyya Dhidheessa kuulanii	
Addeessa isa iyya Hoomacha yoo ilaalanii	
Alaala yoo iyyu Naatoodhaa yaahaani	
Biyyii Dhidheessuma Jamiin jaalatanii	
Dhidheessisi biyyuma Warrii qalbiin jireessa	
Sanyu Dhidheessanii Hooddoon Dhidheessa	
Qaanquree halkanii Warra faqiira qalbii	
Xirinyaachoo waa nama Miliqisoota halkani	

Aggoo boroo nama

Dhidheessa osoo qutteessan Jarrii yoom ilaanii

warrii yabbaatti sa'a gurgurani Masaanuu dhidheessaani

Af -walaloo geerarsa Laga Dhidheessa jajuu

Fkn - -3

A.Yaa Sololiiyaa Dhidheessaa Waciitiin naa-hirphaa

Qorrisiisaa warabboo Qellejjee citaa keessaa
Gugubbii foon luqqee keessaa Anaannaasa jismi koo
Dhabamsiisaa kinoo Waaqni nuu-kenne kunoo

B, Anbaltaan qurxumii macheessaa Maaliif boroo namaa teessaa?
Bona aduu saafaa Foon maaddii irraa afaa dhadhaa-malee laafaa
Phiyootti diraa gola geessaa Dhadhaa-Dhidheessaa keessaa
Shunkurtaan lukkuu mi' eessaa Qurxummiin ofi mi'eessaa
Dhidheessaa dhannaan maal dhabda keessaa? Cuucummaa teessaa
Gannaa fi bona coraatuma teessaa Eegee gaangee teessaa

Ganna muka fidaa Qoora birraa keessaa
Bu' aan Rabbi heddee! maaliif hojii diddee?
Dhidheessii haadha hiyyeessaa! Elmadhu hiyyeessaa
Haadhaan malee hin bobaa'uu! Dibaana-daara keessaa
Xinqissaa baalaan hin beekne Qirqixaa hiyyeessaa
Dubbii haalaan hin beekuu Buruqsaa xeellessaa

C Mootii Laga Dhidheessaa Maqaa kee D#hidheessaa
Itti barraan dibaana lukkuu keessaa Yoo hojete yaa hiyyeessaa
Kunuunsaa Laga Dambii keessaa Hin murina muka daari qeensaa
Jallisuuf humni koo hiyyeessaa Buleen ilaala qilleensaa

D. Gadaa gugumee Dhidheessaa Yaa ayyaana bishaanii
Gubaaleessa citaa keessaa Burraaqxi beelladonnii
Kaadime arfaasaa lama keessaa Nu-eegii Dhidheessaa

A/Milikii A/Gissaa Sagoo , Af-gaaffii (12/9/14). Ganda siddaa

4.3.4 Af af walaloo Geerarsaa Laga Dhidheessa Bifa Geerarsaan Faarsamu

Fkn=4

A Ennaa Waaqni roobuu Dhaga jalaa ddaata

Dhidheessii asaasuu Jirma irratti baata

Dhidheessii bareedaa Ganna ilmi gaafataa

Kanaaf qoollifataa Bishaan cooree seetaa

. B, Qurxumii borafataa Bona qoommitaa

Bareeduma birraa Guutuu ganna keessaa

Jireenya kabiiraa Dhidheessuma keessaa

Rabumatu sii gorsaa?Yaa bishaan Dhidheessaa!

Irreessaa jjiireessaa! Jireenyaa mi'eessaa!

Jiraachiisaa uumamaa Dungoo: jismii namaa

Kan uumee rabumaa Yaa'uun bishaan hundaa

Bareeduma fidaa Xuxeen eegu didaa

Yaa qallaba ijaa Dhidheessii ajaayibaa

Kalqiin kanaaf sirbaa Jireenya dirribaa

C,Safuu yaa Dhidheessaa! Akka bishaani cooree

Ganna qofa hin hoorree Dhagaa sii keessaallee

Garagalchaa hin teenyee Bonaafi ganna kooree

Maqaa kana horee Guumaan dilbii horee

A/Macaa A/Caamsa . (6,/10/2014). Ganda Garaadoo irraa

Dabballeewan Suuraa



Barsiisaa Daraje Mangasha

Barsiisaa Daraje Mangasha



Awwal A/ macca



Wandimu Baabuu



Zinabuu Abduu



Imaam A/qannoo



Yaasin A/ Fiixaa

Waraqaan qorannoo kuni hojii dhuunfaa koo ta'uusaa ibsaa kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanee ta'uusa fi wabiilleen waraqaa qorannoo kanaaf dubbisee itti fayyadamee hunda isaan wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa-----

Mallattoo----- Guyyaa-----

Ani akka Gorsaa waraqaa qorannoon kanaatti waraqaan kun qormaataaf akka dhiyaatu nan mirkaneessa.

Maqaa-----

Mallattoo----- Guyyaa-----